

Og-Aartiwwan

Kitaaba Barattootaa



Kutaa **7**

Qopheessitoota:

Danda'aa Boggaalaa

Kabbabush Lammeessaa

Lammii Beenyaa

Gulaaltota:

Damee Tolinaa

Lubaabaa Jamaal

Taaddasaa Dinquu

Madaaltota

Dhaqqaboo Guyyee

Dirribaa Maammoo

Ismaa'el Hasan

Giraafiksii:

Taaddasaa Dinquu



© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

Kitaabni kun walta'iinsa Biiroo Barnootaa Oromiyaafi Kolleejjii
Barnoota Barsiisotaa Asallaatiin bara 2014/2022 qophaa'e.

Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama
Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaan is ta'e muraasaan
maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Baafata

Qabiyyee

Fuula

1. Boqonnoo 1 HUBANNOO ARTISTAWAA	1
1.1 Gaheefi Faayidaa Caacculee Saxaxaa	2
1.2 Muuziqaafi Shubbisa Aadaa Itiyoophiyaa	15
1.3 Garaagarummaa Og-tiyaatiraafi Og-filmii	24
2. Boqonnoo 2 Dandeettii Kalaqa Og-Aartiiwwanii	32
2.1. Diba Halluu Bishaaniifi Maxxansa	33
2.2 Shaakala Solfeejijoo Guurressa Yaadannoofi Baatii	68
2.3. Shubbisa Aadaa	83
2.4. Yaada Og-Tiyaatiraafi Og-Fiilmiif Barreessuu	85
Boqonnoo 3 Aadaafi Seenaa	100
3. Haala Dhufiinsa aadaafi Seenaa og-aartiiwwanii	100
3.1 Seenaa muuziqaa weellistootaafi shubbistoota Oromoo	101
3.2. Meeshaalee Ulfoo Og-argaan agarsiisuu	111
3.3 Beekumsa Xabboo Og-tiyaatiraafi Og-fiilmiidhaan Agarsiisuu	116
3.4. Tiyaatira Itiyoophiyaa, ogeeyyota fiilmiifi hojii isaanii	121

Boqonnoo 4 Hawwannaa Og-Aartiiwwaanii.....127

4.1 Faayidaa Hojii og-aartiiwwanii Gochaan Agarsisuu	128
4.1.1 Faayaadaa Oromoo.....	128
4.1.2 Muuziqaa Aadaa Kunuunsuufi Cimsuu	132
4.2 Hojiiwwan Xabboo Tiyyatiraa	134

Boqonnoo 5 Hojiirra Oolmaa Og-aartiiwwanii141

5. Hariiroo Og-aartiiwan Dhimoota Bilbiltuu Waliin Qabu	141
5.1. Hojiirra oolmaa ogummaa suphee dhahuufi miidhagsuu,.....	142
5.2 Hariiroo Og-aartiiwwan Barnoota Biroo Waliin Qabu.....	145

BOQONNAA 1

HUBANNOO ARTISTAWAA

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:

- Hiikaa caacculee saxaxaa nihubatta.
- Caacculee saxaxaa adda nibaafatta.
- Gaheefi Faayidaa caacculeen saxaxaa qaban adda nibaafatta.
- Walitti dhufeenya muuziqaafi shubbisaa adda baastee nixiinxalta.
- Hiikaafi Faayidaa solfeejiyoon qabu nihubatta.
- Seenaa weellistoota naannoo keenyaa nibarta.
- Garaagarummaa og-tiyaatiraafi og-fiilmii nihubatta.

Seensa

Uumamuu saxaxaa tokkoof gurmaa'inni yookiin qindoominni caacculee saxaxaa murteessaadha. Saxaxni tokko sirriitti haala guutuu ta'een ijaarameera yookiin hojjetameera kan jechisiisan yoo caacculeen saxaxaa akka barbaadamutti gurmaa'anidha. Kanaafuu, boqonnaa kana keessatti yaad-rimee ogummaa saxaxaafi qabxiilee ijoo caacculee saxaxaan walqabatan bal'inaan qabatee siif dhiyaateera.

Kutaa ja'a keessatti hiikaafi faayidaa furtuu meejarii, maayinarii, piichiifi mallattoo furtuu gahee isaan muuziqaa keessatti qaban barattee jirta. Kutaa kana keessatti immoo faayidaafi gahee muuziqaa, shubbisa aadaa, soolfeejiyoo,

muuziqaa biyya keenyaa, seenaa weellistootaa, shubbistootaafi kan kana fakkaatan nibaratta.

Kutaalee darban keessatti maalummaa og-tiyaatiraa, caacculee bartaphee tiyaatiraa, akkaataa uffataafi meeshaalee fayyadamuun tiyaatira agarsiisan, akkasumas, hariiroo og-aartiiwwaan akaakuu barnoota biroo waliin qabu barattee jirta. Dabalataanis, maalummaa tapheefi qophii, haala itti bartaphee barreessan, waa'ee og-fiilmii, akkaataa yaada mataa keenyaa og-tiyaatiraafi og-fiilmii fayyadamuun ibsannu, haala ittiin og-tiyaatiraafi og-fiilmii fayyadamuun beekumsa xabboo raajeffannu hubatee jirta. Kutaa kana keessatti garaagarummaa og-tiyaatiraafi og-fiilmii, haala itti yaada og-tiyaatiraafi og-fiilmiif barreessan, akkaataa itti og-tiyaatiraafi og-fiilmii fayyadamuun beekumsa xabboo hawaasaa itti calaqqisiisaan kan barattu ta'a.

1.1 Gaheefi Faayidaa Caacculee Saxaxaa

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Hiika saxaxaa nihimta.
- Caacculee saxaxaa adda baastee nitarreessita.
- Faayidaa caacculeen saxaxaa qaban ni ibsita.

Marii 1

Fakkii hojii ijaarsa manaaf yookiin wantoota biroo hojjechuuf kaafaman argitanii beektuu? Garee gareen waliin mari'adhaatii bu'aa marii keessanii dareef dhiyeessaa.

1.1.1. Hiika Saxaxaa

Ogummaan saxaxaa haala guddina ilma namaafi teekinoloojii waliin guddachaa kan dhufedha. Bara durii irraa jalqabee ilmi namaa saxaxa adda addaa fayyadamuun aadaafi seenaa isaa ittiin calaqqisiisaa kan tureefi ammas itti fayyadamaa kan jiranidha.

Namni tokko osoo saxaxa hin hojjetiin dura, waan saxaxni fakkaatuufi akkaataa hojii isaa beekuun barbaachisaadha. Hojii saxaxaa bareedaa hojjechuuf akkaataa ergaafi amalli hojiin sun qabu sirriitti beekuun baay'ee barbaachisaadha.

Saxaxa jechuun karoora yookiin qajeelfama ijaarsa mi'a/hojmaataati. Akkasumas, raawwii dalagaafi adeemsa bu'aa karooraa yookiin adeemsa qajeelfama oomisha foormiiti. Ijaarsi mi'aa kallattiin karoora ifa ta'e osoo hin qabaatin hojjetamu hojiiwwan akka ogummaa harkaafi kan kana fakkaatan dalagaa saxaxaa jalatti hammatamuu nidanda'u.

Saxaxni hojii og-argaa keessaa isa tokko ta'ee, ogeessi og-argaa tokko tooftaa garaagaraatti gargaaramuun foormii qaama wantoota adda addaa qindeessuun guutummaa guutuutti karaa ittiin ergaa dabarfatudha. Akkasumaas, saxaxni, wantoota uumamaas ta'e nam-tolchee walitti qindeessuun foormii yookiin saxaxa barbaadame dabaluun yookiin hir'isuun karaa ergaan ittiin darbudha. Kunis, akkaataa ijatti miidhaguufi ergaa guutuu dabarsuu danda'utti adeemsa kalaqanii dhiyeessuu jechuudha. Hojii saxaxaa bareedaa ta'e tokko hojjechuuf akkaataa ergaafi amala hojiin sun qabu sirriitti beekuun baay'ee barbaachisaadha.

1.1.2. Caacculee Saxaxaa

Marii 2

Akaakuuwwan caacculee saxaxaa akkaataa garee keessaniin irratti mari'achuun maal maal akka ta'an dareef gabaasaa.

Hojiin saxaxaa tokko gurmaa'ina qabiyyeewwan ittiin ibsamu niqaba. Gurmaa'inni qabiyyeewwan akka galteetti tajaajilu kun immoo caacculee saxaxaati. Caacculee saxaxaa jechuun walitti dhufanii yookiin ijaaramanii kanneen hojiin saxaxaa tokko akka uumamu taasisan jechuudha. Uumama hojii saxaxa tokkoof ka'umsa jechuudha.

Caacculeen saxaxaa torbatu jiru. Isaanis:

- | | |
|------------|-----------------|
| 1. Sarara | 5. Bakka |
| 2. Boca | 6. Sookkisaafi |
| 3. Foormii | 7. Vaaliyuudha. |
| 4. Halluu | |

Caacculeen saxaxaafi og-argaa maqaatiin tokko ta'anis, hanga ta'e hiika irratti garaagarummaa niqabaatu. Sababni isaas caacculeen kun saxaxa keessatti akkaataa qabiyyee saxaxaan ibsamu waan ta'efi.

Saxaxa hojjechuuf sararoota haala adda addaattin itti fayyadamna


Sararoonni amala adda addaa niqabu. Isaanis:

- Dheerachuufi Gabaabbachuu yookiin giddu galeessa ta'uu
- Furdachuufi Qal'achuu
- Lallaafuufi Jajjabaachuu /Quqquuquu
- Walitti fufuu
- Kallattii jijjiiruu.

Itti Fayyadama Sararaa

Faayidaan sararri qabu keessaa murteessoon qubeefi lakkoofsota qubeessuu/ barreessuu kaasuu gaariidha. Qubeenis ta'e lakkoofsi walitti dhufeenya sarara adda addaatiin kan uumamu akka ta'e barnoota sadarkaa gadii keessatti baratee jirta. Kanaafuu, qubee yookiin lakkoofsa barreessuuf shaakala isa jalqabaa


harka kee hiikkachuuf sararoota adda addaa irratti shaakaluun barbaachisaadha. Haaluma kanaan qubee bocuuf dursa sararoota bu’uuraa qubeen irraa bocamu beekuu barbaachisa.



Gaheen sararri hojii saxaxaa keessatti qabu kana qofaa miti. Sararoonni haalan yoo walitti qindaa’an, saxata bardeefii hiika qabeessa nuufaa laata. Inni kunsii seeraafii adeemsa mataa ofiiti qaba


- ✓ Qindeessuu / Gurmeessuu
- ✓ Sookkisa uumuu
- ✓ Ija dhuunfata /gaggeessa
- ✓ Sochii uuma

Saxaxa hojjachuu keessatti akaakuuwwan saraaraa hedduu jira. Akaakuun sararaa kun haala itti fayyadama isaatiin akka asiin gadiitti qodamanii jiru. Isaanis



A. Sarara kontuurii: Sarara walitti fufaa gargaaramuun wixinee handaaraafi qaama bocaa yookiin qoqqoodama wantoota kan agarsiisu ta’ee, eenyummaa namaa kan adda baasu osoo hin taanee umurii, sochiifi kutaa hawaasaa kan argiisuuudha.

Fakkii 1:1 Fakkii sarara kontuurii agarsiisu



B. Sarara Abuurrii: sarara saffisaan dalagamu ta'ee, jalqaba hojichaa yoo ta'u sochiifi bakka irratti hojjatamuuf jiru kan agarsiisudha.

Fakkii 1:2. Fakkii sarara abuurrii agarsiisu

C. Sarara impilaayidii: Sararri kun yeroo baay'ee sarara uummama irratti argamu ta'ee waan fageenyaatti mul'atuu agarsiisuuf kan nu gargaaruudha.



Fakkii 1:3. Fakkii sarara impilaayidii agarsiisu




D. Sarara toorii: Sararri kun yeroo baay'ee kan nugargaaru fakkii duubduubee isaa irraa kan ittiin adda baasnu ta'ee, qarqara (handaara) qaama fakkii marsuun dangaa isaa kan agarsiisudha.

Fakkii 1:4. Fakkii sarara toorii agarsiisu.


E. Sarara kaaligiraafii: sarara foormii boca qubeewwanii qabatee gara barreeffamuu barbaadeetti kan sararamu ta'ee akkaataa qulqullina daddabinsa barreeffamichaa irratti hundaa'uun kan uumamudha. Kunis kan ta'u yeroo kobbeefi dibduudhaan hojjetamudha.

Sararri haala hojii og argaa keessatti hiikaafi ergaa adda addaa akka qabaatu gochuun sararama. Sararri qajeelaan, perpendikulaarii sarara dalgee ta'ee, olii gara gadiitti, gadii gara oliitti kan sararamudha. Madaala isaanii eeggatanii waan dhaabbataniifi dheeraa fakkaatanii akka mul'atan taasisa. Fakkii asiin gadii yoo hubatanii ilaaltan sarara dhaabbataatu waltti qinda'ee fakkii hiika qabu uumme.



Fakkii 1:5. Sarara Dhaabbataa irraa hojjatame

Daree amman duraa keessatti sarara haala adda addaatiin barattan ni yaaddata. Ammammo akkamitti sararatti fayyadamuun akkamitti saxaxni adda addaa uummamu ilaali.



Akkasumas fakkiin asii gaditti ilaallamu kun saraara shaffaxaa furdisuuf qallisuun akka hiikaa argitan kan aakka qabaatu goochuun sararatti fayyadamuun kan hojjetame.

Fakkii.1: 6 Fakkii sarara shaffaxaa agarsiisu

Sararoonni hojii wixinee yookiin diba halluuf bakka ka'umsaa kan ta'e, qarqara hojii agarsiisu. Akkasumas, miira yookiin haala agarsiisuuf, sararoonni tasgabbii, dadammaqina, dheekkamsa agarsiisuun mul'atu. Ija nama daawwatu akka hojii og-argaa sana waliin deemu /oliif gadi ilaalu/ taasisa.

Ifummaafi Dimimmisummaa uumuuf, sararri yoo walitti siqe nigurraacha'a /dimimmisa. Faallaa kanaa immoo yoo wal irraa adda fagaate nihaphata. Ni haphata jechuun ifummaa agarsiisa jechuudha. Sararri furdaan waraqaa irratti sararamu ijatti humna qabeessa, akkasumas aangoofi kabaja agarsiisa. Kanaaf, sarara furdaa gargaaramuun miira aango qabeessummaafi bahanii mul'achuu guddisa. Garuu sarara baay'ee furdaa ta'e immoo fayyadamuu miti. Sababni isaa baay'ee humna godhachuufi bahee mul'achuu isaa irraan kan ka'e, caacculeen biroo akka hin mul'anne taasisuun hojichi madaala isaa akka dhabu taasisa. Sararri qal'aan garuu daaw'ataatti miira qananii uumu. Kanaafuu, hojii hojjetamu keessatti sarara furdaafi qal'aa waliin fayyadamuun, hojii sana hawwataa taasisa.

Gocha 1

Fakkeeniyota haala itti fayadama sararaa agarsiisuu ilaaluun fakkiwwan biroo kan fedhii keetii hojjechuun golaaf dhiyeesi

B. Boca


Gocha 2

Boca jechuun maal jechuudha?

Bocni caacculee saxaxaa keessa isa tokko yoo ta’u, qindoomina sararaatiin kan uummamu ta’ee hojjaafi dheerina qofa kan qabuufi sararaan kan ibsamudha. Akaakuuwwan bocaa lamatu jiru. Isaanis:

➤ Boca bu’uuraafi

➤ Boca al-bu’uuraadha.



a. Bocni bu’uuraa: boca baay’ee sirrii ta’aniifi barnoota Herreega keessattillee danaalee garaagaraa agarsiisuuf kan gargaaraniifi salphaattis kan safaramaniidha. Hedduminaan wantoota nam-tolchee ta’aniidha. Sababni isaas dalaguufi wantoota ittiin

hojjechuuf mijataadha. Kanaaf Sarartuufi koompaasii gargaaramuun hojjechuun kan danda’amuudha.

b. Bocni al-bu’uuraa: boca hedduminaan wantoota uumamaan jiran irratti argamaniifi kofa salphaatti safaramuu danda’u kanneen hin qabnedha. Fakkeenyaaf; boca hurrii, mukaa, baalaafi kan kana fakkaatan. Wantoonni hunduu boca irraa akkuma ijaaraman, caacculeen saxaxaa, saxaxa



keessatti karaa adda addaan uumamuu nidanda’u. Kan halluu qabu yookiin hin qabne, fak-ibsa yookiin suuraa ta’uu nidanda’a.

C. Foormii


Gocha 3

Foormii jechuun maal jechuudha?

Foormiin caacculee saxaxaa keessaa isa tokko ta'ee, qabatamaan wantoota dayimeeshinii sadii qabu yoo ta'u; saxaxaa hojjechuu keessatti sararaaf vaaliyuu halluutiin kan uummamuudha. Foormii bakka gurguddoo lamatti qoodnee ilaalu dandeenya. Isaaniis:

- Foormii bu'uuraafi
- Foormii al-buu'uuraati.

Foormiin bu'uuraa yeroo baay'ee salphumatti kofoota safartuun safaramuu danda'uu kanneen qaban yoo ta'u, fallaa isaatiin foormiin al-bu'uura ammo baayyinaan kan argamu wantoota uummamaa yoo ta'u vartekisiin kan itti hin baayyanneefi kofoota safartuu kallattiin safaruuf nama rakkisu kannen qabaniidha.



Fakkii 1:7. Fakkii foormii bu'uuraafi al-bu'uura wal-biraatti agarsiisu.


Gocha 4

Fakkii asiin olii ilaaluun foormii bu’uuraafi al-bu’uuraa erga adda baafatee ajaja barsiisa hordofuun lamaan isaanituu hojjedhuu agarsiisi.


D. Vaaliyuu / Toonii

Vaaliyuu halluu jechuun sadarkaa ifummaafi dukkanaa’ummaa bifti tokko ofii isaa irratti qabaatuu yookaan agarsiisudha. Vaaliyuun yeroo tokko tokko “Tooniitti” hiikama. Vaaliyuun hojii saxaxaa keessatti wanti ijaan arginu diriiraa ta’ee akka nutti hin mulanne kan nuuf taasisudha. Kanaaf hojiin saxaxaa akka ergaa guutuu dabarsuu taasisuu keessatti faayidaa guddaa ta’e qaba jechuudha.

Jijjiiramni ifummaafi dimimmisummaa vaaliyuu keessaa, gadi fageenya yookan fuuluma tokko irratti dhiyeenyaafi fageenya wantootaas akka adda ba’uu nuuf taasisa. Vaaliyuun miira yookiin haala wantoonni keessa jiranis ni ibsa.



Fakkii 1:8(a) Fakkii toonii vaaliyuu agarsiisu



Fakkii 1:8(b) Fakkii toonii vaaliyuu agarsiisu

Gocha 5

Halluu naannootti argachuu dandeessuu kamu fayyadamuun, garaagarummaa vaaliyuu halluu tokko keessa jiruu toonii adda addaatti qooduun hojjadhuu agarsiisi.

E. Halluu

Waa'ee uumama halluu beekuudhaaf, yaad-hiddama halluu hanga ta'e beekuun barbaachisaadha. Halluun maqaa waliigalaa / dimshaashaa kan halluu hundumaa bakka bu'uu danda'udha. Halluu arguuf wantoonni sadii barbaachisoodha. Isaaniis: ifa, dirraafi iji jiraachuu qaba. Gara maddeen halluutti yoo deebinu bakka lamatti qoodama. Isaniis:

- Halluu ifaa(ummamaa)fi
- Halluu nam tolchee jennaani.

Halluun hojii saxaxaa tokko keessatti miidhagina hojiiichaa dabaluun hawwataa tasiisuu dababalatee wanti hojjetamu sun madaala akka eeggatu, akka walsimu, qindoomina qabaachuun ergaa guutuu dabarsuu danda'uu keessatti ga'een halluu ol'aanaadha. Halluu malee hojiiwwaan saxaxaa kamiyyuu hojjechuun hin danda'amu. Kanaaf, hojii saxaxaa keessatti kanneen barbaachisoo ta'an keessaa ijoo kan ta'e halluudha.

F. Sookkisa

Sookkisa jechuun qulqullina dirra qaama wantootaa ta'ee, kan quqquuqaa, lallaafaa, ifa balaqqeessisu, cululuqaa ta'edha. Sookkisnii hojii ogummaa saxaxaa



keessatti garaagarumma wantoota akka sirnnan adda baafachuu dandeenyuu, hawwannaa fi miira ilaalchaa og argaa sirrii ta'ee keessa namaati kan horuufi uumudha. Kanaaf hojii ogummaa saxaxaa keessatti miidhagina saxaxa sanaa dabaluun garaa-garumaamma wantoota' eguun guutu taasisa jechuudha. Sookisiin uummanisi, nantulcheenis uummamuu ni danda'a.

Fakkii 1:9. Fakkii sookkisa ummamaa agarsiisu

G. Bakka

Marii 3

1. Bakka jechuun maal jechuudha?

Bakki caacculee saxaxaa keessaa isa tokko ta'e iddoowwan akka, bakka duwwaa yookiin banaa qaama wantootaa keessa, ala /naannawa/, gubbaan /oliin/ fi gadiitti argamaniifi iddoo qaama wantichaatin qabame kan agarsiisudha. Kana jechuun

hojii saxaaxa tokko keessatti bakki barbaachiisadha. Osoo bakki hin jiruu ta'ee saxaxni bakka qubatu yookn irratti hojjetamu, irratti mul'atuu hin qabu. Hojii saxaxa tokko keessatti bakka qoqqodnee ilaalu ni dandaenya.

Akaakuuwwan bakkaa waan tokko mul'isan shantu jiru. Isaanis:

- Bakka Poozatiivii
- Bakka Nagaatiivii
- Bakka Gabatee Fakkii
- Bakka wantoota qindoomaniifi
- Bakka qabxii xiyyeeffannaadha.


1. Bakka poozatiivii: bakka waantuma hojjetamu sana ibsu yookiin qaama daawwataatti dhiyaatee jiruufi qabxii fuulleffannaa keenya jechuudha.

2. Bakka nagaatiivii: bakka duwwaa yookiin banaa naannawaa, gidduu, keessa wanta hojjetamuutti hafudha.

3. Bakka Gabatee Fakkii: Bakka duwwaa wantoonni garaagaraa irratti hojjetamudha. Bakka wixineen barbaadame irratti hojjetamu jechuudha. Fakkeenyaaf, Wanta amala diriiraa qabu kan akka waraqaa, gabatee gurraacha, saanqaa (muka diriiraa) fi kaanvaasiiwwan adda addaa ilaaluun nidanda'ama.

4. Bakka wantoota qindoomanii: Bakka qindoominni wantoota adda addaa irratti mul'atudha. Akkasumas, bakka qindoomina (gurmaa'ina) fi haala teessuma caacculee og-argaa gidduutti mul'atudha.

5. Bakka qabxii xiyyeeffannaa: Hojii hojjetamu keessatti ogeessi tokko yookiin daawwataan tokko yeroo hojii og-argaa hojjetu bakka qabxii xiyyeeffannaa qabaachuu qaba. Bakki xiyyeeffannaa argate kun immoo bakka qabxii xiyyeeffannaa argarsiisu jechuudha.



Fakkii 1:10. Fakkii bakka agarsiisu.

Walummaa galatti hojiin saxaxaa hojjetamuuf, ergaa barbaaddamee akka dabarsuuf, tajaajila barbaaddamee akka mijatutti hojjetanii dhiyeessua amaloota cacculeen saxaxaa mataa mataa ofiitin qabu beekuun murteessaadha. Isa kan hin beeknuu tanaan walitti qindeessun hojii guutuu ta'ee hojjechuu rakkisaadha.

1.2 Muuziqaaifi Shubbisa Aadaa Itiyoophiyaa

Gaaffii Hubannoo

Sochiin godhamu kamuu shubbisa jechuun nidanda'amaa?

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanatti:

- Maalummaa muuziqaa aadaafi shubbisaa ni ibsita.
- Gosoota shubbisaa adda baastee nihimta.
- Walitti dhufeenya muuziqaaifi shubbisaa adda baastee ni ibsita.
- Shubbisa aadaa naannoo keetii gochaan ni agarsiista.

Gocha 6

- a. Muuziqaan aadaa maali?
- b. Muuziqaaifi shubbisa aadaa kan wal fakkeessu maali?
- c. Shubbisa aadaa kan beektu tarreessuun, isaan keessaa tokko gochaan agarsiisi.

Akkuma sabaafi sablammoonni hedduu ta'an Itiyoophiyaa keessa jiraatan aadaan isaan qabanis hedduudha. Keessumaa aadaan muuziqaaifi shubbisa sabootaa iddoodhaa iddootti garaagarummaa hedduu kan qabuufi lakkoofsaanis baay'eedha.

Sabaafi sablammoota biyya keenya keessa jiraatan keessaa muuziqaaifi shubbisa Oromoo fudhannee yoo ilaalle sabni Oromoo saba baay'ee bal'aafi aadaa sirbaafi shubbisaa mataa isaa kan qabuudha.

Oromoon kutaawwan Oromiyaa garagaraa keessa jiraatu akkaataa itti sirbuufi shubbisu kan ofii isaa ta'e qaba. Sirbiifi Shubbisni gaggeeffamus sababaafi yeroo itti raawwatamu kan ofii isaa qabu ta'ee, yeroo ayyaanaa, cidhaa, hojii,

boo'ichaafi kan kana fakkaatanitti adeemsifama. Kana malees, namoonni keessatti qooda fudhatanis koorniyaafi umurii garagaraa keessatti kan argaman ta'anii; dhiirotaafi shamarran, dubartoota, maanguddootaafi ijoolleen nihirmaatu. Godinaaleen Oromiyaa marti isaanii haala jiruufi jireenya isaanii kan mul'isu sirbaafi shubbisa ofii isaanii qabu. Isaan keessaa kan godinoota muraasaa haa ilaallu.

Shubbisa Aadaa Wallaggaa

Wallaggi shubbisa aadaa garagaraa qaba. Isaan keessaa muraasni:

Geelloo

Geelloon nama dhuunfaanis ta'ee gareedhaan shubbifamuu nidanda'a. Miiirri inni agarsiisu garuu kan hoo'aa ta'e miti. Kunis kan raawwatu yeroo dargaggoonnis ta'e shamarran sirboota marartee sirban, sana dhugoomsuuf jecha geelloon geellifama. Haalli raawwii isaas, morma, harkaafi miila walsimsiisuun dhaabbatanii yookaan socho'aa shubbifama.

Kumkummee

Kumkummeen shubbisa baay'ee si'ataafi ho'aa ta'eedha. Kun immoo miira gammachuu nama keessatti uuma. Haalli raawwii isaa immoo, jilba dachaasuuniifi morma sochoosuun akka walsimachiisuun danda'amutti mudhii walqabatanii shamarraniifi dargaggoonni walkeessa makamanii geengoo uumanii naanna'anii shubbisu.



Fakkii 1:11. Fakkii Shubbisa aadaa Wallaggaa agarsiisu

Shubbisa Aadaa Booranaa

Hoohayyoo

Shubbisni Godina Booranaa keessatti beekaman ‘hoohayyoo jedhama. Akkaataan shubbisa isaa gareedhaan shamarraniifi dargaggootaan toora galanii walitti galagaluun, dargaggoonni koomee miilaafi morma isaanii walsimsiisuun bitaafi mirgatti sochoosu. Shamarran immoo harka isaanii gara duubaattiifi samiitti olqabuudhaan, harka, miilaafi morma isaanii walsimsiisuun shubbisu.



Fakkii 1:12. Fakkii shubbisa aadaa Booranaa agarsiisu

Shubbisa Aadaa Jimmaa

Oltumee fi Gad-tumee

Shubbisni naannaawa Jimmaatti beekkamu ‘oltumee fi gad-tumee jedhama. kunis akkuma aadaa Oromoo warreen biroo gareen taphatama. Xiyyeeffannoon isaa harka diriirsuu, dachaasuu, gadi buusuu, olbaasuu, harkaafi morma waliif faallessuufi miila dachaasuuf diriirsuu irrattiidha. Tapha shamarraniifi dargaggootaan taphatamuudha. Moggaasni maqaa oltumee fi gad-tumee raawwii isaa irraa madde.



Fakkii 1:13. Fakkii shubbisa aadaa Jimmaa agarsiisu

Shubbisa Aadaa Shawaa

Dhiichisa

Dhiichisni raawwii Oromoon shawaa gootummaa isaa ittiin calaqqisiifachuuf sirboota gootummaaf onnee kakaasan irratti shubbifamuudha. Innis dargaggoota umuriin foollee keessa jiraniin raawwatama. Dhiichisni shamarran hin hirmaachisu. Akkaataan raawwii isaas, dargaggoonni ulee shimalaafi gaachana qabachuun asii ol utaala; ulee walirratti reebuun ofirra qabuuniifi walitti naanna'uun shubbifama.



Fakkii 1:14. Fakkii shubbisa aadaa Shawaa agarsiisu

Raphisa

Shubbisa miira jaalala keessoo isaanii jiru gama shubbisaatiin kan ittiin ibsatanidha. Haalli raawwii shubbisa Oromoo shawaa biratti calaqqisiifamus; shamarraniifi dargaggoonni tooraan hiriirani; gareen shamarranii miila, qomaafi morma isaanii walsimsiisuun harka isaanii mudhii irra kaawwatani yeroo shubbisan, gareen dargaggootaa immoo miila harkaafi morma walsimsiisuun shubbisu.



Fakkii 1:15. Fakkii shubbisa aadaa Shawaa raphisa agarsiisu

Ragada

Ragada kanneen shubbisuu danda'an shamarraniifi dargaggootadha. Ragadni miira jaalalaa ho'aa ta'een dabaree wal harkaa fuudhanii sagaleessuun mormaan asii gadi tumaa miilaan lafa dhiitaa ragadu. Ragada keessatti jechoonni isaan yeedaloo itti godhanii ittiin ragadan, miira seenaa isaanii tuqu; walirraa turuu, walyaaddu, hamtuun jaalala isaanii gidduutti dhalachuu, wal argaan isaanii cimuu dabareen wal harkaa fuudhuun ittiin ragadu. Haala raawwii isaanii keessatti yeroo sagaleen jedhamu ragadni sochii suutaan, yeroo walaloon bo'oon lama xumuramu haalaan ragadama. Mormiifi miilli nama ragaduu walfaana asii gadi gara lafaatti hurruubama.



Fakkii 1:16. Fakkii shubbisa aadaa Shawaa ragada agarsiisu

Shubbisa Aadaa Tuulama Sooddoo

Eebolaalaa

Shubbisni Oromoo tuulama sooddoo jiraatan eebolaalaa jedhama. maqaan kun sirboota isaan yeroo baay'ee irra deddeebiidhaan itti fayyadaman irraa fudhatame. Akkaataan raawwii isaas qaama guutuu irratti xiyyeeffata. Miila dabareedhaan harka waliin walsimsiisuun olkaasanii gadi deebisu. Hurruubbiin kunis yeroo cidhaafi ayyaanota garagaraa gareedhaan shamarraniifi dargaggootaan raawwatama.



Fakkii 1:17. Fakkii shubbisa aadaa Tuulama Sooddoo agarsiisu

Shubbisa Aadaa Arsii

Tirrii

Shubbisni naannoo Arsiitti beekamaa ta'e tirriidha. Akkaataan raawwii isaatiis; dargaggootaafi shamarraniin kan raawwatamu ta'ee, gareen dargaggootaa ulee siiqqee fakkaatu ykn eeboo harkatti qabatanii miila dabareedhaan olfuudhuun ulee sanaan walsimsiisuun, akkasumas; ulee sana qabatanii utaaluun shubbisu. Gareen shamarranii immoo meeshaa muuziqaa kabalaafi buunshoo jedhaman mukarraafi gaanfarraa tolfachuun walitti rukutaa sagalee yeedaloo qabu dhageessisaa, rifeensa isaanii facaasuun morma isaanii walitti fufinsaan naannessu/marsu.



Fakkii 1:18. Fakkii shubbisa aadaa Arsii agarsiisu

Shubbisa Aadaa Baalee

Ishkummee

Naannoo Baaleetti shubbisni aadaa isaanii ittiin calaqqisiifatan Ishkummee jedhama. Haalli raawwii shubbisa ishkummee garee shamarraniifi dargaggootaa gidduutti ta'ee, shamarran mudhii isaanii qabachuun mormaafi qoma isaanii sochoosaa miilaan sagalee dhahata rukkutaa dibbeen ho'isanii taphatu. Gareen dargaggootaa immoo harka isaanii olbaasanii miilaan olutaalanii, mormaaf gateettii wal simachiisuun dhahata diibbee eeggachaa gara shamarraniitti garagalanii shubbisu. Shubbisni ishkummee yeroo cidhaafi sagantaa ayyaanota garagaraa irratti niraawwatama.



Fakkii 1:19. Fakkii shubbisa aadaa Baalee agarsiisu

Shubbisa Aadaa Harargee

Shaggooyyee fi Mirrisa

Shaggooyyeen hurruubbii miira jaalalaa ibsachuuf itti gargaaramanidha. Akkaataan hurruubbii isaas; dargaggootaafi shamarran cimdii ta'aniin dargaggoonni harka qabanii gara bitaafi mirgaattii walfaana akka mudhiifi morma dhommoqsanii shamarran rifeensa facaasan taasisu. Dargaggoonni ofii isaanii miila isaaniitiin dhahata eeggachuun taphatu. Gareen shamarranii immoo gara warreen isaan ajajanitti qalbeeffachuun gurmuun shubbisa shaggooyyee taphatu. Mirrisni immoo shaggooyyee irraa kan ittiin adda ta'u, miirri shubbisamuuf jaalala caalmaa, gootummaafi haamilee cimsachuuf kan hurruubamudha. Kana malees; hirmaattonni mirrisaa shamarran hindabalatu.



Fakkii 1:20. Fakkii shubbisa aadaa Harargee agarsiisu

Shubbisa Aadaa Oromoo Walloo

Hammisa

Hammisni shubbisa aadaa oromoo walloo keessaa isa tokkodha. Shubbisni hammersaa durba qarreefi dargaggootaan kan taphatamu yoo ta'u, shamarraniifi dargaggoonni gamaa gamana dhaabachuun walaloo ergaa jaalalaa ofkeessaa qabu weeddisaa gama lamaaniin erga wal jajaniin booda, dabareedhaan dargaggeessi tokkoofi shamarreen tokko fuulduratti ba'uun waliin shubbisu. Haalli sochii hammersaa kunis dargaggeessi ulee qabatee miila isaa tokko xiqqoo fuulduratti fiduun ulee sanaan rukuttaa miila isaa waliin wal simsiisuun lafaa ol utaalaa yommuu shubbisuu eegalu isheen shamaraa immo hiriyoote ishee keessaa nama

tokko yookiin lama qabattee sochii dargaggeessa sanaan walfakkaatu rukutta walqixaan erga shubbisteen booda dhumarratti mataa ishee gadi qabuun rifeensa itti facaasuun xumuru. Adeemsuma kanaan warri hafanis dabaree dabareen shubbisu.



Fakkii 1:21. Fakkii shubbisa aadaa Hammisa agarsiisu

Sidaammee

Sidaammeen shubbisa aadaa Oromoo walloo isa biraa yoo ta’u, shubbisni kunis akkuma hammisaa durbaafi dargaggeessaan kan taphatamudha. Adeemsi shubbisa sidaammee durbaafi dargaggeessi cimdii ta’uun kan taphatamu yoo ta’u, namni ulullee/foodhumaa/gobeensa afuufanii yeedaleessuun taphachuu danda’u filamuun walaloo jaalalaa durbiifi dargaggeessi shubbisuuf qopha’an sunniin itti himan ulullee isaatiin dabaalaa jalaa yommuu qabu cimdiin sunniin dabareen wal mararfataa shubbisu. Yommuu shubbisan dargaggeessi ulee qabachuun qoonqoo isaa keessaa sagalee kurruufuu jedhamu baasuun yommuu shubbisuu eegalu, isheen durbaa immoo ulee isaa yookiin mudhii isaa qabachuun gateettii ishee walqixa rukutuun waliin shubbisu. Shubbisa kana keessatti dhaabatanii erga shubbisaniin booda suuta suuta gad-taa’uun ofirra quphanuun mudhii ol qofa olkaasuun taphatu. Achuma akkuma ofirra quphananiin walaloo ittiin wal mararfatan/shaadan dargaggeessa ulullee taphatu sanatti himu. Isheen durbaa dargaggeessichaaf arrittii kennuun waliin shubbisu.



Fakkii 1:22. Fakkii shubbisa aadaa Sidaammee agarsiisu

1.3 Garaagarummaa Og-tiyaatiraafi Og-filmii

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

Garaagarummaa Og-tiyaatiraafi Og-filmi ni ibsita.

Gocha 7

1. Garaagarummaan og-tiyaatiraafi og-filmii maali jettee yaadda?
Hiriyoota kee waliin irratti mari'adhaa.
2. Namni tokko qofaa isaa bakka jiru ta'ee filmii barbaade daawwachuu danda'a jettee yaaddaa? yoo danda'a jette haala kamiin akka ta'e hiriyoota kee waliin mari'adhu!
3. Tiyaatirri eessatti agarsiifama?

1.3.1. Og-tiyaatira

Tiyaatirri galma tiyaatiraa, meeshaaleefi wantoota taatotni itti fayyadaman, kanneen akka uffata taatotaa, ibsaa, golgaafi miidhagsituu kanneen kun walitti dhufuun bakka agarsiisaa yookaan waltajjii tiyaatiraa dabalatee tiyaatira jedhama.

Kana keessatti wanti hubatamuu qabu:

- a. Wanti ilaallu jiraachuu
- b. Wanti /gochi raawwatamu jiraachuu
- c. Iddoon gochi sun itti raawwatamu jiraachuu

Tiyaatirri kunis kan inni itti agarsiifamu galma tiyaatiraatti. Galmi tiyaatiraas galma hojii tiyaatiraatiif addatti akkaataa hojii agarsiisa tiyaatiraatiif mijaa'utti kan hojjetamudha. Waltajjiin tiyaatiraa kun hojii tiyaatiraa sana dhugoomsuuf dukkana gonfatee, karaa seensaafi karaa bahinsaa kan qabu akkasumas, bakka hojii taatotaafi bakka taa'umsa daawwatootaa mijataa ta'e kan qabudha. Walii

gala hojiiwwan waltajjii irratti haalotaafi wantoota akkasumas sochiiwwan waltajjii irraa agarsiifamu hundi tiyaatira jedhama. Hojii og-tiyaatiraa keessatti taatonni kallattiidhaan daawwatootaaf waltajjiirratti dhiheessu. Ogeeyyonni garaagaraa kanneen tiyaatira sana miidhaksuuf hojjetan: ogeessa uffataa, ogeessa ibsaa, ogeessa sagalee, ogeessa siinariifi kanneen kana fakkaataniidha. Waan tiyaatira sanaaf ta'u hunda tiyaatira sana dhugoomsuuf waltajjiirratti dhiheessu. Siinariin yoomessa tiyaatirichaa uumuuf akkaataa seenaa sanaatiin ijaaramee dhihaata. Ibsaas ta'e sagaleenis akkasuma.



Fakkii 1:23. Fakkii Waltajjii tiyaatiraa agarsiisu

Taatonni waliin dubbii isaaniif kenname irra deddeebiin dubbisuun sammuutti erga qabatanii booda, karaa bahumsaafi galumsaa, akkasumas, mil'uu itti seenaaniifi bahan waltajjiirratti qayyabachuun kallattiidhaan fuullee dawwatootaatti dhiheessu. Tiyaatirri tokko bareedee hawwataa ta'ee daawwatootaaf waltajjiirratti dhihaachuuf irra deddeebiin shaakalama.

Yeroo shaakalaa kanatti taatonni waltajjii irratti bakka meeshaaleen addaa addaa dhimma tiyaatiraaf oolu taa'an baruun yoomessa gochaa Sanaa hubachaa shaakaluun irra jiraata. Kana malee karaa seenasaafi ba'umsaa beekuun

shaakaluu qabu. Tiyaatirri tokko adeemsa asii olii kana keessa darbuun bareedee waltajjiirratti daawwatootaf dhihaata.

1.3.2. Og-Fiilmii

Fiilmiin akkuma tiyaatiraa kan daawwatamu yoo ta’u, daawwatoota bira kan gahu karaa iskiriiniitiini. Iskiriiniin wanta kaameraan waraabe mul’isa. Kaameraan meeshaa suura fi sagalee mul’isuufi waraabuu, kallattiin bakka birootti dabarsuufi kuusuu danda’udha. Qindoominni kunis suur-sagalee yookaan footogiraafii jedhama.

Og-fiilmiin adeemsa waraabbii suuraa meeshaa seeluloosii’ jedhamu irratti ibsaa gargaaramuun raawwatamudha. Fiilmiin meeshaa sab-qunnamtii ta’ee teeknoolojii ijoon qophaa’ina yookaan oomisha isaatiif barbaachisan kaameeraafi meeshaa gulaalaa, meeshaa suuraawwan iskiriinii irratti socho’an agarsiisu of keessatti qabudha. Fiilmiin fireemota nama dhuunfaa kan of keessatti qabate yoo ta’u, ariitiin walitti aananii yommuu agarsiifaman daawwatootatti miira sochiikan uumudha.

Walumaa galatti, Garaagarummaan Og-fiilmiifi Og-tiyaatiraa, Og-fiilmiin kaameraa fayyadamuun bakka hin barbaachisne keessaa kutuun bakka barbaadame fudhachuun gulaaluun kan qophaa’udha. Tiyaatirri immoo waltajjiirratti kallattiin bakka daawwatootni jiranitti dhiyaata. Fiilmii keessatti daawwataan kallattiin argamuun dirqama miti. Daawwataan karaa iskirinii kallattiis ta’ee al-kallattiin ilaalu danda’a. Tiyaatirri waltajjiirratti bu’uureffama. Daawwataanis dirqama kallattiin hordofuu yookaan daawwachuu qaba. Fiilmiin garuu, xiyyeeffannoon isaa kaameeraa yookaan karaa foddaa iskiriinii dhihaata.



Fakkii 1:24. Fakkii Galma Siniimaa agarsiisu

Gabaabumatti, garaagarummaa tiyaatiraafi fiilmii haala gabatee asiin gadiitti kaa'ame kanarraa hubachuun ni danda'ama.

Tiyaatira	Fiilmii
Kabaja guyyaa ayyaana amantaa / Dayoonaayisus irraa madde.	Jalqaba jaarraa 20 ^{ffaa} 'tti jalqabame
Parfoormaansiin kallattiin agarsiisama	Parfoormaansiin ni waraabama
Og-aartiin biyyoota dhihaatti yeroo ammaa sadarkaa guddaa irra gahanii arginu kun hundeen isaa feestivaala giriikootaati.	Hariiroon taatoofi daawwattootaa haala waraabbii roga kaameeraafi itti dhiyeenyaan waraabuu irratti hundaa'a.
Hariiroo jamaa waliin hidhata guddaa qabaachuu	Jamaa waliin kallattiin osoo hin taane karaa televizhinii wal qunnamu.
Parfoormaansiin tiyaatiraa amala mataa isaa qaba	Parfoormaansiin hunduu amala walfakkaatu qaba
Taateen suuraa addaa qabu mul'achuu danda'a.	Ta'iin addaa keessatti ni agarsiifama
Agarsiisa keessatti dogoggora uumamu kamiyyuu taatoon tooftaafi tas-taphee fayyadamuun sirreessa	Adeemsa waraabbii keessatti barreessaan bartaphee sirreessuu danda'a.
Xiyyeeffannoon isaa waltajjiirrattidha.	Xiyyeeffannoo guddaan rogoota kaameeraarrattidha.

CUUNFAA BOQONNAA 1

- Saxaxni hojii ogummaa og-argaa keessaa isa tokko ta'ee, ogeessi og-argaa tokko tooftaa garaagaraatti gargaaramuun foormii qaama wantoota adda addaa qindeessuun guutummaa guutuutti karaa ittiin ergaa dabarfatudha.
- Gurmaa'inni qabiyyeewwan akka galteetti tajaajilu caacculee saxaxaati.
- Caacculee saxaxaa keessaa sararri isa bu'uuraati.
- Bocni caacculee saxaxaa kan hojjaafi dheerina, akkasumas qaama wal qixxaataa qabu, ta'ee sararaan kan ibsamudha.
- Foormiin caacculee saxaxaa boca waliin wal fakkeenya guddaa qaba.
- Vaaliyuun hanga ifaafi dimimmisaa caacculeen saxaxaa ittiin mul'ataniiti.
- Sookkisni qulqullina dirra qaama wantootaati.
- Bakki eddoo afuura baafannaa hojii og-argaa hundaati.
- Sabni Oromoo saba baay'ee bal'aafi aadaa sirbaafi shubbisaa mataa isaa qabudha.
- Oromoon kutaawwan Oromiyaa garagaraa keessa jiraatu akkaataa itti sirbuufi shubbisu kan mataa isaa qaba.
- Godinaaleen Oromiyaa marti isaanii haalaa jiruufi jireenya isaanii kan mul'isu sirbaafi shubbisa mataa isaanii qabu.
- Hojiiwwan waltajjii irratti haalotaafi wantoota akkasumas sochiiwwan waltajjiirraatti agarsiifaman hundi tiyaatira jedhama
- Tiyaatirri waltajjiirratti bu'uureffama.
- Hojii og-tiyaatiraa keessatti taatonni kallattiidhaan daawwatootaaf waltajjiirratti dhiheessu.
- Tiyaatirri tokko bareedee hawwataa ta'ee daawwatootaaf waltajjiirratti dhihaachuuf irra deddeebiin shaakalama.
- Fiilmiin daawwatoota bira kan gahu karaa iskiriiniitiini.
- Xiyyeeffannoon fiilmii kaameeradha.

Gilgaala Boqonnaa Tokkoo

I. Gaaffilee asiin gadii hima sirrii ta'eef “Dhugaa” kan sirrii hin taaneef immoo “Soba” jechuun deebiisi.

1. Wixinee keessatti sararri iddoo murtaa'aa ta'e qofatti mul'ata.
2. Hojiin saxaxaa tokko gurmaa'ina qabiyyeewwan ittiin ibsamu niqaba.
3. Vaaliyuun wixineefi diba halluu hojjechuuf baay'ee barbaachisaadha.
4. Bakki qulqullina dirra qaama wantootaati.
5. Bakki iddoo afuura baafannaa hojii og-argaa hundaati.
6. Saxaxa jechuun karoora yookiin qajeelfama ijaarsa mi'a/ hojmaataati.
7. Shuubisni aadaafi muuziqaan aadaa garaagarummaa hin qaban.
8. Shubbisni aadaa Godinaalee Oromiyaa bakkaa bakkatti haalli tapha isaa garaagarummaa qaba.
9. Shubbisni aadaa Oromoo Tuulama Sooddoo hammisa jedhama.
10. Wantoota shubbisa aadaa keessatti calaqqisiifaman keessaa tokko aadaa uffannaati.
11. Sabni kamiyyuu shubbisaan aadaa isaa ibsachuu ni danda'a.
12. Xiyyeeffannoon fiilmii waltajjiidha.
13. Hojii og-tiyaatiraa keessatti taatonni kallattiidhaan daawwatootaf waltajjiirratti dhiheessu.
14. Fiilmii keessatti taatonni jamaa waliin kallattiin osoo hin taane karaa televizhinii wal qunnamu.
15. Parfoormaansiin tiyaatira keessatti kallattiin agarsiisama

II. Gaaffilee asiin gadiitiif deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. Caacculee saxaxaa keessaa isa ijoofti bu'uuraa kan ta'e isa kami?
A. Boca B. Foormii C. Halluu D. Sarara
2. Gosoota bakkaa keessaa naannawa fakkiichaatti marsee kan argamu isa kamiidha??
A. Iddoo negaatiivii B. Iddoo poozatiivii
C. Iddoo gabatee fakkii D. Deebiin hin kennamne
3. Sararri----- hojii saxaxaa keessatti sochiifi kallattii uumu ta'ee, yoo qindaa'e immoo miira saffisaa kan uumuu danda'udha.
A. Shaffaaxa B. Dalgee C. Dhaabbataa D. Mammaramaa
4. Sarara miira namaa jeequ ta'ee, kan nama dadammaksuufi xumura agarsiisu isa kami?
A. Dambali'aa B. Shaffaaxa C. Jajal'aa D. Dhaabbataa
5. Garaagarummaa sararoonni qaban kan hin taane isa kami?
A. Dheerachuufi Gabaabbachuu C. Lallaafuufi Jajjabaachuu
B. Furdachuufi Qal'achuu D. Deebiin hin kennamne.
6. Halluu tokko arguuf waantonni bu'uura ta'e isa kami?
A. Dirra B. Ifa C. Ija D. Hundinuu deebiidha.
7. Muuziqaan ykn sirbi aadaa naannoo tokkoo maal ibsa?
A. Hawwaasa naannicha. C. Aadaa biyyaa
B. Seenaa darbe D. Hunduu deebiidha.
8. Kanneen asii gadii keessaa adda kan ta'e kami?
A. Hammisa B. Ragada C. Ishkeekkee D. Dhaadannoo
9. Kanneen asii gadii keessaa tokko shubbisa godina Baaleeti.
A. Eebolaala B. Hammisa C. Ishkummee D. Tirtirsa
10. Mirrisni godinaalee Naannoo Oromiyaa keessaa shubbisa godina kamiiti?
A. Kamisee B. Harargee C. Raayyaa D. Wallaggaa

11. Kanneen asii gadii keessaa shubbisni Arsiitti beekamu isa kami?
A. Hammisa B. Tirrii C. Ragada D. Ishkummee
12. Hojiiwwaan waltajjirraa haalotaafi wantoota dabalatee akkasumas,
sochiiwwan waltajjiirratti agarsiifaman hundi maal jedhamu?
A. Fiilmii B. Taatoota C. Tiyaatira D. Golgaa
13. Waa'ee fiilmii ilaalchisee kamtu sirriidha?
A. Maddisaa amantiidha
B. Parfoormaansiin kallattiin agarsiifama
C. Parfoormaansiin niwaraabama
D. Xiyyeeffannoon isaa waltajjiidha
14. Siinariin Og-tiyaatiraa keessatti maalif fayyada?
A. Dahoo ta'a
B. Yoommessa uuma
C. Tiyaatira waraaba
D. Tiyaatira gulaala

III. Gaafilee asiin gadii haala gaafatamteen deebii sirrii ta'e kenni.

1. Shubbisa aadaa Oromoo keessaa shaggooyyeefi Tirriin kan Godinaalee kamiiti?
2. Shubbisa aadaa Oromoo Kamiseefi Baalee maal jedhamu?
3. Shubbisni aadaa naannoo keessanii maal akka jedhamuufi akkamitti akka taphatamu ibsaa.
4. Shubbisa aadaa Godinaalee Oromiyaa garagaraa keessaa tokko filadhaatii gareen gochaan dhiyeessaa.
5. Argama sararootaatti fayyadamuun fakkii garagaraa fakkeessuun dareetti agarsiisaaf dhiheessi.

BOQONNAA 2

Dandeettii Kalaqa Og-Aartiiwwanii

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:

- Hiika ogummaa diba halluu bishaanii nihubatta.
- Diba halluu bishanii dibuun nihojjetta.
- Hiika maxxansa og-argaa ni ibsta.
- Faayidaa maxxansi yaada ofii ibsuu keessatti qabu adda baasu hojiin ni agarsiista.
- Hiikaafi faayidaa solfeejiyoon qabu nibeekta.
- Rukuttaalee muuziqaa akaakuu garagaraa dhaga'anii barreessu nidandeessa.
- Guurressa Yaadannoofi Baatiitiin yeedaloo sasalphoo taphachuu nidandeessa.
- Yaada og-tiyaatiraafi og-fiilmiif nibarreessita.
- Tooftaalee bartaphee gaarii barreessuuf gargaaran nihubatta.

Seensa

Tooftaalee hojiin og-argaa bakkeewwan garaagaraatti wantoota adda addaan hojjetamaa tureefi ittiin hojjetamaa jiru keessaa inni tokko hojii diba halluuti. Hojiin ogummaa diba halluu seenaa umurii dheeraa kan qabuufi ilma namaa waliin dhalatee kan guddatee yoota'u, tooftaa hojiin og-argaa ittiin hojjetamu keessaa isa tokkodha. Ilmi namaa bara durii irraa eegalee yaada, miira, gadda,

gammachuufi hawwii isaa kan ittiin ibsachaa turedha. Hojii ogummaa diba halluu keessatti gahee halluun qabu hangas jedhamee kan ibsamuu hin danda'u miti. Halluun caacculee murteessaafi ijoo diba halluuti. Halluu malee hojii diba halluu hojjechuuf yaaduun kan danda'amneefi gosoota halluu hedduutti kan fayyadamnudha. Gosoota halluu keessaa halluun bishaanii isa tokko yoota'u, seena itti fayyadama isaa yoo ilaalee baay'ee salphaafi diba halluu hojjechuuf salphaadha. Hojii diba halluu hojjechuuf yaad-hiddama halluuwwanii beekuufi itti fayyadamuun barbaachisaadha. Kana malees, halluu bishaaniiti fayyadamudhaan maxxansa miidhagaa hojjachuufi ergaa dabrsuun nidanda'ama.

Dabalataanis, shubbisni sochii qaamaa sirba/faaruu wajjiin taasifamu ta'uu barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo solfeejiyoon saayinsii waa'ee dandeettii gurri namaa muuziqaa dhaggeeffachuuf qabuufi rukutaa irratti hubannoo isaa itti gabbifatu akkasumas faayidaafi akkataa rukutaa guurrassa yaadannoofi baatii nibaratta.

Og-tiyaatiraafi og-fiilmii qopheessuuf jalqabarratti yaada waan irratti qopheessinu qabaachuu qabna. Yaada og-tiyaatiraafis ta'ee, og-fiilmiif qopheessuun kunimmoo adeemsa mataasaa qaba. Haalli itti yaada og-tiyaatiraafi og-fiilmiif qopheessinu mata duree kana jalatti kan qophaa'edha.

2.1. Diba Halluu Bishaaniifi Maxxansa

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kana booda:

- Hiika diba halluu bishaanii nihimta.
- Tooftaalee diba halluu bishaanii adda baastee nihubatta.
- Yaad-hiddama halluuwwanii ni ibsita.
- Tooftaalee hojii maxxansa isteensilii nibaafatta.
- Maxxansa isteensilii wantoota sasalphaa naannootti argaman irraa hojjetee ni agarsiista.

Marii 1

Naannoo keetti yeroo namoonni mana jireenyaa yookiin wantoota biroo halluu diban argitee nibeektaa? Yoo argitee kan beektu ta'e, maal maal gargaaramuun dibu? Akkamittis dibu? Garee gareen irratti mari'achuun dareef ibsaa.

2.1.1. Hiika Diba Halluu

Tooftaalee hojiin og-argaa bakkeewwan garaagaraatti wantoota adda addaan hojjetamaa tureefi ittiin hojjetamaa jiru keessaa isaa tokko ta'ee, dhalli namaa bara durii jireenya rakkiisafi holqa keessa jirachaa turee irraa eegale itti fayyadamaafi ergaa ittiin dabarsataa kan turedha. Diba halluu jechuun halluu dibaafi wantoota birootti gargaaramuun wantoota fuula jajjaboo qaban irratti fakkii, saxaxaafi ogummaa miidhaginaa kan ittiin dalagamudha. Og-argaa keessatti diba halluu gochaafi bu'aa hojii harka namaa yoota'u, kan uumama ibsu, fakkoommiina, fakkaatti, abistiraaktiifi kan kana fakkaatan irratti hundaa'uun hojjatamuudha.

Dibni halluu hedduminaan halluutti dhimma bahuun meeshaalee kanneen akka dibduu/ brush/ fallaana dibduu halluu, ispoonjiifi kan kana fakkaatiin fayyadamuun qaama irratti hojjachuun barbaadame irratti kan dalagamudha. Dhalli namaa yeroo holqa keessatti jirachaa tureetti bifa halluu kan akka diimaa, keelloofi gurraachatti fayyadamaa turee jira. Yeroo kanas, irra caalaa fakkiiwwan kan akka; diba halluu Fardaa, Leencaa, Gafarsaa, Arbaa, Gadamsaafi darbee darbee qaama namaa muraasafaa hojjataniiru. Kanas, diba halluu wantoota dhangala'oo yookiin dhoqonaa'oo ta'an kan jiidhinsaafi haala qilleensaa dandamatanii yeroo dheeraaf turuu danda'an irraa kan hojjetamanidha.

2.1.2. Yaad- Hiddama Halluuwwanii

Marri 2

1. Halluun maali?
2. Faayidaan halluu maali?

Jechi halluu jedhu maqaa waliigalaa kan halluu maraaf dhaabbatu/bakka bu’u/ta’ee, halluu jechuun bifa wantootaa yeroo carallaan /xiyyi/ ifaa qaamolee wantoota naannoo keenyatti argaman irra qubatu kan uumamudha. Wantoonni addunyaa irratti argaman kan uumamaafi nam-tolchee ta’an halluu /bifa/ garagaraatiin kan miidhaganidha. Uumamni addunyaa kana irra jiru halluu bifa kumaatamaan lakkaawwamuun guutamee jira. Uumama yoo qalbeeffannee ilaalle miidhagina onnee namaa hatuufi sammuu namaa booji’uun kan guutamanidha. Teessuma lafaa, samii, galaanaa, gaarreen, suluullawwan, fincaa’aa bishaanii, bineensota, simbirroota, mukeeniifi kan kana fakkaatan miidhagina nama booji’u kan uumamni isaan gonfachiise qabu.



Fakkii 2:1. Fakkii diba halluu bishaanii agarsiisu

2.1.3. Madda Halluuwwanii

Gocha 1


1. Maddi halluu maal ta'a jettanii yaaddu? Garee gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.
2. Halluuwwan sabbata waaqaa keessatti argaman qalbeeffatee ilaaltee beektaa? Yoo kan beektu ta'e, halluuwwan meeqa of keessaa qaba? Isaanoo maalfaadha?

Bifti/Halluuwwan naannoo keenyaa ijaan ilaaltee maqaa dhoofnee addaan baafannu kun akka ija keenyatti nutti mul'atan kan taasisu ifa aduuti. Ifti hin jiru taanaan bifa wantoota naannoo keenyaa addaan baasuu hin dandeenyu. Ifti hin jiru taanaan yeroo jennu, dukkana isa halkanii jechuu keenya miti. Guutummaa guutuutti yeroo ifti hin jirre yookiin hin mul'annetti jechuudha. Kanaaf, maddi halluu ifadha. Ifti aduu irraa argamu dambalii adda addaatiin qindaa'ee saffisa garaagaraatiin kan rom'udha. Dabaliin ifaa/carallaan biiftuu kunis, yeroo kamiyyuu halluu of keessatti baatee deema. Garuu halluuwwan kana addaan baasuuf yookiin arguuf kan malootafi meeshaalee garagaraatti faayyadamuun ta'a. Fakkeenyaaf, osoo bishaan afaan keenyatti guunnee aduu keessatti biifnee fuula keenya duratti halluuwwan garaagaraa ni argina. Kana irraa maal hubanna yoo jenne, xiyyi ifaa halluuwwan garaagaraa akka of keessatti qabatee deemu ta'u isaati. Kana malees, malleen meeshaalee akka piriizimii, coph/finiina/bishaanii, fuulleefi kan kana fakkaatan fayyadamuun halluu ifa keessa jiru adda baafachuun ilaaluun nidanda'ama.

Ifti wantoota ifa of keessa dabarsuu danda'an kanneen akka piriizimii keessa madda isaanii irraa ka'uun kallattii sirriin kan darbaniidha. Osoo xiyyi ifaa dabee darbuu danda'a ta'ee, gaaddidduu yookiin gaaddisa wanti jedhamu kamuu hin uumamu ture. Garuu, xiyyi ifa aduu kun yeroo piriizimii keessa darban kallattii isaanii jijjiiranii kofa adda addaatiin bittinnaa'anii waraqaa

adii irra yeroo qubatan bifa addaa uumu. Bifoonnii xiyya ifaa irraa argaman kunis, Ispeektiramii halluu /Color spectrum/ jedhamuun beekama. Ispeektiramii jechuun halluuwwan piriizimii yookiin coba bishaanii keessa dabanii darbuun uumaman toorban jechuudha.

Ispeektiramiin kun akka sabbata waaqaa halluuwwan bifa garaagaraa toorba kan of keessaa qabudha. Isaanis maqaa “**VIBGYOR**” jedhamuun beekamu. “**VIBGYOR**” qubee bakka buutee halluuwwan ispeektiramii keessa darbanii toorban jalqaba maqaa afaan Ingiliffaa isaanii irraa kan fudhatamedha. Tookkoon tokkoon qubeewwan kunniin afaan Ingiliffaan halluu maal maal akka bakka bu’uufi tartiiba maqaan kun itti moggaafame fakkeenya asiin gadii irra taa’ee waan jiruuf sirriitti hubadhuutii ilaali.



Fakkii 2:2. Fakkii halluuwwan ispeektiramii piriizimii keessa darban agarsiisu

“**VIBGYOR**” jechuun jalaa gara oliitti yeroo dubbifamu:

1. “**R**” jechuun “**RED**” - Diimaa
2. “**O**” jechuun “**ORANGE**” - Burtukaana
3. “**Y**” jechuun “**Yellow**” - Keelloo
4. “**G**” jechuun “**GREEN**” - Magariisa
5. “**B**” jechuun “**BLUE**” - Cuquliisa
6. “**I**” jechuun “**INDIGO**” - Indiigoo
7. “**V**” jechuun “**VIOLET**” – Dhiilgee

Halluuwwan ispeektiramii keessaa torban yoo walitti makaman /ida'aman/ Ifa aduu isa adii qulqulluu ta'e nuuf kennu. Bifti/ Halluun aduun qabu adii qulqulluudha. Yeroo aduu/ biiftuu ilaallu taatee ganama hanga galgalaa gidduutti halluu garaagaraa qabaatee yookiin jijjiiramtee waan mul'attu nutti fakkaachuu dandeessi, garuu miti. Akkas fakkeessee kan nutti mul'isu balaqqeessa naannoo lafaa/ atimoosferiiti malee, aduun bifashee hin jijjiirrattu.

2.1.4. Argama Halluuwwanii

Marii 3

Halluuwwan naannoo keenyatti mul'atan ilaaluuf wantota barbaachisan maal akka ta'an irratti mari'achuun barsiisaa/tuu keetti himi.

Halluuwwan naannoo keenyatti nutti mul'atan ilaaluuf wantoota gurguddoo ta'an sadiitu nu barbaachisa. Isaanis:

- ✓ Ifa
- ✓ Dirra (wanta halluu balaqqeessisu) fi
- ✓ Ijadha.

Wantoota sadan asiin olii keessaa osoo tokko hir'ate/ dhokatee wantoota addunyaa irratti mul'atan kamuu arguu hin dandeenyu. Kanaafuu halluuwwan naannoo keenyatti mul'atan ilaaluuf wantootni armaan olii baay'ee barbaachisaadha.

Hanga ammaatti yaad-hiddama halluuwwanii irraa akka hubatamuutti, argamni halluuwwanii karaa lamaan kan ilaallamuudha. Isaanis:

- Halluuwwan xiyya ifaa/ Uumamaafi
- Halluuwwan nam-tolchee/ halluuwwan dibaaf oolan.

1. Halluuwwan Xiyya Ifaa /Uumamaa

Isaak Niiwtoon qo'annoo gaggeesseen, ifti burqaa/ madda halluuwwan maraa akka ta'e mirkaneesse. Akkuma mata duree darbee irratti baratan, Yoo ifti hin

jiraanne kallattiinis ta'e al-kallattiin halluu maqaa dhahuun hin danda'amu. Sababni isaas dukkana keessatti bifti jiru hundinuu tokko ta'a. Innis gurraacha qofaadha.



Halluuwwan ifaan argaman, warri jedhaman halluuwwan xiyya ifaa piriizimii keessa kallattii garaagaraan dabanii darban /halluuwwan Ispeektiramii keessaa jedhuudha. Halluuwwan ifaan argaman, halluuwwan nam-tolchee irraa garaagarummaa niqabu. Halluuwwan xiyya ifaa kan ta'an harkaan qaqqabuu/ tuttuqachuun hin danda'amu. Ija keenya qofan ilaaltee kan adda baasnu yoota'u, meeshaalee elektirooniksiiti kanneen akka televiizhinaa, kompiitaraafi kan kana fakkaatanitti fayyadamuun dhimma itti banaa jechuudha. Halluuwwan bu'uura xiyya ifaa sadan yoo walitti dabalamu bifa halluu adii qulqulluu ta'ee uumadha.

Halluuwwan bu'uura xiyya ifaa sadan kan asiin gadiiti:

- Diimaa
- Magariisaafi
- Cuquliisaadha.



Fakkii 2:3. Fakkii halluuwwan uumamaa/xiyya ifaa sadan




Fakkii 2:4. Fakkii ida'ama halluuwwan bu'uura uumamaa sadan agarsiisu.

Halluuwwan bu'uura ifaan argaman sadan kana tokko tokkoon isaanii dabaree dabareedhaan yoo walitti makaman halluu sadarkaa 2ffaa xiyya ifaa nuuf kennu.

Isaan kennan kanaa gadiiti;


- Keelloo
- Majeentaafi
- Siyaan/ Gar-samii

✓ **Diimaa + Magariisa = Keelloo**




Fakkii 2:5. Fakkii akkaataa uumama ifa halluu Keelloo agarsiisu

✓ **Cuquliisa + Diimaa = Maajentaa**




Fakkii 2:6. Fakkii akkaataa uumama ifa halluu Maajentaa agarsiisu

✓ **Magariisa + Cuquliisa = Gar-samii**



Fakkii 2:7. Fakkii akkaataa argama ifa halluu gar-samii agarsiisu.

✓ Keelloo + Maajentaa + gar-samii = Gurraacha



Fakkii 2:8. Fakkii sadarkaa ifaatti akkaataa uumama halluu Gurraacha agarsiisu

2. Halluu Nam –Tolchee

Gocha 2

Halluuwwan nam-tolchee jechuun maal jechuudhaa?


Namni wantoota naannoo isaatti argaman irraa mala aadaatiinis ta'e ammayyaan, akkaataa isaaf ta'utti walitti makee/ ida'ee qopheeffachuun tajaajila adda addaaf kan dhimma itti bahudha. Halluuwwan nam-tolcheen wantoota adda addaa irraa qophaa'uu nidanda'u. Fakkeenyaaf; baala, daraaraa, jirma, ija, hidda biqilootaa, daaraa, cilee, biyyee halluu adda addaa qabaniifi kan kana fakkaatan irraa qophaa'uu nidanda'a. Akka feenetti (barbaannetti) bulbullee waan feene/ barbaanne irratti dibuu nidandeenya. Kanaafu halluuwwan dibaa yookan nam-tolchee jechuudha. Ramaddii/ Sadarkaa sadiitiin argamu. Isaanis:

- A. Halluuwwan sadarkaa tokkoffaa
- B. Halluuwwan sadarkaa lammaffaafi
- C. Halluuwwan sadarkaa sadaffaadha.

A. Halluu Sadarkaa Tokkoffaa

Halluuwwan sadarkaa tokkoffaa, halluuwwan haadhoo yookiin bu’uuraa jedhamanii nibeekamu. Halluuwwan sadarkaa tokkoffaa, halluuwwan haadhoo kan jedhamaniif, uumama halluuwwan kumaatamaaf sababni halluuwwan haadhoo warra jedhaman kanadha. Dabaree dabaree walitti ida’amuun uumama halluuwwan hedduuf ka’umsa. Garuu ofii isaanii walitti ida’amanii halluuwwan kan biroo haa uuman malee, halluuwwan sadarkaa tokkoffaa kunniin halluuwwan kaawwan walitti makuun isa bu’uuraa yookan haadhoo nuuf kennu uumaman miti. Yookiin bu’aa ida’amaa/ makamaa miti jechuudha. Erga halluun kan biroo walitti makamee halluu sadarkaa tokkoffaa nuuf uumu hin jiraannee, halluuwwan sadarkaa tokkoffaa eessa arganna? Akkamitti uumamu yoo jenne? Wantoota uumamaan naannootti argaman irraa kallattiimaan kan argamanidha.

- Yeroo marsaa halluu irratti agarsiifaman walirraa fageenyi isaanii wal qixa.
- Lakkoofsaan sadidha. Isaanis:



- Diimaa
- Keelloofi
- Cuquliisadha.

Walitti makamni halluuwwan bu’uuraa dibaaf oolaniisadan **boora’aa** yookiin **xuraa’aadha**.




Fakkii 2:9. Fakkii halluuwwan sadarkaa tokkoffaa agarsiisu.

B. Halluuwwan Sadarkaa Lammaffaa

Halluuwwan bu'uuraa (haadhoo) nam-tolchee lama dabaree dabareedhaan, hanga wal qixa ta'een yookiin parsantii shantama shantamaan yoo walitti makaman halluu

argamudha. Halluuwwan sadarkaa lammaffaa lakkoofsaan sadidha. Isaanis:



- Burtukaana
- Magariisaafi
- Dhiilgee dha.

Akkaataa Uumama Halluuwwan Sadarkaa Lammaffaaa

- Diimaa + Keelloo = Burtukaana
- Keelloo + Cuquliisa = Magariisaafi
- Cuquliisa + Diimaa = dhiilgeedha.

Marsaa halluu irratti yeroo agarsifaman walirraa fageenyi isaanii wal qixadha.



Fakkii 2:10. Fakkii marsaa halluuwwan sadarkaa lammaffaa agarsiisu

C. Halluuwwan Sadarkaa Sadaffaa

Halluuwwan sadarkaa sadaffaa halluuwwan giddu galeessaa jedhamanii beekamu. Sababni isaan halluuwwan giddu galeessaa jedhamaniif, marsaa halluu irratti yeroo agarsiifaman yeroo mara halluu sadarkaa tokkoffaafi halluu sadarkaa lammaffaa gidduutti argamu. Kana irraa ka'uun maqaan halluu giddu galeessaa jedhamu kennameef jechuudha. Halluuwwan sadarkaa sadaffaan, halluuwwan bu'uuraa nam-tolchee lama hanga wal caaluun walitti makuun yookiin halluu bu'uuraa nam-tolchee tokkoofi halluu sadarkaa lammaffaa tokko hanga wal-qixaan walitti makuun kan argamudha. Halluuwwan sadarkaa sadaffaa nam-tolcheen lakkoofsaan torbadha.

Akkaataa Uumama Halluuwwan Sadarkaa Sadaffaa

- Diimaa + Burtukaana = Diimaa –burtukaanaa
- Diimaa baay'ee + keelloo xiqqoo = Diimaa –burtukaanaa
- Diimaa + Dhiilgee = Diimaa –dhiilgee
- Diimaa baay'ee + cuquliisa xiqqoo = Diimaa –dhiilgee

- Keelloo + Magariisaa = Keelloo –magariisaa
- Keelloo baay’ee + cuquliisa xiqqoo = Keelloo –magariisaa
- Keelloo + Burtukaana = Keelloo –burtukaanaa
- Keelloo baay’ee + Diimaa xiqqoo = Keelloo –burtukaanaa
- Cuquliisa + Dhiilgee = Cuquliisa –dhiilgee
- Cuquliisa baay’ee + Diimaa xiqqoo = Cuquliisa –dhiilgee
- Cuquliisa + Magariisa = Cuquliisa – magariisa (Indiigoo)
- Cuquliisa baay’ee + keelloo xiqqoo =Cuquliisa- magariisa (Indiigoo)



Fakkii 2:11. Fakkii marsaa halluuwwan sadarkaa sadaffaa agarsiisu

2.1.5. Marsaa Halluu

Gocha 3

Halluuwwan faallaa walii ta’an sirritti irra deebi’uun erga shaakalteen booda halluu dibaa barsiisaa/tuu keessanitti agarsiisaa.

Marsaan halluu geengoo halluu jedhamees nibeekama. Marsaan halluu kunis, digirii 360 kan naanna’u ta’e, halluuwwan hariiroo isaan waliin qaban irratti hundaa’uun qindaa’an kan bakka bu’udha. Akkasumas, akkaataa firoominaa, walitti makamaafi hariiroo halluuwwan sadarkaa 1^{ffaa}, 2^{ffaa} fi 3^{ffaa} gidduu jiru

kan agarsiisudha. Kana malees, teessuma halluuwwan faallaa walii jiraniifi halluuwwan wal cinaatti argaman illee ni agarsiisa. Geengoon halluu aartistootaaf baay'ee barbaachisaadha. Keessumattuu halluuwwan waliin deeman filachuuf salphaatti nama dandeessisa.

1. Halluuwwan Waliif Faallaa Ta'an

Halluuwwan waliif faallaa ta'an jechuun, halluuwwan marsaa halluu irratti kallattii qixa fuullee waliitti argaman jechuudha. Halluuwwan kana wal cinaa osoo keenye iji yeroo ilaalu nihoollata yookiin nirom'a. Kanaafuu, yeroo hojii og-argaa yookiin saxaxaa hojjennu halluuwwan waliif faallaa ta'an kana wal duukaa fayyadamuu hin qabnu. Waliif faallaa waan ta'aniif, wal duukaa mul'achuuf ijatti ni ulfaatu. Akkaataa teessuma faallaa isaaniin yoo walitti makaman halluun argamu, halluu **boora'aa** yookiin **xuraawaa** kennu.

Fakkeenyaaf;

- Keelloofi Vaayoleetii
- Diimaafi Magariisa
- Cuquliisaafi Burtukaana
- Keelloo magariisaafi Diimaa vaayoleetii
- Cuquliisa magariisaafi Diimaa burtukaanaa
- Cuquliisa Vaayoleetiifi Keelloo burtukaanaa



Fakkii 2:12. Fakkii halluuwwan waliif faallaa ta'an agarsiisu.


Shaakala 1

Fakkii halluuwwan faallaa walii ta'an armaan olii erga fakkeessiteen booda dibi. Akkasumas, rakkoo adeemsa hojii kana keessatti simudateefi hojii kana irraa beekumsa ati horatte dareef ibsi.

Fakkii halluuwwan faallaa walii ta'an kan fakkii 2:12 irratti agarsiifame erga fakkeessiteen booda dibi. Akkasumas, rakkoo hojii kana keessatti simudateefi akkasumas hojii kana irraa beekumsa ati horatte dareef ibsi.

1. Halluu wal- tarree

Halluun wal- tarree kan jadhan, halluuwwan marsaa yookiin geengoo halluuwwanii irratti walitti aananii dhufan jechudha. Fakkeenyaaf halluu wal-taree tokko yoo ilaallee: Diimaa, Diimaa-burtukaanaafi Burtukaana ta'a jechuudha.



Fakkii 2:13. Fakkii halluuwwan wal-taree agarsiisu.

2.1.6. Tempireechara Halluuwwanii

Tempireechara halluuwwanii yeroo jedhamu, ho'insa halluu yookiin qabbanaa'insa halluun yeroo harkaan tuqan qabu jechuu miti. Miira isaan qaamaafi xin-sammuu namaa irratti uuman jechuudha. Halluun humna qabeessa. Humna miira namaa dafee jijjiiruu qaba. Tempireechara isaanii irratti hundaa'uun halluu bakka gurguddaa lamatti qooduu nidandeenya. Isaanis:

- Halluuwwan Qabbanaa'oofi
- Halluuwwan Ho'aa jedhamu.

A. Halluuwwan Qabbanaa'oo

Halluu qabbanaa'oo jechuun yoo harkaan tuqne nutti diilallaa'a yookiin nutti

qorra jechuu miti. Miira isaan xiin-sammuu keenya irratti uuman jechuudha. Halluu qabbanaa'oon ja'atu jiru. Isaanis:

- Halluu sadarkaa 1^{ffaa} keessa tokotu jira. Kunis: Cuquliisa
- Halluu sadarkaa 2^{ffaa} keessa hin jiru, garuu halluuwwan ho'aafi qabbanaa'oo bakka lamatti qooda.
- Halluu sadarkaa 3^{ffaa} keessa lamatu jiru. Isaanis:
 - Cuquliisa-vaayooleetii
 - Cuquliisa- magariisaa

Halluuwwan qorraan qaama bishaanii, waktii gannaafi kan kana fakkaatan waliin wal fakkaata. Qorra/ Diilalla nama keessatti uumu, mukiif nama saaxilu, Sammuu irratti dhiibbaa geessisu.


- Miira tasgabbii, callisaafi kan kana fakkaatan uuma.
- Halluuwwan dhiiraati.

B. Halluuwwan Ho'aa

Halluuwwan ho'aa jechuun yoo harkaan tuqne nutti ho'a yookiin nu guba jechuu miti. Miira isaan xiin-sammuu keenya irratti uuman jechuudha. Halluuwwan ho'aan ja'atu. Isaanis:

- Halluu sadarkaa 1^{ffaa} keessa lamatu jiru. Isaanis: Diimaafi Keelloo
- Halluu sadarkaa 2^{ffaa} keessa tokkotu jira. Innis: Burtukaana
- Halluu sadarkaa 3^{ffaa} keessa afurtu jiru. Isaanis:
 - Diimaa-dhiilgee
 - Diimaa-burtukaanaa
 - Keelloo- burtukaanaa
 - Keelloo-magariisa

- Ho’a guddaa nama keessatti uuma.
- Wantoota fagoo dhiyeessanii nutti mul’isu.
- Halluuwwan ho’aan Qaama ibiddaa, Voolkaanoo, Waktii bonaafi kan kana fakkaatan waliin wal fakkaatu.
- Miira namaa dadammaksu.
- Halluuwwan shamarraniifi daa’immaniiti.



Fakkii 2:14. Fakkii tempireechara halluuwwanii agarsiisu


Shaakala 2

Fakkii tempireechara halluuwwanii agarsiisu kan fakkii 18 irratti agarsiifame fakkeessiitee erga hojjetee booda dibi. Akkasumas, beekumsa hojii kana yeroo hojjetu horatte dareef ibsi.

2.1.7. Akkaataa Halluu Itti Arginuu


Halluun ijaan agarree kun “cuquliisa” kun “magariisa” jennee addaan baafannu kun kan maddu ifa aduu irraati. Amalli wanti tokko dhuunfaatti qabu dambaliiwwan kaan of keessatti liqimsee yeroo hambisu isaan kaan immoo

balaqqeessisuun agarsiisa. Yeroo carallaan ifaa qaamolee halleeffaman yookiin halluu qaban tuqu, qaamoleen wantootaa dambalii ijaarsa atoomii isaanii waliin kan wal simu ofirraa balaqqeessisuun, isaan kaan/ kan wal hin simne immoo xuuxee hambisa. Fakkeeyaaf, uffatni bifa diimaa qabu, halluuwwan kaawwan xuuxee ifa halluu Diimaa balaqqeessisa. Akkasumas, ifti aduu halluuwwan garaagaraa qabu yoo wanta bifa halluu “Cuquliisaa” yookiin “Magariisaa” qabu tokko irra qubate dambalii bifa halluuwwan kanneen ofitti liqimsee halluu cuquliisaafi magariisaa ol-balaqqeessisuun mul’ata yookiin argama.



Fakkii 2.15. Fakkii akkaataa mul’annaa halluuwwanii agarsiisu

Kana jechuun wanti tokko bifa halluu qabuun kan mul’atu halluuwwan xiyya ifaa keessa jiran ofitti gadi liqimsuun halluu mataa isaa ta’e balaqqeessisuun mul’isa. Wanti bifa gurraachaa qabus halluuwwan ispeektiramii ifaa torban akkuma jirutti ofitti liqimsuun bifti gurraachaa akka mul’atu yoo taasisu, halluun adiin immoo ifti yoo irra qubatu halluuwwan ifa aduu keessa jiran hunda deebisee balaqqeessisuun bifa adii qabaatee akka mul’atu taasiisa.



Fakkii.2.16. Fakkii akkaataa mul'annaa halluuwwan adiifi gurraacha agarsiisu

Marii 3

1. Halluuwwan naannoo keetti sitti mul'atan ilaaluuf maal maaltu na barbaachisa jettee yaadda? Isaanoo maalfaati?
2. Waanti tokko bifa halluu qabuun akkamitti sitti mul'ata? Garee garee keessaniin irratti mari'achuun dareef dhiyeessaa.

Diba Halluu Bishaanii Hojjechuuf Wantoota Barbaachisan

- ☞ Halluu bishaanii
- ☞ Dibduu halluu bishaanii
- ☞ Waraqaa Furdaa
- ☞ Baattoo
- ☞ Paaleetii/ waan halluu irratti walitti makanu

Kanneen asiin olii keessaa halluun isa ijoo diba halluu hojjechuuf filannoo / bakka buusa hin qabnedha.

A. Gosoota Halluuwwanii Diba Halluu bishaanii ittiin Hojjechuuf gargaaran

Halluun bishaanii, bishaan qofan kan bulbulama/ qal'atu ta'ee, yeroo dibamu amala dafee goguufi yeroo bishaanii qallifamu qal'achuu danda'udha. Halluun bishaanii gosoota halluu garaagaraa kan qabu yoo ta'u, kunis kan qophaa'uu bifa dhangala'oofi jajjaboottiin ta'a. Hojii diba halluu bishaanii keessatti tartiiba isaa eeganii hojjechuufi amala halluun bishaanii qabu beekuun barbaachisaadha.

Bara durii gosoota halluu bishaanii kan olitti ibsametti fayyadamii diba halluu bishaanii hojjechaa kan turaan osoo hin tanee, wantoota uumamaan naannoo isaanitti argamuuti fayyadamanii yaada isaanii karaa diba ibsachaa turan. Namoonni diba halluu hojjetanis bara durii irraa kaasanii wantoota garaagaraa irratti kan hojjetaniifi ittiin hojjataman dibduu halluu bishaanii isa tokko yoota'u, Fiixeen /Rifeensi/ isaas lallaafaadha. Kunis lallaafaa ta'uun kan barbaachiseef, bishaan of keessatti qabatee akka turu waan taasisuufidha.

Ogeessi tokko hojii diba halluu bishaanii hojjechuun dura wanta hojjetu beekuu yookiin wixinee isaa qopheeffachuu akkuma qabu, akaakuu halluu wixinee isaa waliin deemuufi yaada isaa ibsuuf isaaf mijatu adda baasee beekuu qaba. Kana jechuun, wantoonni hojii diba halluu hojjechuuf oolan hundi yaada/ ergaa aartistii tokkoo wal qixa dabarsuu irratti garaagarummaa qabaachuu nidanda'u.



Fakkii 2:17. Fakkii diba halluu bishaaniin hojjetame agarsiisu.

Shaakala 3

1. Halluu bishaanii fayyadamuun fakkii armaan gadii hojjedhuuti agarsiisi.



Fakkii 2:18. Fakkii muduraaleen halluu bishaaniitin hojjatame.

Gocha 5

Hiikkafi maalummaa caacculee diba halluu yoo beekta ta'e dareef dhiyeessi.

Caacculee diba halluu jechuun qaamota yookiin gareewwan ijaarsaa bu'uura diba halluu jechuudha. Barnoota biroo irratti akkuma baratte caacculeen og-argaa torbatu jiru. Garuu, hojiiwwan akaakuu og-argaa kanneen akka diba halluufi wixinee ta'an keessatti foormiin akka hin barbaachisine itti himuun caacculeen diba halluu bu'uuraa kan ta'an ja'a akka ta'an itti himuun isaanis maal maal akka ta'an haala asii gadiiti.


- Halluu
- Vaaliyuu/ Toonii
- Sarara
- Boca
- Bakkafi Sookkisadha

Marii 4

1. Waa'ee toonii/vaaliyuu halluu garee gareen ta'uun irratti mari'adhati barsiisaa/tuu keessaniif dhiyeessaa.

Toonii/vaaliyuu jechuun ifummaafi dimimmisummaa halluu jechuudha. Tooniin wantoota qaama diriiraa qaban irratti foormii fakkeessuu/ uumuuf gargaara. Garaagarummaa toonii foormiin yeroo halluun hojjetamu waan harkaan qabamuu danda'u fakkaatee nutti mul'ata. Akkasumas, gadi fageenyaafi wal irraa fageenya, rukutaa yookiin irra deddeebbii uumuuf gargaara. Halluun dibaaf oolu akaakuu tooniiwwan garaagaraa dhuma hin qabne qaba. Hojiin diba halluu tokko tokko tooniiwwan muraasa yommuu qabu, gariin immoo guutummaa guutuutti tooniiwwan garaagarummaa qaban qaba. Tooniin kan mul'atu vaaliyuu iskeelii irrattidha.

Dimimmisni/Gurraacha'inni vaaliyuu iskeelii irratti isa baay'ee gurraacha yoo ta'u, ifummaan immoo isa baay'ee ifaa ta'edha. Hojii diba halluu keessatti dimimmisni/ dukkanni guddaan halluu gurraachaan yeroo ibsamu, ifni guddaan immoo halluu adiitiin ibsama. Kanaaf, diba halluu keessatti dimimmisa yookiin ifummaa akkasumas, lamaan isaa al tokkotti waliin gargaaramuun hojii diba halluu hojjechuun ni danda'ama.



Fakkii 2:19 Vaaliyuu iskeelii halluuwwanii agarsiisu.

Marri 5

Hojii diba halluu keessatti sokkisni/shaakara'inaafi lallaafni akkamiin hojjetama?

Dibni halluu tooftaa hojii sookkisa sirrii uumuuf gargaarudha. Kunis, diba halluu keessatti akka paatarniitti yookiin akka sarara dibduutiin uumamuutti hiikama. Dibni tokko tokko, keessumaa dibni halluu zayitaa furdaa waan ta'eef, akkaataa kaanvaasiin yookiin gabatee irratti hojiirra itti oolan hojii sanaaf gadi fageenya guddaa ta'e kenna.

Akkasumas immoo sookisni aartistoota diba halluu hojjetaniif hojii keessatti rakkoo ta'uu danda'a. Fakkeenyaaf, fuullee balaqqeessa'u yookiin lafa kattaa dhagaa qofaan haguugameeru diba halluu gargaaramanii sookkisa uumamaan qabu hojjetanii agarsiisuun xiqqoo ulfaachuu ni danda'a. Kanaaf immoo,

aartistiin sookkisa akka kanaa uumuuf caacculee biroo kanneen akka sararaa, halluu, toonii/ vaaliyuufi kan kana fakkaatan irratti hirkachuun/ gargaaramuun baay'ee barbaachisaadha. Dabalataanis fakkii sookkisni hojii diba halluu keessatti akkamitti akka uumamu agarsiisu asiin gadii kana gargaaramuun hojjachuu nidandeenya.



Fakkii 2:20 Sookkisa diba halluu zayitaan uumame agarsiisu

2.1.3. Maxxansa

Maxxansi adeemsa artiistaawaa barreeffama, saxaxa, fakkiifi kan kana fakkaatan hojjachuudhaan maloota adda addaa fayyamuun karaa wantoota biroo irratti ittiin darbuu ta'e, ergaafi saxaxa tokko bifa wal fakkaataa ta'een namoota hedduu dhaaf baay'isuun karaa ittiin dabarfamuudha. Fakkeenyaaf, kanneen akka barruulee adda addaa, gaazeexaa, fakkiiwwan, kitaabooleefi kan kana fakkaatan fa'a ilaaluun ni danda'ama. Kana malees, Maxxansi akka addunyaatis ta'e akka biyyaattii umrii dheeraa kan qabuufi maloota hedduudhaan hojjatamaa kan tureefi ammas hojjatamaa jiruudha, Kuniis, gosoota halluu adda addaa fayyadamuudhaan yammuu ta'u, baay'ee kan baramaafi umrii dheeraa namoota wajjiin hidhata kan qabu maxxansa halluu bishaaniitin raawwatamuudha.

2.1.3.1. Akkaataa Hojii Maxxansaa

Shaakala 4

Maalummaafi akkaataa maxxansa kallattii adda baafachuun erga barsiisaa/ tuu keetiif ibsiteen booda, waantota naannoo isaanitti argaman irraa hojjadhaa.

Akaakuuwwan tooftaa hojii maxxansaa ittiin hojjetaman hedduutu jiru. Isaaniis akkaatuma garaagarummaa qabaniin tooftaan isaan ittiin maxxanfamaniifi tajaajilli isaan kennan yookiin oolanis garaagarummaa niqabaata. Akkaataan hojii maxxansaa hedduu ta'anis garuu, sadarkaa amma irra jiru kanatti akaakuuwwan maxxansaa muraasa isaanii qofa ilaalta. Sababni isaas akaakuuwwan maxxansaa kan heddummataniifi hanga sadarkaa maashinii gurguddoo ta'aniin gargaaramuudhaan hojjetaman waan jiraniif, ammaaf muraasa isaanii qofa ilaalta.

2.1.3.2. Akaakuuwwan Maxxansaa

Akkuma beekamu maxxansa jechuun saxaxni/ bocni al tokko hojjetame irra deddeebi'amee baay'ifamuu isaatiin maqaan kun akka kennameef ibsa gara oliitti laatame irraa hubachuu dandeessee jirta.

Haa ta'u malee, akkaatuma saxaxni hojjetamee qophaa'eetti, haalli maxxansa isaas garaa gummaa kan qabaatu ta'a. Kunis meeshaaleen ittiin maxxansaniifi adeemsi hojii isaallee salphaa irraa gara walxaxaatti kan adeemu dha. Kanaafuu, maloonni maxxansaa heeddu akka jiraataniif sababa ta'a jechuudha; isaan keessaa kan barnoota gola kanaafi meeshaalee naannoo keenyatti argachuu dandeenyu wajjin wal simsiisuun akaakuu maxxansaa muraasa qofa ilaalla. Akaakuuwwan maxxansaa kunniinis:

1. Mala maxxansaa kallattii/ akka jirutti maxxansuu/
2. Mala maxxansaa isteensilii

Hub. Maxxansa isteensilii yeroo hojjetan meeshaalee qara qaban yeroo gargaaramtanitti of eeggannoo taasisuu qabdu.

1. Mala maxxansa kallattii/ Akka jirutti maxxansuu/

Malli maxxansa kallattii wantoota uumamaan jiran kanneen akka baalaa, daraaraa (habaaboo), ija biqilootaa, barruu harkaa, faana miilaafi kan kana fakkaatan halluun tuquun yookiin halluu dibuun wantoota adda addaa irratti gadi qabanii irraa kaasuun boca wantoota kanaa waan biraa irratti maxxansuudha. Malli maxxansaa kun maloota maxxansaa jiran keessaa mala salphaafi namni kamiyyuu haala salphaadhaan wantoota naannoo isaatti argamuun hojjechuu kan danda'udha. Fakkeenyaaf, baadiyaatti keenyaan manaa ega qulqulleessani booda wantoota naannooti argata fayyadamuun erga dibaniin booda harka isaanii, boca baalaafi kan kana fakkaatanitti dhimma bahuun kan daaraa bulbulamaa, cilee bulbulamaafi halluuwwa naannooti argatan keessa galchuun dhaaba manaa/ keenyaan irratti maxxansuun hojjatu.

Shaakala 5

Tartiiba asiin gadii hordofuun mala maxxansa kallattii baala biqilootaa fayyadamuun halluu bishaaniin gargaarami hojjedhu. Waan adeemsa hojii kanaa keessatti baratte immoo dareef gabaasi.

Hojii kanaaf wantoota barbaachisan

- Baala biqiltuu
- Daamaciaa /waan ittiin gadi qaban/
- Daawwitii /Wanta diriiraa akka daawwitiitti diriiraa yommuu harka irra oofan harka namaa hin quuqne/
- Halluu
- Dibduu /ispoonjii/
- Waan irratti maxxanfamu kan akka waraqaa, kilaaseraafi kan kana fakkaatan qopheessuu.

Akkaataa hojii isaa

- Baala biqilaa naannootti argamu tokko filachuu.
- Qaama baalaa sana haala gaariin diriirsanii susukkuumuun akka diriiru taasisuu.
- Halluu daawwitii yookiin waan biroo irratti dhangalaasuu.
- Baala qaamni isaa diriire kana halluu daawwitii yookiin waan biroo irratti dhangalaasame utuu itti hin baay'isiin irratti gadi qabuun daamaca [waan ittiin gadi qaban] irra gangalchuudhaan halluu dibuu.
- Baala halluu dibame kana akka hin dadachaanetti eeggachuudhaan waan irratti maxxanfamu kan akka waraqaa, kilaaseeriifi waan biroo diriiraa ta'e irratti erga diriirsinee booda baallii sun akka hin dachaanee eeggachuudhaan suuta jechuun gadi itti qabuu.
- Haala bocni baalaa sun bahutti erga sukkuumnee booda suuta jechuun baalicha irraa kaasuu.
- Boca baalaa waraqaa yookiin waan biraa irratti maxxanfamee argine sana irraa hubachuun boca baalichaa haaluma walfakkaatuun qindoomina itti uumuun deddeebisanii maxxansuu.
- Hojichi erga xumuramee booda akka gogu bakka sirrii ta'e kaa'uu.
- Mala hojii kanaatiin saxaxa waraqaa qofa irratti osoo hin taane huccuufi wantoota biroo irrattis maxxansuun akkasuma nidanda'ama. Fakkii kanaa gadii irraa hubadhu.



Fakkii 2:21. Fakkii suura maxxansa kallattii agarsiisu.

Shaakala 6

Maxxansa baalaa irraa saxaxa bareedaa kan akka paatarnii huccuuwwanii hojjedhuu agarsiisi.

2. Mala Maxxansaa Isteensilii


Ogummaan maxxansa isteensilii kan jalqabe biyya Roomaatti haa ta’u malee, yeroo booddee beekkamtummaa kan argate biyya Ameerikaatti akka ta’e seenaan ni ibsa. Akka ogummaa og-argaatti, isteensilii jechuun saxaxa/boca tokko qopheessanii kutanii keessaa baasuun waraqaa biroo irratti maxxansuu yookiin waraqaa qopheessanii haala saxaxni barbaadameen dachaasanii kutuu/muruu jechuudha. Mala kanatti gargaaramuun namni saxaxa hojjechuu danda’u kamiyyuu akka fedhetti saxaxa barbaade maxxansuu nidanda’a. Isteensilii waraqaa, pilaastikaa, huccuufi kan kana fakkaatan irraa hojjechuun nidanda’ama.

A. Saxaxa barbaadame dachaasanii kutuun/ muruun hojjechuu


Hojii kanaaf wantoota barbaachisan

- Waan saxaxni irraa qophaa'u waraqaa, huccuufi kan kana fakkaatan
- Waan qara qabu (maqasii, qarabaafi kan kana fakkaatan)
- Waan irratti maxxanfamu
 - Waraqaa
 - Huccuu
 - Halluufi dibduu halluu
 - Mukaafi kan kana fakkaatan


Akkaataa hojii isaa




- Waraqaa iskuweerii ta'e tokko shaffaxa dachaasuu.




- Waraqaa shaffaxaa dacha'ee sana gidduu isaa eeguun walitti dachaasuu.



- Waraqaa sana gidduu isaa eeguun akkuma isa duraa sanatti lammaffaa walitti dachaasuu.



- Waraqaa kana erga haala kanaan dadachaafne booda qarqara isaa lamaan qubeessaa/ maarkariin xixiqqeessinee haala saxaxa uumutti bakka muramee keessa bahu sararuu.



- Waraqaa haala saxaxa akka uumuu danda'utti dadacha'ee qubeessaan/maarkariin irratti wixiname sana muranii keessaa baasuu.



- Waraqaa haala saxaxa akka uumuu danda'utti dadacha'ee murame sana waan saxaxni sun irratti hojjetamu irratti diriirsuu.




- Isteensilii waraqaa irraa qophaa'e kana halluu dibduudhaan dibuu yookiin meeshaa biifaatiin itti biifuu.
- Waan saxaxni sun irratti maxxanfame irraa suuta jechuun isteensilii irraa kaasuu.
- Halluun dibame sun akka gogu gochuu.

Shaakala 7

Tartiiba hojii isteensilii baratte buu'uura taasifachuun asiin gadii erga sirriitti dubbisteen booda, tartiiba isaa hordofuun hojjedhu.

B. Saxaxa muranii keessaa baasuun waraqaa biroo irratti maxxansuu




Akkaataa malli hojiin isteensilii kun itti qophaa’u duraan dursanii saxaxa barbaadame tokko qopheessanii keessaa kutanii /muranii/baasuun isteensilii barbaadame qopheessuudha. Saxaxa barbaadamu kanas hojjechuuf bakka halluun dibamuufi hin dibamne addaan baasuun barbaachisaadha. Kunis bakka halluun dibamuu qabu osoo hin beekiin akka kutamee keessaa hin baane eeggannaa gochuufi.

Saxaxni barbaadame erga kutamee keessaa ba’ee booda, waan irratti akka maxxanfamuuf barbaadame irra isteensilii qophaa’e sana kaa’uudhaan (diriirsuudhaan) halluu itti biifuu yookiin dibduudhaan keessa dibuun saxaxa barbaadame irratti hojjechuudha. Haala hojii kanaa akka fakkeenyaatti fakkii boca qubeewwanii kanaa gaditti kaa’ame irraa hubachuun nidanda’ama.

O G U M M A A


- Boca qubee akka asiin oliitti qopheessuu.



- Boca qubee qophaa'e akkaataa asiin oliitti muranii keessaa baasuu.



- Boca qubee muramee keessaa baafame dibduu yookiin ispoonjiin keessa isaa of eeggannoodhaan dibuu.



- Of eeggannoodhaan isteensilii irraa kaasuu.

OGUMMAA

Bu'aan hojii inni dhumaa kana fakkaata.

2.2 Shaakala Solfeejiyoo Guurressa Yaadannoofi Baatii

Ga’umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Hiikaafi Faayidaa solfeejiyoo adda baastee nihimta.
- Nootaalee akaakuu garagaraa ni dubbista.
- Guurressa yaadannoofi Baatii adda baastee ni ibsita

2.2.1 Solfeejiyoo

Gocha 7

- a. Solfeejiyoon maali?
- b. Solfeejiyoon maal maal ofkeessatti qabata?
- c. Faayidaan solfeejiyoon muuziqaa keessatti qabu maal faadha?

Solfeejiyoo jechi jedhu Afaan xaaliyaanii sool faa ... kan jedhu moggaasa sagaloota muuziqaa irraa kan dhufe yoo ta’u hiikkaan isaa saayinsii waa’ee dandeettii gurri namaa muuziqaa dhaggeeffachuuf qabuufi rukutaa irratti hubannoo isaa itti gabbifatuudha. Solfeejiyoon riitimii ykn rukuttaatti fayyadamuun yeedaloo ykn dhandhama sagalee adda baasnee gurra keenya akka shaakalsiisnuuf nugargaara. Rukuttaalee nootaa muuziqaatiin barraa’an harka rukutuun, miilaan lafa rukutuun ykn sagaleedhaan akka gatii rukutaa isaan qabaniitti yoo dubbisne solfeejiyoo barachaa jirra jechuu dandeenya. Rukutaa mallattoolee adda addaa gurraan dhagenyuun yoo barreessine solfeejiyoo barachuu ta’uu danda’a. Muuziqaa barreessuufis ta’ee dubbisuuf solfeejiyoo beekuun barbaachisaadha.

Sochiin sirboota aadaa adda addaa shubbisa ykn dhiichisa isaa yoo ilaalle sochii namootni harka rukutuufi dibbee rukutuun shubbisan akka fakkeenyaatti yoo fudhanne qabiyyee solfeejiyoo of keessaa qaba.

1. Faayidaa Solfeejiyoo

Solfeejiyoon akkuma barnoota kanneen biroo adeemsaan /shaakalaan baratama. Ga'ee solfeejiyoon saayinsii muuziqaa keessatti taphatuufi dandeettii muuziqaa horachuuf gumaachu ol-aanaadha.

Akkuma beekamu muuziqaa keessatti sirboonniifi faaruwwan garagaraa miidhaganiifi qindaa'anii miira namaa hawwataniifi kaka'uumsa namatti uuman mara isaaniif bu'uurri ulaagaleewwan solfeejiyoon of keessatti hammatuudha. Fakkeenya gatii turtii nootaalee asiin gaditti tarreeffaman ilaali.



2. Nootaalee Dubbisuufi Rukutaa Shaakaluu

Nootaalee yeroo dubbisnu yookaan yeroo shaakallu tooftaalee garagaraatti fayyadamnee shaakalla. Nootaaleefi boqonnaaleen gosoota garagaraa akkuma jiran rukutaa adda addaa of keessaa qabu. Kanaaf nootaalee kanneen sagalee qabaniifi boqonnaaleen gosootni garagaraa akkuma jiran turtii yeroo rukutaa adda addaa of keessaa qabu.


Kanaaf nootaaleefi boqonnaalee kanneen akkaataa turtii yeroo rukutaa isaanii irratti hundoofnee dubbisna. Nootaalee yeroo dubbisnu yookiin yeroo shaakallu harka keenyaan minjaala rukutuun yookiin miila keenyaan lafa rukutuun adeemsa rukutaa saffisa dhaabbataa qabuun shaakalla.

Gocha 8

1. Rukuttaalee nootaan barraa'an asiin gadii haaluma dura barattaniin wal yaadachiisuun dubbisuu shaakali.



Shaakala nootaalee kanneen sagalee qabanii

1.




2. Nootaalee tuqaan cinaa isaanii yoo jiraate immoo gatii dura qaban irratti walakkaa gatii ofii isaanii dabalachuun dubbifamu.

Fakkeenya:



Hub: Sararri oliifi gadee nootaa jala jiru qaama nootichaa osoo hintaane hanga sirriitti dubbisuu bartanitti gatii turtii isaanii lakkaa'uuf akka salphatu qofaaf.

3. Boqonnaalee kanneen sagalee hinqabne afaaniin cal'isii gatiin isaanii harkaan lakkaa'aa dubbisuu yaadadhu.



- I. Harka kee walitti rukutuun ykn minjaala dhahuun **taa** ykn **laa** jechaa rukuttaalee asiin gadii shaakali.

1.




2.




3.






Fakkenya 2


1.



2.



3.




4.




II. Walitti dhufeenya nootaalee asiin gadii ilaali.

1.




2.




III. Nootaaleefi boqonnaalee wal keessa dubbisuun shaakali.


1.



2.



3.




4.






3



5.




6.



7.



8.



9.



10.

2.2.2 Guurressa Itoophiyaa

Muuziqaan biyya keenya iskeeliin isaa peentaatoonikii jedhamuun beekama. peentaatoonikiin jecha Afaan Giirik irraa dhufee ta'ee Peentaa jechuun afaan Giriikiin shan jechuu yoo ta'u, Toonikii jechuun immoo sagalee guutuu jechuudha. Peentaatoonikiin muuziqaa biyya keenyaa guurressi isaa oktaavii tokko keessatti sagalee shan kan qabuudha.

Haala Guurressa Sagalee Muuziqaa Biyya keenyaa

Guurressa jechuun isa afaan amaaraan 'Qinyiit' jedhamu yoo ta'u, kunis ijaarsa sagalee furdaa irraa gara qal'aatti ykn qal'aa irraa gara furdaatti sirreeffama walduraa duuba sagalee seera qabeessa ta'e jechuudha.

Guurressa biyya keenyaa keessaa muraasni kan asiin gadiiti.

- Yaadannoo (Tizzitaa)
- Baatii


a. Guurressa yaadannoo

Guurressi yaadannoo, meejariifi maayinarii jedhamuun bakka lamatti qoodama.

Akkaataan ijaarsa yaadannoo meejarii sagaleewwan muuziqaa addunyaa torban jiran keessaa jalqaba irraa kaanee sagalee **arfaffaafi torbaffaa** keessaa basuun kan hafan shananiin taphatama. Akkasumas yaadannoo maayinariin immoo dabalataan sagalee sadaffaafi jaa'affaa tarkaafii walakkaan gara duubatti deebi'uun taphatama.

Fakkeenya: Yaadannoo meejarii C, D, E, G, A, C


Isas haala asiin gadiin piyaanoo yookiin kiiboordii xiqqaa irratti sagalee isaa shaakali.



Fakkeenya ijaarsa guurressa yaadannoo maayinarii kan asiin gadii fakkaata.

c, d, e^b, g, a^b, c

Isas haala asiin gadiin meeshaa muuziqaa irratti sagalee isaa shaakali.



Shaakala Yaadannoo maayinarii

Yeedaloo asiin gaditti barreeffaman barsiisaa/tuu keessan waliin faarsuun shaakali.

☞ Yeedaloo Yaadannoo meejarii irratti xiyyeeffate akka asiin gadiitti kiiboordii xiqqaa irratti shaakali.

1.



Doo Ree Mii sool laa doo laa sool mii ree doo

2.



Do sol sol mi do re sol la sol do la sol mi re doo...



Doo sol sol mi do ree do laa sol do la sol mi re doo....



do do sol sol la la sol.... mi mi re re do do re do


3.

b. Guurressa Baatii

Guurressi Baatii akkuma kan yaadannoo Baatii meejariifi Baatii maayinarii jennee bakka lamatti qoodna. Guurressa Baatii meejarii yeroo ijaarru sagaloota torban jiran keessaa sagalee lamaffaafi ja'aaffaa keessaa baasne ijaarra. Yeroo Baatii maayinarii taphannu immoo sagalee sadaffaafi torbaffaa irratti tarkaanfii $\frac{1}{2}$ n duubatti deebinee taphanna.


Fakkeenya: 1. B Meejarii C, E, F, G, B, C

Isas haala asiin gadiin kiiboordii irratti shaakali.



Fakkeenya 2. D F[#]G A C[#]D

Fakkeenya 3. B maayinarrii c, e^b, f, g, b^b, c



Fakkeenya 4. e, g^b a b d^b e

2.3. Shubbisa Aadaa

Gocha 10

- a. Shubbisni aadaa haala kamiin shubbifama?
- b. Shubbisni aadaa naannoo keessanitti yoom yoom taphatama?
- c. Shubbisa aadaa naannoo keessanii gareen ta'uun mari'adhaatii gochaan agarsiisaa.

Og -gochaa keessatti shubbisni sochii namaafi rukutaa irratti hundaa'uun daawwatoota bashannansiisuuf kan tajaajilu ta'ee dhimma hawaasummaafi aadaa kan ibsuu, akkasumaas, hawwannaa artistaawaafi naamusa mataa isaa kan qabuudha. Kana malees, shubbisni sochii dhuunfaarraa hanga gareen ta'uun argisiisuu dabalata. Dabalataanis, shubbifni kan shubbifamu bakka daawwattoonni hin jirretti ofii itti bashannanuuf hirmaannaa gochuuf, akkasumas, iddoo daawwattoonniifi leellistoonni jiranitti agarsiisa dhiyeessuun bashannansiisuuf hojiirra oola.

- **Shubbisaafi dhaabbii qaamaa**

Shubbisni yeroo shubbifamu xiyyeeffannaan guddaan kan kennamu kallatti sochiin qaamaa hawwataa ta'e itti geggeeffamuudha. Kana jechuun kutaa qaamaa yookiin guutummaa qaamaa karaa hedduu sochoosuun raawwata. Fakkeenyaaf kutaa qaamaa guutummaatti yookiin gartokkoo isaa naannessuu, dachaasuu, diriirsuu, utaaluufi ofirra garagaluu of keessatti hammata. Sochiiwwan kana walitti qindeessuun akkaataa sochii isaa jijjiiraafi irra deebi'aa rukutaa faana bifa miira namaa qabuufi bo'aarsuu danda'uun shubbifni shubbifama.

Haala kanaan, shubbifni irra deddeebiin agarsiifamu kan iddoo biraatti shubbifamu irraa garagarummaa qabaachuun aadaa ta'ee saba tokko kan biroo irraa adda akka ta'u taasisa jechuudha.

Fakkeenyaaf, shubbisa shawaa yoo fudhanne haalli raawwi isaa dargaggoonnifi shamarroonni tooraan hiriirani; gareen shamarranii miila, harmaafi morma isaanii walsimsiisanii sochoosaa harka isaanii immoo mudhii irra kaawwatanii hariitiin yeroo shubbisan, gareen dargaggootaa immoo miila, harkaafi morma walsimsiisuun shubbisu.

Shubbisa keessatti sochii qaamaa taasifamu irra deddeebiin yeroo dheeraaf shaakala gochuun caalatti akka gabbatuufi bal'atu taasisuun ni danda'ama.

• **Faayidaa shubbisni hawaasa keessatti qabu**

Sabni kamuu aadaa shubbisaa adda ta'e kan ofii isaa qaba. Uummata walitti fiduufi walitti hidhuu keessatti shubbisni karaa ta'uun faayidaan inni kennu kan salphaatti ilaalamu miti.

- Faayidaa shubbisaa keessaa muraasni:
- Walitti dhufeenyaafi tokkummaa hawaasaa cimsaaf
- Miira walgargaarsaa hawaasa keessatti uumuufi dagaagsuuf
- Aadaa saba tokkoo tursiisuufi kunuunsuuf
- Amantii, ilaalcha, seeraafi sona hawaasa tokkoo calaqqisiisuuf

Dabalataanis, shubbifni yeroo shubbifamu tokkoon tokkoo kutaa qaama namaa sochii waan godhuuf jabeenyaafi fayyummaa qaamaa dabaluufillee ga'ee guddaa taphata.

2.4. Yaada Og-Tiyaatiraafi Og-Fiilmiif Barreessuu

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Yaada og-tiyaatiraafi og-fiilmiif barreessuu jechuun maal akka ta'e ni ibsita
- Yaada bartaphee og-tiyaatiraafi fiilmiif ta'u nikalaqu
- Yaada kalaqame baratpheetti jijjiiruun nibarreessu

Gaaffii hubannoo

1. Yaada og-tiyaatiraafi og-fiilmiif ta'u barreessaan tokko eessaa argata jettee yaadda? Hiriyyoota kee waliin irratti mari'adhaatii waliif ibsaa.

Dhalli namaa jiruuf jireenya isaa gaggeeffachuuf waan baay'ee buusee baasee yaada. Yaadni kunis, bu'aa waa yaaduuti. Karaa biraatiin yaadni oomisha dhumate miti. Ka'umsa jalqabbii waan tokkooti. Barreessitoonni waan barreeffamu nibarbaadu. Kanaaf, amala waa daawwachuu qabu. Daawwannaan kunis, namoota, iddoowwaaniifi wantoota nannoo isaaniitti argamaniidha. Barreessitoonni waan argan, waan dhagahaniifi waan isaan muudate barreessuun amala isaaniitti. Barreessuuf qabxiilee asii gadii kana hordofi.

- Naannoo kee daawwadhu
- Barreessi
- Hojiirra oolchuuf yaali

Barreessuu jechuun yaada sammuu keenya keessatti uumame tokko barreeffamaan ibsuu jechuudha. Wanti barreessinu bakka bu'aa suura sammuu keenya keessati. Kana jechuun hiika yaada sanaa bifa barreeffamaan ergaa dabarsuu jechuudha. Adda baasuu yookan gurmeessuun bifa barreeffamaan ibsuudha. Yeroo waa barreessinu barreeffamni keenya tartiiba asiin gadii kana keessa darbuu qaba.

- Barreessuu dura
- Tartiiba qabsiisuu
- Keessa deebi'anii barreessuu
- Gulaaluu
- Maxxansuu

Yaada bartapheef kalaquu yommuu jalqabnu kanneen asiin gadii kana beekuun barbaachisaadha.

- Eessaa garamitti deema?
- Eenyu waliin hojjechuun qaba?
- Saffisa akkamiin hojjechuun qaba?
- Maaltu ta'uuf deema
- Bartaphee barreessuuf yaada eessaa arganna?

Hojiiwwan pirodaakshinii og-tiyaatiraafi og-fiilmii keessatti yaada **bartapheef** barreessuun isa ijoodha. Caacculee tiyaatiraa keessaa baayyee barbaachisaafi gara gochaatti kan jijjiirramu ta'ee, tapheen argamuuf dirqama dhihaachuu kan qabu barruudha. Karaa biraatiin maqaan barruu kanaa **bartaphee** jedhama. Furtuun barreeffama bartaphee tiyaatiraas ta'e kan fiilmii inni tokko waldiddaadha. Taatonni galma gahuuf deeman qabaachuu qabu. Garuu, galma yaadan sana bira gahuuf waldiddaa falmisiisaafi gufuun itti baayyate keessa darbuun dirqama. Yoo waldiddaan keessa hinjiraannee seenaan keenya bushaa'afi nuffisiisaa ta'a. Yaadolee bu'uuraa seenaa og-fiilmiis ta'ee og-tiyaatiraaf wantoota akka galaalchaa, kitaabilee, mudannoo, fiilmirraa, mana tiyaatiraa, dubbirraa, walitti bu'insa namaatirraa, fakkiiwwaan adda addaarraa, seenaa nama dhuunfaarraa, muuziqaa og-tiyaatirarraa tapha namoonnii waliin taphatan, haala jireenya hawaasa naannoo tokko jiraatu, jireenya nama dhuunfaafi hawaasaafi kanneen kana fakkaatanirraa argama.

Bartapheen og-fiilmii xiyyeeffannoon isaa kaameeraa yoo ta'u, kan og-tiyaatiraa waltajjiidha. Kana jechuun bartapheen og-fiilmii akka waraabbii kaameeratiif

ta'utti barreeffama. Kan og-tiyaatiraa immoo akka waltajjii tiyaatiraatiif ta'utti kan barreeffamuudha.

2.4.1 Tooftaalee Bartaphee Gaarii Barreessuuf Gargaaran

Bartaphee gaarii tokko yeruma dubbistu fuula jalqabaafi yaada jalqabaatirraa hubachuun nidanda'ama. Akkaataa itti barreeffameen, haala jechoonni qindatanii fuula waraqarratti barreeffamani, haala seenaan itti qindaa'een, seensa taatoo jabaa seenichaatiin, haala jabina diraamichaatiin bartaphee gaarii yookaan bareedaa tokko beekuun nidanda'ama. Qabxiileen asiin gadii tooftaalee bartaphee gaarii barreessuuf nugargaaraniidha.

1. Yaada ijoo jechuun maali? Yaada ijoo jechuun dhimma ijoo barreessinu jechuudha. Dhimma ijoo barreessinu argachuuf hawaasa barreessinu keessa seenuun irratti qorannoo taasisuudha.
2. Yaada baballisuu
3. Taphachuu (tapha jiru keessatti qooda fudhachuu)
4. Addunyaa naannoo ofii ilaaluu
5. Muuxannoo namootaa qooddachuu

Wantoota bu'uura yaada bartaphee uumuuf gargaaran keessaa muraasni isaanii kanneen asiin gadii akka fakkeenyaatti ilaaluu dandeenya. Isaanis:

- A) Yaada bartaphee Miidiyaa hawaasaarraa argachuu: oduu miidiyaa hawaasaa irratti darbu yaada bartaphee ta'uu kan dand'uuf dhimma ta'ee nama tokkoo yookaan waan garagaraa waan xiyyeeffatuuf yaada bartapheef oolan argachuu dandeenya.
- B) Yaada bartaphee ragaa hawaasaa addaddaarraa: kunis ragaawwaan hawaasaa ol kaa'aman yeroo dheeraaf turan irraa yaada bartaphee argachuudha.
- C) Yaada bartaphee muuxannoo jireenyaarraa: Yaada bartaphee muuxannoo jireenyaarra haala salphaa ta'een arganna. Muuxannoon jireenya madda odeeffannoo bal'aa qabaachuu waan danda'uuf.
- D) Yaada bartaphee miira irraa: Haalli akkanaa immoo namoonni amala mataa

isaaniifi amala adda ta'e agarsiisan hawaasa keessatti baay'inaan waan argamaniif yaada bartapheef oolan miira namni agarsiisu ykn amala namni agarsiisu irraa argachu danadeenya.

- E) Yaada bartaphee gaaffilee garagaraa irraa: kana jechuun gaaffilee addaddaa kaasuun yaadota bartapheef fayyadan uumuu jechuudha. Fkf: Gaaffiiwwan bu'uura yaad ijoo of gaafachuu: Qoricha haadha manaa ykn fira nama irraanfachiisu yoo fudhanne, maaltu ta'a jennee yaaduufi kkf dha.

Adeemsa yaada bartapheetti jijjiiruu

Adeemsa yaada bartapheetti jijjiiruuf wantoota asiin gadii kana hubachuun ni danda'ama. Kunneenis:

1. Yaada ijoo ykn ergaa yaada kalaqaa murteessuu
2. Addunyaa seenaan keessatti raawwatu adda baafachuu
3. Seenaa kalaqaa gabbisuu
4. Namfakkiiwwaniif walitti dhufeenya isaanii cimsuu
5. Yaada irra dedddeebiin xiixaluu
6. Bartaphee barreessuu

Keessumaa, waliin dubbii gaariifi bilchaataa argachuuf tooftaan gaaffiifi deebii taasisuu bakka olaanaa qabaata. Fakkeenya kanaa gadii hubadhu. Akkasumas, yaada bartaphee tokkoo yeroo barreessinu akkaataa jalqabbii bartaphee seera isaatiin akka jalqabamu fakkeenya kanaa gadii irraa hubachuun nidanda'ama.

Raawwii Tokkoffaa

Mil'uu 1^{ffaa}

Bakki isaa mana barumsaa keessatti waktii boqonnaa barattootaatti. Liibaniifi Lalisaan Gaaddisa jala taa'uun mul'atu

Liiban: Eenyu ati?

Lalisaa: Baruu maaliif si barbaachise?

Liiban: Baruu barbaadeeni.

Lalisaa: Ana hidhuu hindandeessu. Kana gochuu deemta mitii?

Liiban: Maaliifan sana godha?

Lalisaa: An nama qophaa daandii irra jiraatu. Yoo gootees ana hin dhibu.

Liiban: Maaliif daandii irra jiraatta?

Lalisaa: Kanarra waanan beeku hinqabu. Of dhabeen of barbaaduu daandiitti ba'e natti fakkaata gaafan yaadu.

Liiban: waa'ee maalii?

Lalisaa: Hojii argachuufi dhabuu Kan abbaan Koo jedhe sana

Liiban: Abbaan kee manaa si ari'ee?

Lalisaa: Gara barnootaafi hojiitti akkan deebi'u barbaadu

Liiban: umuriin kee meeqa?

Lalisaa: Kudha ja'a. Umuriin kee ga'aadha.

Yoo xiqqaate kan abbaan koo jedhuum.

Liiban: Maaliif inni sana jechuu barbaade?

waliin dubbii kana hubadhu

Akkuma bartaphee barreessuun seera mataa isaa qabuufi akkaataa ittiin barreeffamu hordofu fiilmmiinis seeraafi foormaatii kan mataa isaa qaba. Sababni isaa fiilmiin ija kaameeraa irratti xiyyeeffannoo guddaa waan qabuuf hojiin waraabbii isaas kaameeraa waliin wal simataa deema.

Kanaaf, yaada fiilmiif barreessuu keessatti yaadni fiilmii akkuma bartaphee barreessaan sammuu isaatiin dandeettii kalaqa isaa gargaaramuun buusee baasee addunyaa barreessuu keessatti ergaa fiilmiidhaan dabarfachuu barbaade gara fiilmiitti jijjiiree barreessuun yaada isaa ibsata. Adeemsa kana keessatti fiilmii barreessuun foormaatii kanaa gadiitti dhiyaate hordofee barreeffama.

Kanaaf, fakkeenyi kanaa gadiitti dhiyaate akkamitti akka Barruun Fiilmii

barreeffamuufi yaadni fiilmii maal akka ta'e ibsa.

FEED'IINII/FADE IN:

KEESSA- GOLA-GANAMA

*Iddoonsaa mana abbaa Tolaafi Haadha Tolaati. Abbaan Tolaa haadha
Tolaa waliin dudubbata*

ABBAA TOLAA

Gurbaan sun qe'ee dhiise bade jedhan mitii? Achi buuteensaa homaa
hindhaga'amnee?

HAADHA TOLAA

Maal dhaga'ama jettaniiti, homtuu waanti dhaga'ame hinjiru.

ABBAA TOLAA

Gaaddisumtisaayyuu qoricha ture. Gubumasheetu manaa baase.

HAADHA TOLAA

Gubaadharee abbaa Tolaa koo! Har'a gahuunsaayyuu...

(Yaadashiin niseenti)

YAADASHII

Ijoo warra manaa!

HAADHA TOLAA

Eenyu? Seenaa! Yaadashi, si'ii edaa? Oluma seeni!

ABBAA TOLAA

Utuma nuyi afaanii si qabnuu dhuftee...oluma seeni!

YAADASHII

Waa'ee kiyya ni haasoftu jechuudhaa?

HAADHA TOLAA

Maarree! jaarsi kun maqaa kee lafa hinkaa'u.

ABBAA TOLAA

Gaariis ta'u, hamaas ta'u waa'een nama jiruu akkamitti haasa'uun hafa? Gurbaan kun garaa kutateetuma sirraa citee? Achi buuteesaa waan dhageesse hinqabduu?

YAADASHII

Maaloo maaloo maqaasaa natti hinkaasinaa, achi buuteensaayyuu hindhaga'amin, maal naa godhe?

ABBAA TOLAA

Lakkii dhiisi! gaaddisumtisaayyuu qoricha turee...

YAADASHII

Gaaddisa maalii qaba kun? Isumaa wajjin jiraachuun gubaadha. Kunoo erganni deemee rakkina koo malee waanti akkasaatti na gubu hinjiru. Amma ka'een gala mee.....nagaatti oolaa!

(ni baati. Haati Tolaa geggeessuuf duukaa baati. Abbaa Tolaarraa siqanii sagaleesaanii gad qabatanii wajjin haasa'u)

YAADASHII

Anoo abbaa Tolaan sodaadhe malee waa rakkadheeni haadha Tolaa koo!

HAADHA TOLAA

Maal rakkatteree? Maal si gargaaru? *(miiraa mararfaannaatiin)*

Yaada bartahee fiilmiif barreessuu

Akkuma og-tiyaatira keessatti yaada bartapheef barreessu barattan qabiyyee kana keessattimmoo yaada og-fiilmiif barreessuu barattu. Yaada og-fiilmiif barreessuu keessatti wantoota murteessoo ta'an asiin gadii kana hordofuu dandeenya.Isaanis:

1. Dhuma seenaa irraa eegaluu
2. Amala fiilmii adda baafachuu
3. Muuxannoo ofii irratti hundaa’uun dandeettii ofii adda baafachuu
4. Yoomessa murtaa’aa ta’e qabaachuu ykn daangessuu
5. Bakka qorannoodhaan adda bahe qabaachuu ykn filachuu
6. Sadarkaa isa dhumaa keessatti, wantoota akka meeshaalee fiilmii keenya keessatti barbaachisan kan akka uffata taatotaa, dibata taatotaa, teeknikoota hunda hanga maallaqaa barbaachisuu dabalateefi kkf murteessuu.

Cuunfaa Boqonnaa 2

- Diba halluu jechuun halluu dibaafi wantoota birootti gargaaramuun dirraa fuula jajjaboo qaban irratti fakkii, saxaxaafi ogummaan miidhaginaa kan ittiin dalagamudha. kanaaf, Hojii diba halluu keessatti, halluun isa ijoo ta'eefi bakka bu'aa kan hin qabnedha.
- Toonii/ vaaliyuun ifummaafi dimimmisummaa halluuti.
- Amalli wanti tokko dhuunfaatti qabu dambaliiwwan isa kaan of keessatti liqimsee yeroo hambisu isaan kaan immoo balaqqeessisuun agarsiisa.
- Wantoonni addunyaa irratti argaman kan uumamaafi nam-tolchee ta'an halluu /bifa/ garagaraatiin kan miidhaganidha.
- Bifti/Halluuwwan naannoo keenyaa ijaan ilaaltee maqaa dhoofnee addaan baafannu kun akka ija keenyatti nutti mul'atan kan taasisu ifa aduuti.
- Ispeektiramii jechuun halluuwwan piriizimii yookiin coba/finiinsa bishaanii keessa dabanii darbuun uumaman toorba. Isaanis maqaa "VIBGYOR" jedhamuun beekamu.
- Halluuwwan kunniinis diimaa irraa gara dhiilgeetti yeroo deeman tartiibaan dambaliin isaanii xiqqaachaa adeema.
- Tooftaalee hojiin og-argaa bakkeewwan garaagaraatti wantoota adda addaan hojjetamaa tureefi ittiin hojjetamaa jiru keessaa isaa tokko ta'ee, dhalli namaa bara durii jireenya rakkiisafi holqa keessa jirachaa turee irraa eegale itti fayyadamuufi ergaa ittiin dabarsataa kan turedha.
- Jechi halluu jedhu maqaa waliigalaa kan halluu maraaf dhaabbatu/bakka bu'udha.
- Dibni halluu hedduminaan halluutti dhimma bahuun meeshaalee kanneen akka dibduu/ brush/ Fallaana dibduu halluu, ispoonjiifi kan kana fakkaatiin fayyadamuun qaama irratti hojjachuun barbaadame irratti kan dalagamudha.
- Diba halluu wantoota dhangala'oo yookiin dhoqonaa'oo ta'an kan

jiidhinsaafi haala qilleensaa dandamatanii yeroo dheeraaf turuu danda'an irraa kan hojjetamanidha.

- Halluuwwan bu'uuraa ifaan argaman sadan kana tokko tokkoon isaanii dabaree dabareedhaan yoo walitti makaman halluu sadarkaa 2^{ffaa} xiyya ifaa nuuf kennu.
- Halluuwwan sadarkaa tokkoffaa, halluuwwan haadhoo yookiin bu'uuraa jedhamanii nibeekamu.
- Halluuwwan sadarkaa sadaffaa halluuwwan giddu galeessaa jedhamanii beekamu. Sababni isaan halluuwwan giddu galeessaa jedhamaniif, marsaa halluu irratti yeroo agarsiifaman yeroo mara halluu sadarkaa tokkoffaafi halluu sadarkaa lammaffaa gidduutti argamu.
- Maxxansi adeemsa artiistaawaa barreeffama, saxaxa, fakkiifi kan kana fakkaatan hojjachuudhaan maloota adda addaa fayyamuun karaa wantoota biroo irratti ittiin darbuu ta'e, ergaafi saxaxa tokko bifa wal fakkaataa ta'een namoota hedduu dhaaf baay'isuun karaa ittiin dabarfamuudha.
- Ogummaan maxxansa isteensilii kan jalqabe biyya Roomaatti haa ta'u malee, yeroo booddee beekamtummaa kan argate biyya Ameerikaatti akka ta'e seenaan ni ibsa.
- Soolfeejiyoon hiikkaan isaa saayinsii waayee dandeettii gurri namaa muuziqaa dhaggeeffachuuf qabuu fi rukutaa irratti hubannoo isaa itti gabbifatudha.
- . Ga'ee solfeejiyoon saayinsii muuziqaa keessatti taphatu fi dandeettii Muuziqaa horachuuf gumaachu ol-aanaadha.
- . Guurressa (Sirreeffama walduraa duuba sagalee) yeroo jennu ijaarsa sagalee furdaa irraa gara qal'aatti ykn qal'aa irraa gara furdaatti tarreeffamu jechuudha.
- Barreessuu jechuun hiika isa jalqabaa fayyadamanii ibsuu jechuudha.
- Hojiiwwan oomisha og-tiyaatiraafi og-fiilmii keessatti yaada bartapheef barreessuun isa ijoodha.

- Bartapheen og-fiilmii xiyyeeffannoon isaa kaameeraa yoo ta'u, kan Og-tiyaatiraa waltajjiidha.
- Yaada bartaphee burqisiisuuf tooftaa garagaraa keessa darbuun barbaachisaadha. Tooftaan kunneenis

- A) Yaada bartaphee Miidiyaa hawaasaarraa argachuu: oduu miidiyaa hawaasaa irratti darbu yaada bartaphee ta'uu kan dand'uuf dhimma ta'ee nama tokkoo yookaan waan garagaraa waan xiyyeeffatuuf yaada bartapheef oolan argachuu dandeenya.
- B) Yaada bartaphee ragaa hawaasaa addaddaarraa: kunis ragaawwaan hawaasaa ol kaa'aman yeroo dheeraaf turan irraa yaada bartaphee argachuudha.
- C) Yaada bartaphee muuxannoo jireenyaarraa: Yaada bartaphee muuxannoo jireenyaarra haala salphaa ta'een arganna. Muuxannoon jireenya madda odeeffannoo bal'aa qabaachuu waan danda'uuf.
- D) Yaada bartaphee miira irraa: Haalli akkanaa immoo namoonni amala mataa isaaniifi amala adda ta'e agarsiisan hawaasa keessatti baay'inaan waan argamaniif yaada bartapheef oolan miira namni agarsiisu ykn amala namni agarsiisu irraa argachu danadeenya.
- E) Yaada bartaphee gaaffilee garagaraa irraa:kana jechuun gaaffilee addaddaa kaasuun yaadota bartapheef fayyadan uumuu jechuudha.
- Fkf:Gaaffiiwwan bu'uura yaad ijoo of gaafachuu:Qoricha haadha manaa ykn fira nama irraanfachiisu yoo fudhanne,maaltu ta'a jennee yaaduufi kkf dha.

Gilgaala Boqonnaa 2


II. Gaaffilee asii gadii hima sirrii ta'eef “dhugaa” kan sirrii hin taaneef immoo “Soba” jechuun deebii kee barreessi.

1. Uumama gaaddidduuf/gaaddisaaf sababa kan ta'e dabee darbuu dhabuu xiyya ifaati.
1. Xiyyi ifaa halluuwwan torba of keessaa qaba.
2. Maxansi ogummaa diiba halluu keessaa isa baramaafi beekamaadha.
3. Sar Isaak Niiwtoon ifti burqa/ madda halluuwwan maraa akka ta'e mirkaneesse.
4. Halluuwwan walii faallaa fuullee walii jiran yoo walitti makne, halluu bifa miidhagaa ta'e nuuf kennu.
5. Ogummaan maxxansa isteensilii kan jalqabee biyya chaayinaatti.
6. Maxxansi kallattiifi isteensilii haaluma wal fakkaatun maxxanfama.
7. Halluuwwan qabbanaa'oo ta'an jechuun yoo harkaan tuqne kan nutti diilallaa'an jechuu miti.
8. Guurressa Baatii yeroo hojjannu sagalee 3^{ffaa} fi 6^{ffaa} keessaa baasna.
9. Muuziqaa taphachuu keessatti solfeejiyoon lafee dugdaati.
10. Baatii maayinariin Naannoo Oromiyaa keessatti baay'inaan itti faydamna.
11. Shubbisa agarsiisuuf uffata aadaa qofa nubarbaachisa.
12. Barreessuu jechuun og-tiyaatira qindeessanii dhiheessuu jechuudha.
13. Bartaphee gaarii tokko yeruma bartaphee sana dubbisan beekuun ni danda'ama.
14. Bartapheen og-tiyaatiraa xiyyeeffannoon isaa kaameeraadha.
15. Adeemsa bartaphee barreessuu keessatti gulaaluun isa jalqabaati.

II. Gaafilee asiin gadiitiif deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

- Halluuwwan giddu galeessaa jedhamanii beekaman isa kami?
 - Halluu adarkaa lammaffaa
 - Halluu sadarkaa tokkoffaa
 - Halluu sadarkaa sadaffaa
 - deebiin hin kennamne
- Halluuwwan asiin gadii keessaa dafee ija keenyatti kan mul'atu isa kam?
 - gurraacha
 - keelloo
 - dhilgee
 - Hunduu deebiidha.
- Hojii diba halluu dalaguuf kan oolu isa kami?
 - Dibduu
 - Fallaana dibduu halluu
 - Ispoonjii
 - Hunduu deebiidha.
- Hojii diba halluu keessatti, dirqama kan **hin** taane isa kami?
 - Yaad-hiddama halluu beeku
 - Meeshaalee halluun ittiin dibamuu fayyadamu
 - saxaxa malee diba halluu hojjachu
 - Amaloota halluwwanii beeku
- Kanneen asiin gadii keessaa ifa of keessa dabarsuun kan akka piriizimiitti tajaajilu isa kami?
 - Bishaan
 - Dhagaa
 - Sibiila
 - Hunduu deebiidha.
- Gosoota maxxansaa keessaa akuma jiruutti kan hojjatamu isa kam?
 - Isteensilii
 - Maxxansa kallattii
 - Maxxansa bilookii
 - Deebiin hinkennamne
- Halluuwwan naannoo keenyatti nutti mul'atan ilaaluuf kanneen asiin gadii keessaa murteessaa kan **hin** taane isa kami?
 - Ifa
 - Dirra
 - Ija
 - Deebiin hin kennamne.
- Halluuwwan nam-tolcheen ta'an qopheessuuf kan hin tajaajille isa kami?
 - Baala
 - Cilee
 - Biyyee
 - Deebiin hin kennamne.

9. Kanneen asiin gadii keessaa halluu ho'aa kan hin taane isa kami?
 A. Cuquliisa B. Diimaa C. Burtukaana D. Diimaa-burtukaanaa
10. Gatiin rukuttaa nootaalee asiin gadii walitti ida'uun bu'aa isaanii filadhu.



- A. 4 B. 3.5 C. 5 D. 3
11. Kanneen asii gadii keessaa Guurressi Baatii Meejarii kami?
 A. A B C[#] E F[#] A C. F A^b B^b C E^b F
 B. F A B^b C E F D. E^b F A^b B^b C^b E^b
12. C, D, E, G, A, C, guurressi muuziqaa barraa'e kun guurressa kami?
 A. Baatii maayinarii C. C, Yaadannoo maayinarii
 B. Baatii D. C, Yaadannoo Meejarii
13. C, E^b, F, G, B^b, C, guurressi muuziqaa barraa'e kun guurressa maalii jedhama?
 A. C, Baatii Meejarii C. C, Baatii maayinarii
 B. C, Yaadannoo maayinarii D. C, yaadannoo meejarii
14. Yaadni bu'uura og-tiyaatiraafi og-fiilmiif ta'u eessaa argama?
 A. Galaalcharraa C. Kitaabilee adda addaatirraa
 B. Muudannoo garaagaraatirraa D. Hunda

15. Kanneen asiin gadii keessaa tooftaalee bartaphee gaarii barreessuuf gargaaran kan hintaane kami?
- A. Tartiiba qabsiisuu B. Yaada ijoo C. Yaada babal'isuu D. Taphachuu

III. Deebii sirrii ta'e hojjedhuu agarsiisi.

- A. Diba halluu bishaaniifi zayitaa/ halluu argachuu dandeessanitti fayyadamuun fakkiiwwan adda addaa kan barbaaddan fakkeessaa.
- B. Sagaloota muuziqaa asiin gadii ka'uumsa godhachuun yaadannoo meejariifi maayinarii ijaari.
- a. D
- b. E^b
- c. E
- C. Sagaloota muuziqaa asiin gadii ka'uumsa godhachuun baatii meejariifi maayinarii ijaari
- a. G
- b. A
- c. A^b

BOQONNAA 3

Aadaafi Seenaa

3. Haala Guddina aadaafi Seenaa og-aartiiwwanii

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa Kanaa:

Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:

- Hiikaafi Faayidaa seenaa muuziqaa Oromoo nihubatta.
- Weellistootaafi shubbisitoota Oromoo beekamoo ta'an nibaratta.
- Meeshaalee ulfoo Oromoo muraasa nibarta.
- Aadaa Oromoo keessatti faayidaa meeshaaleen ulfoo qaban nihubatta.
- Beekumsa xabboo og-tiyaatiraafi og-fiilmiidhaan ni agarsiisu.

Seensa

Boqonnaa lama keessatti, akkaataa rukutta, guurressa Yaadannoofi Baatii gahee muuziqaa barachuufi taphachuu keessatti qaban barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo seenaa weellistootaafi shubbistoota beekamoo nibaratta.

Dabalataan immoo waa'ee gosoota meeshaalee Ulfoo, haala argama isaanii, walitti hidhatinsa isaan amantii wajjin qabaniifi faayidaaleen isaaniifi falaasama hawaasni Oromoo meeshaalee kanaaf qabu irraa ka'uun achii dhuftee duudhaa, seenaa, aadaa, amantiifi diinagdee hawaasichaa dhugeeffachuu si dandeessisu waan ta'eef boqonnaa kana keessatti nibaratta. Dhugeeffannaa kana irraa

ka'uunis garaagarummaa qabiyyee aadaafi amantii Oromoo yeroo duriifi kan ammaa gidduu jiru hanga ta'e tokko xiinxaluus si dandeessisa.

Akkasumas, sabni kamuu waan saba biraa irraa adda isa taasisu kan ofii isaa ta'e akka qabuufi beekumsaafi dandeettii isaatiin immoo jiruuf jireenya isaa gaggeeffachuuf waa kalaqee ittiin kan jiraatu akka qabu. Beekumsa xabbootummata Oromoo boqonnaa kana jalatti kan barattuufi akkaataa raawwii isaa immoo og-tiyaatiraan kan agarsiistu ta'a.

3.1 Seenaa muuziqaa weellistootaafi shubbistoota Oromoo

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Seenaa weellistoota Oromoo ni ibsita.
- Weellistootaafi shubbistoota Oromoo beekamoo ta'an nitarreessita.

Gocha 1

- a. Weellistootaafi shubbistoota naannoo keessanitti beekkaman jiruu?
- b. Weellistoota Oromoo beekkamoo ta'an kan beektu tarreessi.
- c. Muuziqaa weellistoota Kanneenii keessaa tokko fudhadhuu gochaan agarsiisi.

Itoophiyaan akkuma biyyoota kaanii biyya umuriifi seenaa dheeraa qabdu taatee sabaafi sab-lammootni seenaafi aadaa muuziqaa mataa isaanii qaban keessa jiraachaa turaniifi ammas jiraachaa jiraniidha.

Haa ta'u malee, to'annoo hawaas- dinagdeefi siyaasaa olaantummaa gamtokkee saba tokkoon baroota hedduuf to'atamaa turuu ishee irraa kan ka'efi seenaafi taatewwan dhugaan dhufanii darban barreessuudhaan dhalootaaf ragaa

qabatamaafi amanamaa kaa'anii darbuu dhiisuu isaanii irraa kan ka'e kitaabileen wabii hedduun hin jiran. Dabalataanis, Itoophiya keessa sabootniifi sablammoonni jiran akka fedhiifi aadaa isaanitti yeroo adda addaatti dhimma amantaa, sirna bulchiinsaa, hawaasumaafi aadaa isaanii ibsachuu keessatti muuziqaa haala garaagaraa fayyadamuun dhimma itti ba'aa akka turan ni himama.

Seenaan muuziqaa Oromoo, weellistootaafi shubbistootaas kan saba kaaniin adda miti. Ummanni Oromoo aadaa bal'aa kan qabuufi sirnoota bulchiinsa garagaraa keessa darbee kan as ga'eedha. Seenaan muuziqaa isaas aadaa isaa faana kan walqabatu ta'ee dhalootaa dhalootatti dabarsaa as ga'eera.

Muuziqaa uumuu, guddisuuu kunuunsuufi dhalootaa dhalootatti dabarsuu keessatti ga'een weellistoonnifi shubbistoonni qaban olaanaadha. Weellistoonni sagalee ummataa ta'uurra darbee ummanni akka dammaqu, aadaa isaa akka cimsu, duudhaa isaa akka jabeeffatuufi seenaa isaa akka yaadatu hojjetu.

Weellistoonnifi shubbistoonni Oromoo qeeqaafi quuqama sabichaa mi'eessanii, si'eessanii, fakkeessanii hawaasa biraan gahuu keessatti humnaafi utubaa ta'aa kan turan akka ta'an seenaa isaanii irraa hubachuun ni danda'ama. Weellistootaafi shubbistoota seenaa muuziqaa Oromoo keessatti shoora olaanaa qaban keessaa muraasa haa ilaallu.

Weellisaa Wasanuu Diidoo

Seenaa muuziqaa Itoophiyaa ammayyaa keessatti weellistoota Oromoo keessaa Wasanuu Diidoo isa tokko. Weellisaan kun bara 1930 A.L.I irraa eegalee walleewwan masiinqoo fayyadamuun sirbuun beekama. Weellistoota Afaan Oromoon weellisan dursee raadiyoorratti sirbe' jechuun kan isa ibsaniis jiru. Barri inni weellisaa ture bara walleen supheedhaan waraabamaa tureedha. 'Alam mangistaata bira deemna' kan jedhuufi 'Maasaan gamaa lafa hinbaatu,' kan jedhus dursee kan sirbe weellisaa Wasanuu Diidooti. Sadarkaa biyyaattis aadaa

agarsiisuu keessatti galma tiyaatira Hagar fiqiritti Afaan Oromoofi Amaaraan hojjetaa tureera.

Sirboota isaa uummata kakaasuuf weellisaa ture keessaa:

“Sangaa oofaa jennaan, oofnee baane Shaggariinii

Kaan shaniin bitata, kuun shantamaan bita gariini.

Abbaanis yoo du’ee ilma jiruu hin badu maqaanii

Yaa alaamaa qawwee, taa’an tola ‘Labaniinii’

Labaniin ni iyyaa, maarree yoo du’e jabaan gaafa biyyaa” jechuun abbaan gaafa biyyaa du’uus ilmi akka bakka bu’ee qabsoo itti fufsiisu weelluun ibsachaa tureera.

Kana malees, ‘Yaa masii masiinqoo’ jechuun masiinqootti dubbachaa kan inni sirbe ummata biratti jaalala guddaa argateera. Hangaftichi masiinqoo taphachuun beekamu Laggasaa Abdiillee Wasanuu Diidoo fakkeenya akka isaa ta’e dubbata.

Weellisaa Laggasaa Abdii

Laggasaa Abdii bara 1931 A.L.I. Shawaa kaabaa aanaa Abbichuu Yaayyaa Qacamaatti kan dhalate yoo ta’u aartii Oromoofi Itoophiyaa keessatti masiinqoo taphachuudhaan nama bakka olaanaa qabufi weellisaa Oromoo beekamaadha. weellisaa Laggasaa Abdii, abbaa isaa Obbo Abdii Daadhiifi harmee isaa aadde Foollee Guddataaf ilma tokkicha ture. Laggasaan jaalala tapha masiinqoon kan booji’me yeroo umuriin isaa gara waggaa 20 tahu gara magaalaa Shaggar dhaquun mana tiyaatiraa Hagar fiqiritti sirbuu eegale. Tiyaatiraa Hagar fiqir, galma tiyaatira biyyoolessaa, galma tiyaatiraa aadaa mana qopheessaa Shaggar, orkeestiraa poolisii, kiburzabanyaafi kanneen biroo keessatti yeroo dheeraaf hojjeteera.

Weellisaa Laggasaa Abdii sirboota isaatiin nama onnee namatti horu jedhamuun beekama. Dabalataan, bara 1970 A.L.I. keessa hiriyoota isaafi artistoota kanneen akka Damissee Dastaa, Lammaa Gabrehiwoot, Ayyaalee Yimaanuu waliin tahuun

dhuunfaadhaan ‘garee muuziqaa Aadaa biyyaa’ jedhamu tokko hundeessuun guddina aartii muuziqaa keessatti gumaacha olaanaa taasisaa tureera. Yeroo garaagaraattis biyyoota akka Keeniyaa, Sudaaniifi Kooriyaa Kibbaa deemuun aadaafi sirboota Oromoo agarsiisuunis dinqisiifannaa guddaa argateera.

Walumaagalatti weellisaa Laggasaa Abdii dhiibbaa ulfaataa bara Afaan Oromoodhaan dubbachuun qaani tureefi maqaan namootaa illee Afaan Oromoo irraa jijjiramaa ture keessa darbuun waggoota 60 oliif guddina aartii Oromoof gumaacha olaanaa taphateera.

Weellisaa Alii Shabboo

Weellisaan Alii Shabboo Waddoo wellistoota Oromoo jaalatamoo ta’an keessaa ijoollee Afran Qalloo warra ijaaran keessaa nama shoora olaanaa taphateedha. Alii Shabboon nama guddina afaaniifi aadaa teenya irratti dadhabee hin beeyne qabsoo afaaniifi aadaa gaafa jalqabe sanirraa qabee hamma har’aatti itti jiru wallee Oromoo qindeessee wellistoota Oromoo deeggaruudhaan nibeekama. Hawwisoo Afran Qalloo ijaaruu irratti tattaaffii guddaa godhe. Alii Shabboon hiriyyoota isaa biratti kabajaafi jaalalaan haammataamu wajjiin ummata Oromo birattis iddoo olaanaa qaba.

Weellisaa Alii Birraa (Dr.Kabajaa)

Aliin Fulbaan 29,1950 A.L.I Magaalaa Dirre Dhawaa naannoo Laga Harree jedhamutti dhalate. Alii Birraa (Alii Mahaammad Muussaa) weellisaa, qindeessaa, walaleessaafi sabboonaa OromootiYeroo umriin isaa 13 ta’u, hawwisoo Afran Qalloo kan aadaa Oromoo guddisuudhaaf dhoksaadhaan hojjachaa turetti makame. Sirbi inni jalqaba waltajjiirratti sirbe “Birraa dha bari’e” kan jedhamu ture. Kanarraa ka’ee maqaa Alii Birraa jedhamu argate. Mootummaan Hayila Sillaassee hawwisoo kana bara 1965 A.L.I tti cufee miseensota hawwisoo kanaas gartokkee mana hidhaatti naqe. Aliinis baqatee gara shaggaritti gale.

Aliin erga Finfinneetti galee booda hojii sirbaa adda addaa hojjachuu jalqabe. Afaan Oromoo dabalatee Afaan Amaaraa, Afaan Arabaa, Afaan Harariifi Afaan Sumaaleetiin sirbuu danda'a ture. Kun immoo namoota adda addaa biratti akka jajamuufi jaalatamu godhe. Aliin garee kibur zabanyaa jedhamutti makamuuncarraa gara naannoo adda addaa deemee dandeettii isaa agarsiisu argate.

Waltajjii gurguddaa akka Hagar fiqiriifi Raas tiyaatiriittis sirbaa ture. Aliin hojii isaa weellisummaafi qindeessummaa itti fufuun albamii isaa kan jalqabaas bara 1971 A.L.I baase. Kunis seenaa sirba Oromoo keessatti albamii sirba Afaan Oromoo kan jalqaba ture. Achii booda sirba jaallatamoo akka **Hin Yaadin, Assabalee hoo, Ammalelee, A B Jennee kaanafi Gammachuu** baase. Albamiin issaa sirboota Afaan Sudaan kan akka '**Al-Habiib Ween**'fi sirba Hararii kan akka '**Yidenqal**'of keessaa qaba ture. Bara 1988 A.L.I, akkaadaamii Aartii Loos Aanjelees (Los Angeles Arts Academy) tti barachuuf gara USA deeme. Bara 1990 A.L.I tti erga eebbifameen booda bara 1992 A.L.I tti albamii lama Itoophiyaan alatti kan jalqabaa gad lakkise. Kunis addunyarratti akka beekkamu godhe. Aliin konsertii baay'ee biyyoota adda addaa keessatti geggeesseera.

Bara 1995 A.L.I tti, badhaasa Toroontoo Afrikaan meeritis (Toronto African Merits Award) argateera. Bara 2010 A.L.I tti ammoo Yuunivarsiitii Jimmaa irraa Doktireetii kabajaa argateera.

Weellistuu Haloo Daawwee

Weellistuu Haloo Daawwee magaalaa Dirreedhawaatti dhalattee kan guddatte weellistuu Haloo Daawwee umrii ishee waggaa 15'tti gara hojii aartiitti akka seentetu himama. Waggoota 40 oliifis sirboota adda addaa dhuunfaadhaan kaaseetta 10, kan namoota waliinii kaaseetta 13 walumaagalatti sirboota kaaseetta 23 tahan hojjattee jirti. Yeeroo sanatti magaalaa Dirreedhawaatti baandii Afran Qalloo booda kan hundaa'e '**Hawwisoo Biiftuu Biyya Teenyaa**' jedhamu

keessatti sirba jalqabde.

Sirnoota darban keessatti dhiibbaa saba Oromoorraafi Afaan Oromoo irra gahaa ture irraan kan ka'e, Haloo Daawween hojii aartii kana keessa akka seentuuf ishee onnachiisuutu himama. Haloo Daawwee wallistuu Oromoo yeroo Afaan Oromoo dubbachuun saalfii /qaanii/ tureefi raadiyoo cabsa jedhamaa ture sanatti afaan isheetiin boontee, waltajjitti baatee eenyummaa saba Oromoo mul'suu keessatti qooda guddaa bahaa turtee jirti. Guutummaa jireenya ishee dhimma Oromoofi Oromummaa irratti of kennitee hojjachaa kan turte Haloo Daawwee sirboota kan akka **'wal-hora warra keessanii teessumti guddoon shagarii, baabura yaabbadheen dhufaa na eegi yaa shamarmarii,'** jechuun gurra jaallattootaafi ajaa'ibsiistota ishee hedduu keessa jirti. Kan biroos hedduus qabdi. Haloon baha biiftuu Itoophiyaa jiraattuus sirba isheetiin warra lixa biiftuu jiranis faarfachuun beekamti.

Weellistuu Ilfinesh Qannoo

Weelistuu Ilfinesh Qannoo dhiha Oromiyaa Godina Wallaggaa Bahaa naannoo Magaalaa Naqamtee bakka Sibuu Guutoo jedhamutti dhalatte. Aartisti Ilfinesh Qannoo bara 1969 A.L.I tti qabsootti makamte. Sana booda, hojii aartii akka eegaltetu himama. Sirboota qabsootiin kan beekamtu Ilfinash jaalalatti fakkeessitee hacuuccaa uummata isheerra ga'u ibsachaa turte. Isa booda mootummaa Dargiitiin magaalaa Naqamteerraa hari'amtee gara Magaalaa Finfinnee deemuun achitti sirboota qabsoo itti fufte.

Hojii aartii keessatti miidhaan jabaan akka irra ga'aa tureefi mataa gogaa qaruuraa cabaadhaan haadamuu, mana hidhaatti dararamuufi mirga sirbuu dhabaa turtee jirti. Sanuma keessa darbuun hanga kaasettoota kudhanii baasuu dandeessee jirti. Geerarsa baayyee kan jaalattu Ilfinash Qannoo geerarsa ishee kan jalqabaa keessaa kan isheen dhiiraa fi dubartiin walqixa ta'uu ittiin ibsachaa turte kan asiin gadiiti.

Geerar geerari jettuu
 Ani maalan geeraraa
 Anoo yaadan yeelalaa
 Geeraree maal na gonfuu
 Yoon dhiise natti kolfoo
 Yoon geerare maal qabaa
 Eessa kootu mudaa qabaa
 Gudar gubbaan lafaaree
 Dubartummaan fafaaree
 Citee namatti hafaaree
 Jedheen itti joorekaa
 Foon maddii na qoorekaa
 Yoo dhiirri rafee ka'ee
 Anatu teellaatti hafaaree
 Mee takkan raajii raajaa
 Unkuroon buqqee raajaa
 Farsoon diinnichaa raajaa
 Lafti kaa hin ijaajjuu
 kan Oromiyaa raajaa
 Nadheen hareeda hin baastuu
 kan haadhoo re'ettii raajaa
 Durbi dur hin geerartuu
 Kan Ilfee Qannoo raajaa

Weellistuu Almaaz Tafarraa

Weellistuu Almaaz Tafarraa baroota dheeraaf Afaan Oromoon weellisaa akka turteefi seenaa muuziqaa Oromoo keessatti hojii gurguddaa hojjachuun kan beekamtuu dha. Hundeeffama baandii Afran qalloo irraa kaasee gama muuziqaa Oromootiin gumaacha guddaa taasistee jirti. Weellistuun Almaaz Tafarraa akkuma weellistoota Oromoo kanneen akka Adam Haaran, Kadiir Sa'id, Ali

Shabbo, Haloo Daawwe fa'am waliin seenaa dheeraa qabdi.

Weellisaa Usmaayyoo Muusaa

Bara 1967 A.L.I abbaasaa Muusaafi haadhasaa Faaxumaa Abdullaahiirraa baha Oromiyaa naannawa magaalaa Haramayaatti dhalate. Weellisaa Usmaayyoo Muusaa weellistoota qabsoo bilisummaa Oromootti booree horaa turan keessaa isa tokkodha. Usmaayyoon ijoollummaa isaarraa eegalee jaalala muuziqaa qabature. Albama isaa jalqabaa sirba warraaqsaan kan eegale weellisaan kun, sirba qabsoon maqaa horateera.

Yaada isaatti kan cichuun beekamu Usmaayyoon waluumagala albama sadii dalage keessaa 'Bilisummaafi imimmaan', 'Hidhaafi ajjeechaan duubatti nu hin deebisu', 'Irree nuu ta'i yaa Rabbiifi 'Ni mo'anna yoo gamtaan jiraate' kan jedhan isaan muraasa. Weellisaa walaleessaa Usmaayyoon roorroofi dararama qaamaafi qalbii irra ga'aa tureen mana hidhaa Zuwaay keessatti Sadaasaa bara 1999 A.L.I boqate.

Weellisaa Haayiluu Disaasaa

Weellisaa Haayiluu Disaasaa kan dhalate lixa Oromiyaa, Godina Qeellem Wallaggaa, Qaaqeetti. Haayiluun hamma adunyaa kana irraa boqatutti aadaafi aartii Oromoo calaqqisiisuufi dagaagsuu irratti shoora guddaa taphachaa ture. Sirboota Afaan Oromoo barreesuufi sagalee isaa kiloleen sirbuudhaan, diraamaa, fiilmiifi tiyaatira Afaan Oromoo adda addaa hojjechuun hojii seena qabeessa saba isaaf dalagaa ture. Haayiluun kana hundaa raawwachaa kan ture dhiibbaa Oromummaa isaatiif isa irra gahaa turan hundaa danda'ee irra aanuudhaani. Jireenyi isaa hamma dhumaatti kanuma mul'isa.

Sirboota Haayiluu Disaasaa ittiin beekamu keessaa muraasni: Geerarsa, yaa warra baddaa, yaa finna koo, naggaadeen haa dabartuu, yaa damma koo, amma yaa marii, shaggee tiyyafi k.k.f.dha.

Weellisaa Eebbisaa Addunyaa

Weellisaa Eebbisaa Addunyaa lixa Oromiyaa Godina Qeellem Wallaggaa, Magaalaa Dambi Doollootti kan dhalate Eebbisaan meeshaa muuziqaa hammayyaa kan ta'e Gitaara taphachuu, aadaafi Afaan Oromoo barsiisuun beekama. Walleewwan isaa ummata qabsoofi diddaaf kan kakaasaniidha. Erga dhaabni siyaasaa inni deeggaru biyyaa bahee booda biyyuma keessa kan ture weellisaan kun yeroo sanatti wallee isaatiin qabsoo waraanaa deeggaruu itti fufe.

Haalli kun Eebbisaa balaaf saaxiluun Hagayya 24, bara 1988 A.L.I tti Magaalaa Finfinnee bakka Shiroo Meedaa jedhamutti ajjeefame. Weellisaa Eebbisaa Addunyaa nama ija jabeessa, nama gara laafessaafi nama waan itti amane dubbatuufi hin sodaanne akka ture himama.

Weellisaa Haacaaluu Hundeessaa

Weellisaa Haacaaluu Hundeessaa weellistoota yeroo gabaabaa keessatti jaalalaafi maqaa guddaa horatan keessaa isa tokkoodha. Haacaaluun akkuma weellistoota Oromoo kanneen biroo dhimmoota gaaffii ummataa ta'an walaloofi yeedaloon dabaalee gurra ummataatiin gahuun beekama. Hojiin isaa kun ummata biraa birattuu dafee akka beekamu isa gargaaruurra darbee walleen alas dubbii cimaa ija jabinaan dubbachuufi bakka jiru maratti dhimma Oromoo ifatti ibsuunillee nibeekama. Ajjeefamuu isaa guyyoota muraasa dura jaalalaafi beekkamti ummata biraa qabu ibsuuf "Ani Oromoof qaaliidha!" jedhee of ibsee ture. Albamii isaa sadaffaa osoo dalagaa jiruu, Waxabajjii 29 bara 2020 A.L.A Magaalaa guddittii Oromiyaa Finfinnee keessatti ajjeefame. Haacaaluun qabsoo, haqaafi bilisummaaf taasifamuun alatti Oromummaa cimsuu keessatti qoodni inni gumaache olaanaadha.

Kanneen asiin olitti ibsamaniin alattis Artistootni gameeyyiin aadaafi muuziqaa Oromoo guddisuu keessatti gatii guddaa hanga wareegama lubbuutti baasaniifi har'as lubbuun jiran hedduudha.

Gocha 2.

- a. Seenaa Shubbistoota naannoo Oromiyaa qoradhuutii daree keef gabaasi.
- b. Muuziqaa weellistoota asiin olii keessaa tokko filadhuu gochaan agarsiisi.
- c. Shubbisa aadaa naannoo keessanii gareen shaakaluun dareetti dhiyeessaa.

3.2 Meeshaalee Ulfoo Og argaan agarsiisuu

Ga'umsa barachuu barattoonni yoo xiqqaate gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Meeshaalee ulfoo Oromoo muraasa isaanii ni ibsita.
- Faayidaa meeshaaleen ulfoo oolaniif nihimta.
- Meeshaaleen ulfoo Oromoo eenyuufi yeroo akkamii akka hidhatamaniifi qabataman adda nibaafatta.

Marii 3

Meeshaalee ulfoon maali? Meeshaalee ulfoonhoo maalfaa akka ta'anis tarreessi? Meeshaaleen ulfoo hawaasa oromoo keessatti tajaajila maaliif oolu?

Ummanni Oromoo aadaafi duudha isaa gaggeeffachuuf beeksisuuf meeshaalee adda addaatti fayyadamuun aadaafi seenaa isaa dhalootaan gara dhalootaatti dabarsaa kan tureefi ammas itti fayyadamaa kan jiruudha. Kanuma waliin wal qabatee gosoota meeshaalee itti fayyadamaa turan kunniin jiruufi jireenya isaanii gaggeeffachuuf kan qopheeffatan qofa osoo hin taane, akka aadaatti meeshaaleen ulfoo kan jedhamanii beekaman yeroo sirna adda addaa irratti jila gaggeeffachuufi aadaa beeksisuuf kan itti dhimma bahan kallacha, caaccuu, bokkuu, siinqee fi kan kana fakkaatan ilaaluun nidanda'ama.

1. Bokkuu

Bokkuun meeshaa ulfoo oromoon qabu keessaa tokko ta'ee, seera itti tumatee ittiin wal qajeelchaa kan tureefi jirudha. Bokkuun boca qaama wal hormaataa dhala namaa fakkaatu qaba. Oromoon Bokkuu tokko qaba. Bokkuu kanaanis qajeelfama. Haata'u malee, fageenya lafaa irraa kan ka'e bakka Bokkuun kun

jirutti yeroo adda addaa walga'uun rakkisaa waan ta'eef, bakka barbaachisutti bakka bu'aa Bokkuu tolchuudhaan ittiin gargaaramaa kan turaniifi ammas jiranidha. Faayidaa hedduu Bokkuun qabu keessaa muraasni isaa:

- Seera ittiin hooggana.
- Wal dhabdee ittiin furata.



Fakkii.3:1 Fakkii Bokkuu

Shaakala. 1

Fakkii Bokkuu asiin olitti taa'ee jiru ilaaluun diba halluun hojjedhuutii dareef dhiyeessi.

2. Kallacha



Kallachi meeshaa ulfoo aadaa Oromoo addarratti gara samii ilaalchisuun hidhatamu ta'ee, kan hidhatamu warra dhiiraatiini. Kallachi meeshaa amantii safuu guddaa qabuufi ulfoo hunda caalaa kabajamudha. Kallachi sibiilarraa hojjatama.

Uummata Oromoo biratti safuun bakka guddaa qaba. Safuun cabee Waaqayyo yoo fuula isaa biyyarraa garagalfate rakkoolee hedduutu dhufa jedheetu amana. Uumamni iddoo gadi dhiisa, bishaan Malkaa gadi dhiisa, bineensotni toora jireenyaatii ba’u, hongeen ni dheerata. Yeroo kana Kallacha baasanii kadhaadhaan Waaqa araarfatu.

Kallachi Ateetee dabe niqajeelcha. Ateeteen ayyaana dubartootaa yoo ta’u, baay’inaan hormaata wajjiin kan walqabatudha. Kanaafuu, Ateeteen kan dhabdeef ilmoo kan ittiin kadhatan, kan dhalate immoo akka guddatu, loonis akka horaniif kan ittiin Waaqa kadhatanidha.

Kallachi gumaafi gumee bita. Warri ajjeese warra du’e araarfachuu yeroo barbaadan jaarsa baasanii; jaarsi immoo Kallachaan dhagee warra du’e akka araaraaf (gumaa fudhachuuf) tole jedhaniif isaan kadhataaf. Akka aadaa oromooti Kallachi qolee hin galu; dahee malee dhabee hin galu; safuudha. Kanaafuu, Kallachi waan baay’ee kabajamuuf, “dahaa” jedhanii deebisuuf. Dahaa jechuun araaraan dhugaa argadhaa jechuudha. Akkasiin Gumaafi Gumeen bitama. Akkasumas, Kallachi Aadaafi Duudhaa jige/bade ol qaba.



Fakkii.3:2 Fakkii Kallachaa

Shaakala. 2

Fakkii Kallachaa asiin olitti taa'ee jiru ilaaluun wantoota naannoo keetti argattu irraa bocuun dareef dhiyeessi.

3. Siiqqee



Siiqqeen meeshaa ulfoo Oromoon qabu keessa kan dubartoonni Oromoo ittiin seera qajeelchaa turaniifi jiraniidha. Siiqqeen ulee qal'oo sorooroo kan muka irraa hojjetamu mallattoo kabaja dubartootaafi aangoo isaaniiti. Mirga isaanii ittiin falmatu, Waaqa ittiin kadhatu, sirnoota ittiin hirmaatu, kan dabes ittiin qajeelfatu. Siiqqeen akka ulee biroo dhadhaabbataaf, loon ittiin tiksuuf yookaan lolaaf itti hin gargaaraman. Hanga gaafa dhimmaatiif baastutti dubartiin Siiqqee diinqatti hirkifatti.



Fakkii.3:3 Fakkii Siiqqee

Gocha. 3

Siinqeen yoom akka qabatamu, eenyu akka qabatuufi maalfaaf akka itti fayyadaman maanguddoota gaafachuun gareedhaan dareef dhiyeessaa.

4. Caaccuu

Caaccuun meeshaa ulfoo dubartoonni itti fayyadaman yoo ta’u, qaama wal hormaataa dubartootaa bakka bu’a, fakkaatas. Kanaaf, caaccuun ulfoodha. Uffataafi meeshaa warra dhiirotaa irratti hin tolfamu. Caaccuun meeshaalee ulfoo Ateeteen ittiin qajeelfamtu keessaa isa tokkodha. Caaccuun teepha/gogaa irratti elellaa hodhuun hojjatamu ta’ee, dubartii heerumte qofatu itti gargaarama.



Fakkii 3:4. Fakkii Caaccuu

Gocha 4

Caaccuun yoom akka qabatamu, eenyu akka qabatuufi maalfaaf akka itti fayyadaman maanguddoota gaafachuun gareedhaan dareef dhiyeessaa.

3.3 Beekumsa Xabboo Og-tiyaatiraafi Og-filmiidhaan Agarsiisuu

Seensa

Sabni kamuu waan saba biraattirraa adda isa godhu niqaba. Kana jechuun beekumsaafi dandeetti isaatiin jiruuf jireenya isaa gaggeeffachuuf waan kalaqatee ittiin jiraatu kan mataa isaa niqaba jechuudha. Isa kanatu beekumsa xabboo hawaasa tokkoo jedhama. Mata duree kana jalatti beekumsa xabboo uummata Oromoo kan barattuufi akkaataa raawwii isaa og-tiyaatiraan kan agarsiistu ta'a.

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Maalummaa beekumsa xabboo ni ibsita.
- Beekumsa xabboo Oromoo og-tiyaatiraafi og-filmiin ni agarsiista.
- Gahee beekumsi xabboo hawaasa keessatti qabu ni addeessita.

Gaaffii hubannoo 4

1. Beekumsa xabboo jechuun maal jechuu akka ta'e hiriyoote kee waliin irratti mari'adhaa!
2. Beekumsa xabboo sabni Oromoo qabu keessaa kan beektan waliif himaa!

Beekumsa xabboo jechuun waan hawaasni jiruuf jireenya isaa toora qabsiifachuuf beekumsa ganamaa fayyadamuun ittiin jiraachaa ture, kan har'as itti fayyadamaa jiru jechuudha. Kalaqa saba tokkoo mara ilaallata. Kalaqni sabaa kunis, akkuma jireenya dhala namaa walxaxaa waan ta'eef kana sana jedhanii waan adda baasan miti.

Jireenya guyyuu dhala namaatiin waan wal qabatuuf sochii hawaasaa irraa adda bahee waan ilaalamu miti. Jiruuf jireenya isaanii gaggeeffachuuf wantoota itti fayyadamuuf kalaqatan yookaan lafa kaa'atan kanneen akka qajeelfamaa, amantii, aadaa, ayyanoota garaagaraa, meeshaalee aadaa, haala ijaarsa manaa,

haala uffannaa, akaakuu nyaata itti fayyadamaniifi safuufi safeeffannaa sabni tokko qabu of keessaa qaba.

Kalaqni kunis, kanneen sadarkaa ijaatiin hin mul'anne, garuu, raawwii yookaan gochaan kan beeknu yoo ta'an, gariinimmoo kalaqa hawaasaa ijaan mul'atan kanneen akka meeshaalee garaagaraa, nyaata aadaa, uffata aadaa, haala itti manneen ijaaramaniifi kkf. Dabalataanis, duudhaawwaan hawaasaa garagaraa sirna ayyaana garagaraa kan hawaasni waliin jireenya isaa keessatti hariiroo hawaasummaa ittiin agarsiisudha. Akkasumas, oguma sochii qaamaa waliin walqabate gaddaafi gammachuu, bal'inaafi dhiphina garee hawaasaa keessatti sochii qaamaa mul'atu fakkeenyaaf: yeroo shaggooyyee, geelloo, geerarsa, dhiichisa, ragada, tirriifi sochii qaamaa sirna kamirrattu mul'atu of keessa qaba.

Uummanni Oromoo sirna ittiin bulmaataaf sirna Gadaa, amantiif Waaqeffannaa, ayyaanota keessaa irreecha, akkasumas, sirna fuudhaaf heerumaa dabalatee meeshaalee garagaraa kan itti fayyadamaa tureefi har'as itti fayyadamaa jiru fudhachuun ni danda'ama. Mata duree kana jalatti maalummaan beekumsa xabboo kan ka'eef kalaqa hawaasaa kana akka gara Og-tiyaatiraafi filmiitti jijjiiramee hawaasa bashannansiisaa akka barsiisaniifi. Gama biraatiin sadarkaa kanatti beekumsa xabboo Oromoon qabu gara filmiitti jijjiiruuf baasiifi yeroo guddaa waan fudhatuuf, barattoonni gara og-tiyaatiraatti akka jijjiiranii agarsiisaa irraa baratan gochuun nidanda'ama. Barattoonnis, beekumsa xabboo uummata Oromoo muraasa erga barattanii booda haala raawwii isaa gaafachuun qooda fudhaattanii walii dhiheessuu akkasumas, hawaasaaf dhiheessuun gahee keessani. Beekumsa xabboo hawaasa Oromoo keessaa Irreecha gara tiyaatiraatti jijjiiruun haa ilaalluu:

Irreecha

Biyya keenya keessatti akka walii galaatti ayyaanonni kabajaman baayeedha. Irreechi ayyaana Oromoo keessaa isa guddaadha. Ayyaanni Irreechaa ummanni

xiqqaa guddaan ilillii yookaan abaaboofi marga jiidhaa qabatanii malkaatti walgahuudhaan Waaqa rooba roobsise, nagaan ifa birraatti isaan baaseefi biyya nagaa godhe galateeffachuudhaaf. Sirna Irreechaa irratti Oromoon hedduminaan kan argaman yoo ta'u yeroo ammaa sadarkaa addunyaa irratti beekamaati jira. Sirni irreechaa kunis, yeroo mana isaanitii bahanii gara malkaa deemanitti naamusaafi haala ittiin deeman qaba. Adeemsa isaa kanas bifa tiyaatiraatiin yeroo dhiheessinu kan asiin gadii kana fakkaata.

Mil'uu Taphee Irreechaa

Ganama barii namoonni ayyaana irreechaa deeman gamaa gamanaa uffata aadaa uffatanii, faaya garaagaraafi coqorsaafi abaaboo qabatanii yeroo walitti yaa'an ni mul'atu. Shamarraniifi haadholiin fuuldura, maanguddoonni itti aananiifi dargaggoonni duubaan tarree galanii deemu.

Fakkeenyaaf:

Dubartoota: Hoo.....yaa mareehoo.....mareehoo (2x)

Mareehoo.....mareehoo (2x)

Yaa Waaqa uumaa hundaa mareehoo

Hoo...Yaa mareehoo

Mareehoo.....mareehoo (2)

Yaa Waaqa lafa uumte mareehoo

Hoo.....yaa mareehoo

Mareehoo.....mareehoo (2)

Yaa Waaqa Malkaa uumte mareehoo

Hoo.....yaa mareehoo

Mareehoo.....mareehoo (2)

Yaa Waaqa Odaa uumte mareehoo

Hoo.....yaa mareehoo

Mareehoo.....mareehoo (2)

Yaa Waaqa nama uumte mareehoo
 Hoo.....yaa mareehoo
 Mareehoo.....mareehoo (2)
 Yaa Waaqa Tulluu uumte mareehoo
 Hoo.....yaa mareehoo
 Mareehoo.....mareehoo (2)
 Marga qabannee si kadhannaa....mareehoo
 Hoo.....yaa mareehoo
 Mareehoo.....mareehoo (2)
 Malkaa buunee si kadhannaa.....mareehoo
 Hoo.....yaa mareehoo
 Mareehoo.....mareehoo (2)
 Jidha qabannee si kadhanna....mareehoo
 Mareehoo.....mareehoo (2)
 Irreechi irree keenyaa
 Hoo.....yaa mareehoo
 Mareehoo.....mareehoo (2)...jechaa itti fufaa

Abbootii: Gabbisayyoo hoo hoo
 Roobee biyya gabbisee
 Gabbisayyoo hoo hoo
 Roobee biyya gabbisee ...jechaa faarsu

Dargaggoota: Yaa Oromoo siif galtee aadaanii
 Keessatti abbaatu jabeeffata yaadanii
 Yaa abbaa biyyaa siif galtee aadaanii
 Keessatti abbaatu jabeeffata yaadanii...jechaa itti fufa

(Malkaa erga gahanii booda, jaarsooliin ni eebbisu)

Jaarsa eebbbaa: Hayyee yaa Waaq!
 Waaqa uumaa Waaqa uumamaa
 Gurraacha garaa garbaa

Tokkicha maqaa dhibbaa
 Leemmoo garaa taliilaa
 Abbaa dhugaafi jaalalaa
 Kan si uume hinjiru!
 Kan si malee uumamee hinjiru
 Kan nagaan nuu bulchite nagan nuoolchi!

Warra jalaa qabu: Oolchii Waaq!

Jaarsa eebbaaa: Hamaa nurraa qabi

Warra jalaa qabu: Qabi Waaq!

Warra jalaa qabu: Tolaa nutti qabi!

Warra jalaa qabu: Qabi waaq!

Jaarsa eebba: Kan baranaan nu geessee bara dhuftuun nu gahi!

Warra jalaa qabu: Gahi waaq!

Jaarsa eebbaa: Kan bara dhuftuu gadaa jaarraan nu gahi!

Warra jalaa qabu: Gahi waaq!

(Erga eebba xumuranii booda abbootiin gadaa dura irreeffatani, sana booda walduraa duuban Irreeffatanii akkuma dura sirbaa deemanitti deebi'u)

Beekumsa Xabboo Og-fiilmiidhaan

Akkuma beekumsa xabboo og-tiyaatiraan agarsiisuun danda'amu og-fiilmiinis beekumsa xabboo agarsiisuun ni danda'ama. Fiilmiin biyyoota hedduu keessatti dalagamanii agarsiifaman irra caalaan isaanii bu'uurri isaa beekumsa xabboo hawaasaa irrattidha.

Gocha:

Akkuma Og-tiyaatiraan beekumsa xabboo agarsiisuun akka danda'amu sitti agarsiifne, mee isinis og-fiilmiin akkaataa kamiin beekumsa xabboo akka mul'isuu danda'u barreessaa agarsiisaa!

3.4. Tiyaatira Itiyoophiyaa, ogeeyyota fiilmiifi hojii isaanii

Biyyoota hedduu keessatti bu’uurri tiyaatiraa amantiifi afoola, jiruufi jireenya isaanii irratti hundaa’etu guddachaa dhufe. Garuu biyya keenya Itiyophiyaatti aadaafiv raawwiin hawaasa keesa jiru kallattiidhaan akka biyyoota alaa kan akka Giriikiifi Roomaa bifa tiyaatiraatiin dhihaachuu baatus bu’uurri isaa haaluma jiruuf jireenya hawaasichaa irratti kan hundaa’eedha. Haaluma kanaan jalaqabbiin seenaa tiyaatira itoophiyaa mana barumsa Tafarii mokoninifi mana barumsa Dagimawi Minilikitti jalqabe. Yeroodhuma kanatti tiyaatira amayyaa bara 1917 barsiisonni biyya alaati dhufaniin barattoota isaanii Tiyaatira hojjisiisuu eegalani. Sana booda bara 1913 A.L.I tti Bajiroond Takila hawariyaat Takilamaariyaam biyya alaa kan ture biyyatti deebi’ee yeroo duraaf Tiyaatira koomediii Faabulaa jedhamu kan tapha seenaa bineensotaarratti hundaa’e hojjatee dhiyesse , Sana booda Yoftahee Nigusee, Malakuu Baggoosawu kkf tiyaatira qophessanii dhiyessuun ogumichaa beeksisuufi babal’isuu itti fufani.

Guddina seenaa og-tiyaatiraa kan gargaaran manni tiyaatira hagar fiqir bara 1941, manni tiyaatira biyyolessa bara 1956 banamuun walduuraa duubaan ,manni tiyaatira bulchinsa magaala finfinnee mana tiyaatira Raas fi manni tiyaatira Daa’immanii hundaa’anii tiyaatirriifi fiilmiin keessatti hojjatamuun ogeessoonni hedduu muxannoo gabbifachuun beekamaa dhufan..

Adeemsa keessa Ogeeyyonni kan akka Xaggaayee Gabre madihin(Xaggaayee Roobalee Qawweessaa), Mangistuu Lammaa, Malaakuu Ashaagiree , Debebe Ishetuu, Wagaayehu Nigaatuu, Hayimaanoos Alamuu guddina og-tiyaatiriifi fiilmii biyya keenyaaf gahee guddaa taphataniiru. Kanamalees bara 1970 Yuuniversitii Finfinnee keessatti muummeen tiyaatiraa banamuun ogeessota hedduu horachuun nannoowwan hunda keessatti og-tiyaatirri akka beekamu godhaniiru. Kanumaan walqabatee og-tiyaatirri afaan oromootiin bara bulchiinsa mootummaa Haayilasillaasee irraa eegalee barreeffamee agarsiifamuu jalqabe. Yeroo kana keessatti tiyaatirri mata dureen isaa ‘Barumsa’ jedhu Maammoo

Mazammiriin baraa'ee bara 1958 waltajjii irratti agarsiifameera. Sana booda tiyaatirri “**Bara Birraan Barihe**” 1967 Haayilee Fidaatiin kan barreeffame akka jalqabbii og-tiyaatiraatti yoo ilaalamu, suuta suutaan tiyaatirri afaan Oromoo kanneen asiin gadii dhiyaataa turan.

Dhuma bara 1983, A.L.I tti tiyaatirri ‘QORANNOO’ afaan Ingilizii irraa gara afaan Amaaraatti Abbooneh Ashagireen jijjiiramee barreeffamee Diimaa Abarraan gara afaan Oromootti jijjiirame, Motummaa Aseffaa, Martaa Silashifi Diimaa Abarraan walatajiirratti uummataaf dhiyaateera. Itti fufee bara 1984 Tiyaatirri ‘**Dukkanaan duuba**’ jedhamuu Dhaabaa Wayessan barreeffame Tasfayee Mokonenin uummataaf dhiyaateera. Tiyaatirri ‘**jilbiibbee**’ jedhamu bara 1985 akkasumas booda Tiyaatirri ‘**lukluksaafi Guulee Bulaa**’ jedhaman Fayisaa Yaadasaan barreeffamanii qopha’anii uummataf dhiyaataniiru. Tiyaatirri **Jennaan** Dhaabaa Wayeessaan , **Hulluuqqoo** Abdunaasir Hajii Hasaniin bara 1986, Daawitii Jireenyaa bara 1987 Mulgeetaa Nagaasaa barreessuun Diimaa Abarraa qopheessuu, Gumaa Mulugetaa Nagasaaf Dimaa Abarraan bara 1992, ‘Faandhofiticha Gadoo Hinsenee Makuraan , **Morkii**, Mootummaa Aseffaan, bara 2010, Abbaa Makoo kan jedhamu Lubaabaa Jamaaliin barreeffamee waltajjii addaddaarratti agarsiifameera. **Godoo Xiqqii** Kan jedhamu tiyaatira afaan Amaaraa “Baabiloon ba Saalon” irraa Kabbadee Wuddineetiin jijjiiramee Fiqir Amsaaluutiin waltajjiirratti qopha’anii uummataaf dhiyaataniiru. Akkasumas “**Miila Bakar**” Bara 2014 tti Wabii Barkeessaatiin barreeffamee Uummata bira qaqqabeera. Haaluma kanaan guddinni og-tiyaatiraa babal’ate.

Gama guddina og-filmiitiin yoo ilaalle ammoo filmiin Hiruut abbaatuwaa maannawufi, Gumaa kan jedhaman ogeessota keenyaan hojjatamanii dhiyaataniiru.

Akkasumas, Filimiin Eelaa Abraham Jaalataatin, Miixuu Biqilaa Asfawuu, Lafaaf lafee Jimaa Galataatiin, Gaadii Hiree Meelaal Gammachuutiin , Waadaa Dagginnat Alamuutiin, Maatiiwwan Dagginnat Alamuutiin, Asaantii , Keeyiraat Yuusuf, Daandii Walmaraa, Amaanuel Abbaagaroo, Haqa

Dabe, Gammachuu Daggusheetiin ,Jaatanii Jireenyaa, Yeeyyis Birruutiin ,Kalee isa Kaleessaa ,Eliyaas kifluutiin, Xiiqii Seenaa Solomooniin ,Raawwii ,Galatasaa Nagariitiin, Mo'aa ,Beekii Uumaatiin, Saamaloo ,Yaadii Biraanuutiin ,Miidhama, Hirkoo Hundeetiin, Milkii ,Tolasaa Dingataatiin, Cancala Jaalalaa, Daadhii Haayiluutiin, Lafee Harmee, Dajaneetiin, Amaanaa ,Gammadootiin kkf hedduun barreeffamanii ogeessota fiilmii taphatan hedduu horachuun danda'ameera. Yeroo ammaa kana yunivarsiitiwwan Oromiyaaa keessa jiran kessatti barumsa og-tiyaatiraafi fiilmii kennamuun guddina ogummichaa caalaatti dagaagsuun guddina hawaas- dinagdee biyya kenya keessatti gahee taphachu eegalaniiru.

Ogeeyyonni taatummaan ogummaa kana beeksisuun bu'aa olanaa buusuun uummata biratti beekaman keessaa muraasni; Mulugeetaa Baalchaa, Taaddasaa Cuqee, Birihaanuu Adimaasuu Abbebech Ajajamaa, Yashii Raggasaa, Humneechaa Aseffaa, Oli Naggaa, Daadhii Tufaa Taammiraat kabbadaa, Mintiwaab Hayiluu, Hawwii Hayiluu, Abaaboo Warqinaa, Fiqir Amsaaluu Qalbessaa Magarsaa kkf hedduun guddina og-tiyaatiraafi fiilmii keessatti gahee taphataniiru.. yeroo ammaa kana naannoowwan addaddaa keessatti ogeessonni og-tiyaa tiraafi fiilmii bal'inaan ogummichaa dagaagsuurratti argamu.

Cuunfaa Boqonnaa 3

- ⇒ Uummanni Oromoo aadaa bal’aa kan qabuufi sirnoota bulchiinsa garagaraa keessa darbee kan as ga’eedha. Kanarraa kan ka’e aadaafi aartiin saba Oromoo waggoottan dheeraaf hacuucamaa tureera.
- ⇒ Weellistootaafi shubbistoota seenaa muuziqaa oromoo keessatti shoora olaanaa qabanfi durii kaasee kan turan ibsuun nama rakkisus yeeroo dhiyoo asi artistootaafi shubbistoota hedduu kaasuun nidanda’ama.
- ⇒ Weellistoota Oromoo kanneen angafootafi beekkamoo ta’an keessaa muraasni Wosanuu Diidoo Laggasaa Abdii, Alii Birraa, Haloo Daawwee, Ilfinesh Qannoo, Usummaayyoo Muussaa, Hayluu Disaasaa, Eebbisaa Addunyaa, Haacaaluu Hundeessaa k.k.f dha.
- ⇒ Weellistoonni Oromoo kunneen aadaafi duudhaa saba ofii beeksisuufi guddisuu irratti aarsaa olaanaa baasaniiru.
- ⇒ Namoonni bara durii irraa eegalanii meeshaalee aadaa ibsan adda addaa qopheeffatee itti gargaaramaa tureera.
- ⇒ Bokkuu meeshaa ulfaatoo gogaa qal’aafi sibiilala irraa hojjatama.
- ⇒ Caaccuun teepha/gogaa irratti elellaa hodhuun hojjatamu ta’ee, dubartii heerumte qofatu itti gargaarama.
- ⇒ Akka Itoophiyaatti filmiin yeroo jalqabaatiif barreeffame “Hiruut Abbaatuwaa Maanneew”jedhamu Ilaalaa Ibsaatiin barreeffame.
- ⇒ Seenaan jalqabbii og-tiyaatira ammayyaa itoophiyaa ogeessa Bajroondi Takla hawaariyaat, Takla Maariyaam jaqabe.
- ⇒ Guddina Og-tiyaatira Afaan Oromoo keessatti tiyaatirri jalqabaa Mata dureen isaa Barumsa jedhama.
- ⇒ Haayilee Fidaa tiyaatira mata dureen isaa Bara Birraan Bari’e jedhamu barreessuun guddina tiyaatiraa keessatti gahee taphateera.
- ⇒ Fiilmiin afaan oromoo bal’inaan Uummata biratti beekame filmii Eelaa jedhama.

Gilgaala Boqonnaa

I. Gaaffilee asii gadii yoo sirrii ta'an **"Dhugaa"** yoo sirrii hin ta'in immoo **"Soba"** jechuun deebisi.

1. Meeshaaleen ulfoo meeshaalee aadaa biroo irraa garaagarummaa hin qabu.
2. Uummanni Oromoo kallacha yeroo rakkoon cimaan akka hongee gahe waaqayyoo ittiin kadhachuuf itti fayyadamu.
3. Meeshaalee ulfoo waantota naannootti argaman irraa hojjachuu nidanda'ama.
4. Caaccuu kan qabattu dubra hin heerumne qofa.
5. Weellistoota Oromoo angafoota keessaa Haloo Daawwee ishee tokko.
6. Weellistoota Oromoo kanneen angafoota ta'an keessaa aadaafi seenaa saba ofii muuziqaan calaqqisiisaa turaniiru.
7. Weellisaan Alii Shabboo warroota baandii afran qalloo hundeessan keessa isa tokko.
8. Bu'uurri tiyaatiraa amantiifi afoolarratti kan xiyyeeffate miti.
9. Seenaan jalqabbii og-tiyaatiraa biyya itoophiyaati.
10. Seenaan jalqabbii tiyaatira ammayyaa ogeessa tiyaatira bajroondi Takila Hawaariyaat
11. Guddina og-tiyaatira afaan Oromoo keessatti tiyaatirri jalqabaa Gumaa jedhama.
12. Tiyaatirri afaan Oromoo Maammoo Mazammariin barreeffame, Bara Birraan bari'e jedhama.

II. Gaaffii asiin gadiif deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. Kanneen asiin gadii keessaa teepphaafi sibiilaala irraa kan hojjatamu isa kamidha?
A. kallacha B. bokkuu C. siinqee D. deebiin hin kennamne.

2. meeshaaleen ulfoo akkuma meeshalee aadaa biroo waggaa dheeraa kan dabarseedha.
A. Dhugaa B. Soba
3. Weellisaan Alii Birraa baandii Afran Qallootti kan makame bara kam?
A. bara 1963 B. bara 1971 C. bara 1950 D. 1965
4. Weellistuun Ilfinesh Qannoo godina kam keessatti dhalatte?
A. Arsii bahaa B. Baalee
C. Wallaggaa dhihaa D. Wallaggaa bahaa
5. “Obboleessi gaariin sii oole galataa” sirbi jedhu eenyuun weellifame?
A. Ilfinesh Qannoo B. Alii Shaboo
C. Haloo Daawwee D. Alii Birraa
6. Fiilmiin afaan Oromoo **Eelaa** jedhu eenyuun barreeffame?
A.Gammadoo B.Abrihaam Jaalataa C.Jimaa Galataa D.hunda
7. Kamtu Fiilmii Afaan Oromoo Meelaal Gammachuutiin barreeffame?
A. Lafaafi Lafee B.Maatiiwwan C.Gaadii Hiree D.Xiiqii
8. Dubartootni angafni taatummaan beekaman
A. Abaaboo Warqinaa B.Yeshii Reggaasaa
C. Abbabech Ajjamaa D.Bfi C

III. Bakka duwwaa asiin gadii guuti.

1. _____ Hagayya 24, bara 1988 A.L.I magaalaa Finfinnee bakka Shiroy Meedaa jedhamutti ajjeefame.
2. _____ Bara 1967 A.L.I baha Oromiyaa naannawa magaalaa Haramayaatti dhalate.
3. _____ Itoophiyaa keessatti maasiinqoo taphachuudhaan beekaama ture.
4. _____ Bara 1930A.L.I. irraa eegalee walleewwan masinqoo fayyadamuun sirbuun beekama.
5. _____ Bara 1950 magaalaa Dirre Dhawaa naannoo Laga harree jedhamutti dhalate.

BOQONNAA 4

Hawwannaa Og-Aartiiwwaanii

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa kanaa:

Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:

- Akkataa wantoota naannootti argaman irraa halluun qophaa'u adda baafattee niraajeffatta.
- Haalluuwwan naannootti qophaan akkaataa isaan diba halluuf oolan nihubatta.
- Faayidaa gochaan barachuun qabu nihubatta.
- Faayidaa hojiin xabboo og-artiiwwanii hawaasa keessatti qabu nibeekta.
- Hojiiwwan xabboo og-aartiiwwanii ni hubatta.

Seensa

Mala aadaatiin bara durii irraa eegaluun namoonni halluuwwan qopheeffatanii itti tajaajilamaa kan turanidha. Halluuwwan isaan qopheeffachaa turanis, naannoo isaanii ittiin miidhagsuufi ofii isaaniillee qaama uumamaa isaanii dibachuun ittiin of bareechaa kan turanidha.

Boqonnaa sadii keessatti seenaa weellistootaafi shubbistoota Oromoo barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo waa'ee faayidaa gochaan agarsiisun barsiisuu og-aartiiwwaniifi hojiiwwan xabboo og-artiiwwanii nibaratta.

4.1. Faayidaa Hojii og-aartiiwwanii Gochaan Agarsisuu

Gocha 1

Hojii og-aartiiwwanii keessaa tokko filachuun erga qopheessitanii booda gareen ta'uun dareef dhi'eessaa.

Og-aartiiwwan ga'ee fi barbaachisummaan hawaasaafi aadaa hawaasichaa ibsuu keessatti qaban olaanaadha. Hojiiwwan gurguddoo kan akka tamsaasa kallattii, waltajjii garaagaraa, waraabbii sirbaa, sagantaa televiisiyoonaa, qophii tiyaatira dhimma hawaasummaa, waltajjii og-argaan midhagsuu, giddu-gala bashannanaa, sirbaafi shubbisaa bu'aa og-aartiiwwaniiti. Akkasumas, og-aartiiwwan walitti dhufeenya keenya kan ittiin cimsinu, ibsinuufi qaama jiruufi jireenya keenyaati.

4.1.1 Faaya aadaa Oromoo

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Faaya keessaa murasa isaanii nihubatta.
- Hiika faayaa ni himta.
- Ilaalcha hawaasni faayaaf qabu nihubatta.

Marii 1

1. Faayaa jechuun siif maali?
2. Maal fa'tuu faayama?
3. Faayamuun yookn faayi maaliif barbaachisa?
4. Faayamuu ni jaallatta?
5. Faalla faaya yookn miidhaginaa maali?

Gaaffileewwan asiin olii erga irratti mari'attaniin booda dareef dhiyeessaa.

Faayi miidhaginni hawaasumma kan ibsamu akkataa itti homishuu, iitti dhiyeessu yookn hiikka itti laatu beekumsa kalquuf hawwasicha qabuun kan wal qabatuudha. Uummanni Oromo seenaaf haala qabatamaa mul'atu keessatti bakka jireenya isaa, meeshaa itti fayyadamu, ijaarsafi qaama namaa dabalatee faayuun itti gargaarama ture, ittis gargaarama jira. Faayaa kanas halluu wantoota naannoo isaatti argamuu isaa tolfachuun itti dibuu, cuubuun, itti biifuunfi ittin tumachuun dhimma itti ba'aa akka ture hubachuun ni danda'ama. Wantoonni yoo miidhagan, ijafi miira namaa Harkissu yookan ofitti nama hawwata. Faayidaan miidhagiinaas miirafii yaada nama gara posotiviitti jijjiruun nama gammachiisa bashanaansiisaas. Namni miidhaginaa kan hawwatamuu currisaafii humna afuuraatiin ofitti nama hawwata. Kanaafuu gatiin yookan ilaalchi dhalli namaa miidhagnaaf qabu akka salphaatti kan ilaalamuu miti.

Hawaasni keenyaas wantoota asiin olitti eeraman kanatti dhimma bahuun yeroo garaagaraafi bakka adda addaatti qopheessuun dhimma itti bahaa turaniiru. Keessuma mana jireenyaa isaanii miidhagaafi hawwataa taasisuuf wantoota naannootti argatan irraa qopheessuun ittiin midhagfachaaw turaniiru. Akkasumas, qaama isaanii miidhagfachuuf jecha barruu harka isaaniifi faana miila isaanii dibachaa turaniiru, dibachaas jiru. Akka fakkenyaati muraasa isaa yoo fudhannee yoo ilaalle aadaaniif akkataa ittin wantoota faayaan bakka bakkatti garaa garummaa ni qabaata. Wantoonni faayamanis heeddudha isaan keessamuraasni:

- Faaya
- Uffannaa aadaa
- Faaya qaama irraa(tumaa)

Faayi bareedina, wantoonni kan faayamaniis ijaafii miira namma akka hawwataniif, kanaaf dhalli namaa gattii, leecalloonniif yeroo itti ba'uusuun ofiifi meeshalee ofii faaya. Wanta bareeduuf qalbii nama hawwatuu waliin turuun nama hin nuffisiisu. Kanafu, midhagiin dabaluuf faaya harkatti qabatamu, kan hidhatamu, gurratti rarraafamu, ijaafi afaanitti dibatamu, uffata irratti tolfamufii

kannen biro kaasuun ni dhanda'ma. Meeshaaleen kanneen bituufiis gatiin itti ba'u guddaa wanni ta'uuf ilaalchi bardinaaf qabnuu cimaa waan ta'eefidha.

Marii

1. *Naannoo keetitti faaya aadaa maal-faa beekta?*
2. *Yeroo amma kana faayi ammayya maal faadha?*
3. *Faaydaan faaya kanneni maali? gaaffilee asiin olii irratti hiriyyoota keessan waliin mari'achuun dareef dhiyeessaa.*

Uffannaa Aadaa

Akka naannoo Oromiyaattu uumman Oromoo tokko yoo ta'eellee akkataa ittin isaan uffataniifii uffanaan aadaa faayatan akka goodinaaf walitti dhiyeenyatti garaa- garummaa ni qabu. Inni kungsi bareedin yookan garaa-garummaa tokkumaa keessatti jiru kan agarsiisudha. Yeroo ammaa kana namni baayyen yeroo uffannaa aadaa bitatu kan Walloo, wallagga, Shawaa, Jimmaa Iluubaabor, Arisii-Baalee, Harargee, Booranafi Gujii jechuun gaafata. Inni kunis biffa itti fayyadamanii fi akkataa ittin faayantu garaa garummaa tokkummaa keessa sana fida malee martuu uffannaa aadaa Oromooti. Garaa garumman kun harmonii mataa ofiis qaba. Inni kun mataadhuma isaattuu miidhagina uummatichatti jechuun.

Uummamumaan dhala namaa bira moonoon nuffisiisadha. Kanaaf meeshaan faayaa hawwasin Oromoo itti fayyadamma jiru akkataa adda addaatiin waan qindaa'uuf ni bareeda malee nama hin nuffisiisu. Isa kanas hubachuu kan dandeenyu sirna yookan hayyaana uummanni Oromoo irratti wal ga'uu kanneen akka Hayyaana irreechaa irratti faaya hawaasichii fayyadamaa jiruu akaakuu eeduun akka qophaa'ufii kun immoo hawwattuumma sirnichaa akka dabalu waan wal nama gaggafachiisuu miti.

Gocha.. Uffannaa aadaa godiinaale Oromiyaa erga hubatee ilaaltee booda kan godiina muraasaa filachuun dibaa haalluutiin hojjedhuu agarsiisi.

Wantootaa faayaman keessaa tokko yookan fakkeenyaatti kaasuun yoo barbaachise kanneen akka mana, kursii/teessumaa, meeshaa aannanii, meeshaa dhadhaa, kan dhangaan adda addaa ittin dhiyaatu, uffataafi qaama namaas miidhaqsuun ni jira.

Faaya qaamarraa

Kanneen keessayiis qaama miidhagfachuun yoo fudhannee ilaale, dhalli namaa miidhagee mul'achuuf jecha qaama irratti wantoota adda addaa dibachuu, hidhachuu, tumachuun miidhaginaafii hawwattuuma ofitti dabalaa ture, ammas kanuma gochaa jira. Inni kunis bakka bakkatti garaa garumma yaaqabatuu malee mala aadaatiin anga hammayyaatti itti fufetuma jira. Leecalloofi gatiin miidhaginaaf ba'us tarii kan akka salphaatti ilaalamuu miti. Qaama miidhaqfachuun kallattii aadaatiins ta'ee kallattii amantaatiin ni rawwatama. Akkusumas eenyumma nama, sabaa kutaa hawasaa irratti hunda'uun garagarummaa ni qabaata.

Gocha 2

1. Naannoo keettitti qaama irratti faaya akkamii faatu tolfama?
2. Faaya kanneen kutaa hawasaa akkamii akka tolchuuf itti fayyadamu gabaasi.
3. Faaya aadaafi kan ammayyaa kan jedhamuu kan akkamii faadha jetteetu yaadda?
4. Ilaalcha yookan fudhannan hawasiin faayyaf qabu maal fakkataa?

4.1.2 Muuziqaa Aadaa Kunuunsuufi Cimsuu

Gocha 3

- Muuziqaafi Shubbisa aadaa hawaasichaa kunuunsuu, cimsuufi ittifayyadamuun maaliif barbaachisa?
- Muuziqaan aadaa akka hin banneef kunuunsinee cimsuuf maaltu nurraa eegama?
- Muuziqaa aadaa naannoo keessan jiru erga tarreessitanii booda tokko gochaan agarsiisaa.

Ummanni Oromoo bara durii irraa eegalee muuziqaa aadaa kan ofii itti fayyadamaa tureera. Muuziqaa aadaa kana yeroo itti fayyadamu meeshaalee muuziqaa aadaa kan wantoota naannoo isaatti beekamu irraa tofatanitti fayyadamanii muuziqicha miidhagsanii yeroo qophii gargaraa itti fayyadamaa tureera, ammas itti fayyadamaa jira. Muuziqaan aadaa ummata Oromoo kun ibsituu aadaa, seenaa, duuhaafi eenyummaa isaa ta'ee beekama. Kana faanaa immoo kan beekamu uffannaa aadaati. Muuziqaan aadaa Oromoo yeroo ka'u hunda uffanni aadaa saba kanaa caalatti muuziqaa kana midhaksuuf biraa hinhafu. Muuziqaan aadaa ummanni Oromoo bara durii irraa kaasee itti fayyadaamaa tureefi ammas itti fayyadamaa jiru kannee akka:

Sirba Gadaa, sirba cidhaa, sirba hojii, geerarsa, faaruu loonii, weedduu daa'immanii, sirba giiftiifi kkf yoo ta'u muuziqaan kunnin hundi isaanii yeroo taphataman bakkaa bakkatti garaagarummaa qabaachuu danda'a. Inni kun immoo ummanni Oromoo beekumsaafi falaasama mataa ofii kan yoomiyyuu hin dagatamneefi hintuffatamne qabaachuu agarsiisa. Qophii muuziqaa aadaa kana keessatti akkuma akaakuu isaatiin shubbisni ittiin dhiyaatus garaagarummaa qaba.

Muuziqaan aadaa ummanta Oromoo kun bara durii irraa kaasee dhalootaa

dhalootatti darbaa har'a kan ga'e yoo ta'u ummanni Oromoo ogeessa muuziqaa saayinsii hammayyaa osoo hin baratin muuziqaa ofii sagalee, sochiifi meeshaalee muuziqaatiin qindeessee itti fayyadamaa ture ta'uu nutti agarsiisa.

Yeroo ammaa kana garuu muuziqaan aadaa kan hammayyaatiin liqinfamee hawwattummaafi duudhaan isaa faalamaa jira. Kun immoo muuziqaa aadaa saba kanaa akka dagatamuufi badu taasisa waan ta'eef namni kamuu muuziqaa aadaa ofii kunuunsuu, cimsuufi itti fayyadamuu qaba.

4.2. Hojiiwwan Xabboo Tiyatiraa

Beekumsi xabboo, akaakuu aadaa hawaasaa yoo ta'u, ayyaanaafi ayyaaneeffannaa, sheekkoo, himamsa dur duriifi ta'iiwwan jiruuf jireenya hawaasaa kan darbeefi haala amma jiru kan beeksisudha.

Parfoormaansiin beekumsa xabboo, akkuma salphaatti kan duriifi kan ammayyaa jechuun qoodamuu nidanda'u. Garuu, beekumsi xabboo barmaatilee aadaa bu'uura godhachuun hawaasni ittiin jiraataa ture irraa dhalootatti darbaa kan dhufedha.

Hojiiwwan xabboo og-tiyaatiraa yemmuu jennu, bu'uura hojii tiyaatiraa, duudhaa, afoola, seenessa, aadaa, hawaasa tokkoo irratti hundaa'uun barreeffamee argamu. Akkuma kutaawwan darban keessatti seenaa tiyaatiraa barattan, bu'uurri tiyaatira addunyaa beekumsa xabboo hawaasichaa akka ta'e hubattanii jirtu. hojiiwwan tiyaatiraa biyya keenyaa keessattis beekumsa xabboo sirna fuudhaaf heerumaa, sirna araara buusuufi kkf irratti hundaa'uun kan hojjetaman hedduudha. Garuu akka og-tiyaatira afaan Oromootti, hojiin og-tiyaatira beekumsa xabboo irratti hundaa'uun barreeffame tiyaatira **Gumaa** jedhama.

Parfoormaansiin beekumsa xabboo haala asiin gadii kanaan ibsamuu danda'a:

- Taphee
- Shubbisa
- Parfoormaansii
- Qophii/directing

Parfoormaansiin beekumsa xabboo, foormiifi haala qophii diraamaa guutumatti of keessaa qaba. Isaanis:

Tiyatira karaarraa/ street theatre

- Tas-taphe
- Dubbisa

- Ayyaaneeffannaa
- Parfoormaansii Shubbisaa
- Parfoormaansii diraamawaa
- Feestivaala

Walumaa galatti, Parformaansiin beekumsa xabboo ogeessoota garagaraa hirmaachisuun kan hojjetamudha.

Agarsiisni parfoormaansii xabboo akaakuu og-aartiiwwanii baay'inaan of keessatti qabata. Isaan keessaas: muuziqaa, bartaphee qindaa'aafi kanneen kana fakkaataniidha.

Amaloota parfoormaansii beekumsa xabboo

Agarsiisni beekumsa xabboo, biyyootaafi saboota garagaraa keessatti tatamsaasuun aadaa hawaasa tokkoo beeksisuufi babal'isuu keessatti bakka guddaa qaba.

Amaloota gurguddoo parfoormaansii beekumsa xabboo jedhamuun kan beekaman:

- Aadaafi heera haaromsuufi barsiisuu,
- Kabaja ayyaanootaa,
- Seeneessa/sheekkoo
- Afaan hawaasa tokkoo guddisuu
- Bashannansiisuu
- Muuxannoo namoota dhuunfaa tursiisuu/waraabuu fi agarsiisuu
- Muuxannoo beekumsa xabboo waliinii tursiisuufi ifa baasuu
- Beekumsa xabboo hawaasa tokkoo ummata bal'aatti agarsiisuu

Parfoormaansiin beekumsa xabboo, hambaawwan aadaa kan darbe, kan jiruufi fuuldura kan dhufu mala ittiin agarsiisnudha. Parfoormaansiin beekumsa xabboo iddoo adda addaatti gaggeeffamuu kan danda'u yoo ta'u, galma tiyaatiraa fi karaa irratti agarsiifamuu danda'a.

Akkuma kutaawwan darban keessatti barachaa turtanitti, parfoormaansiin beekumsa xabboo ‘Diraamaa Aadaa’ jedhamuun beekama. Kanaafuu, diraamaan aadaa kun hambaawwan aadaa kanneen akka: weedduu/faaruu, shubbisa, seeneessa akaakuu tokko irratti hundaa’ee seenessuufi kkf.

Ulaagaalee bu’uuraa irratti hundaa’uun, hambaawwan aadaa eeguun ni danda’ama. Ulaagaaleen kunis:

- Kabajuu
- To’annoo beekumsa xabboo
- Ibsa, guutummaa, dhugummaa
- Iccitiifi ofitti amanamummaa
- Amala
- Aadaa bade deebisuu
- Itti fufiinsa aadaa

Kanatti aansuun, tokkoon tokkoon ulaagaalee kana jalatti itti fayyadamiinsa haambaawwan meeshaalee aadaafi walitti dhufeenya taatoota parfoormaansii beekumsa xabboofi hawaasa gidduu jiru ilaalla.

Kabaja

Namni beekumsa xabboo irratti hojjetu kamuu meeshaalee hambaawwan aadaafi hawaasa beekumsa sanaa kabajuun barbaachisaadha. Kanaaf, ulaagaa kabajuu jedhu kana hordofuu qabu. Kan biraan, biyya beekumsa xabboo sana keessaa fudhataniif beekamtii kennuu barbaachisaadha. Yeroo agarsiisa yookiin feestivaala aadaa qopheessuuf karoorfannetti, eeyyama manguddoo biyyaa yookiin namoota beekumsa aadaa sanaa qabanii argachuu qabna.

Erga eeyyama arganneen booda, iddoo agarsiisni itti raawwatamu hundatti namoota beekumsa aadaa qabaniifi biyya sanaaf beekamtii kennuun barbaachisaadha.

Aadaan xabboon barbaachisummaa beekumsa xabboo bakka bu'uu nidanda'a. Garaagarummaa aadaa fudhachuufi kabajuun agarsiisa beekumsa xabboo keessatti bakka guddaa qaba.

To'annoo beekumsa xabboo

Hawaasni tokko aadaafi meeshaalee hambaawwan aadaa isaa irratti murteessuuf mirga guutuu qaba. Guddinaafi hojiiwwan diraamaa keessatti, maloonni mirgi hawaasaa kun ittiin kabajamu hedduudha. Kunis hojii diraamaa keessatti eenyutu bakka bu'a jedhanii adda baafachuu, namota sirriitti beekumsa qaban adda baafachuun odeeffannoo sassaabachuu, hambaalee meeshaawwan aadaa hiika garagaraa waan qabaniif, agarsiisa keessatti kan ittiin fayyadamnu adda baafachuufi kkf.

Parfoormaansii Diraamaa Aadaa

Agarsiisni diraamaa aadaa yookiin beekumsa xabboo dhugummaafi guutummaa hojii sanaaf bakka guddaa qaba. Fakkeenyaaf: yeroo weedduun weeddifamu yookiin beekumsi xabboon agarsiifamu, aadaafi afaan hawaasa sanaatiin ta'uun isaa amala weedduu yookiin aadaa sanaa akka jirutti dhiyeessuun, ergaa dabarsuu barbaadame akka galumsa isaatti dabarsuuf iddoo guddaa qaba.

Barbaachisummaa Beekumsa Xabboo

Beekumsi xabboon gama Leeccalloo/diinagdee, hawaasummaafi aadaatiin faayidaa guddaa qaba. Bekumsii xabboon parfoormaansii tiyaatiraatti yommuu jijjiiramu, faayidaawwan asiin olitti maqaa dhahaman kanniin sirriitti ibsuu danda'a.

A. Faayidaa diinagdee keessatti qabu

Beekumsa xabboo tiyaatiraan agarsiisuun, akkuma og-aartiiwwan kan biroo galii irraa argachuun ni danda'ama. Galiin argamu faayidaa nama dhuunfaa irraa eegalee, hawaasaafi akka biyyaatti guddina diinagdee keessatti bakka guddaa qaba.

B. Faayidaa hawaasummaa

Agarsiisni parfoormaansii beekumsa xabboo walitti dhufeenya ummattootaafi hawaasa gidduu jiru cimsa. Kana malees, ogeessota beekumsa xabboo hawaasa (abbaa aadaa sanaa ta'an) walitti fiduufi hariiro cimsa. Hawaasni tokko isa biraa akka kabajuufis gahee guddaa qaba.

Hojiin Og-aartiiwwanii nama namummaa isaatiin wal-qixa waan hirmaachisuuf, parfoormaansii beekumsa xabboo keessatti, qaama miidhamtoonni, dubartoonni, dargaggoonni, daa'immaniifi jaarsooliin hunduu wal-qixxummaan keessatti hirmaatu. Kanaaf, hawaasummaa wal-qixxummaan keessatti dagaage ijaaruu keessatti shoora guddaa qaba.

C. Faayidaa aadaa keessatti qabu

Beekumsi xabboo akkuma asiin olitti mata dureewwan garagaraa jalatti ilaalaa turretti, walii gala aadaa hawaasaa irratti hundaa'a. Kanaaf, aadaa hawaasa tokkoo wal-tajjiitti agarsiisuun aadaafi beekumsa hawaasa Sanaa addunyaatti mul'isuun dagaagsuu keessatti gahee guddaa qaba.

Cuunfaa Boqonnaa 4

- Uummanni Oromo seenaaf haala qabatamaa mul'atu keessatti bakka jireenya isaa, meeshaa itti fayyadamu, ijaarsafi qaama namaa dabalatee faayuun itti gargaarama ture, ittis gargaarama jira.
- Faayi. wantoonni yoo miidhagan, ijafi miira namaa harkisu yookan ofitti nama hawwata.
- Hawaasni Oromoo mana jireenyaa isaanii miidhagaafi hawwataa taasisuuf wantoota naannootti argatan irraa qopheessuun ittiin midhagfachaa turaniiru.
- Uffanni aadaa Oromoo godinaalee adda addaatti garaagarummaa niqabu.
- Beekumsi xabboo akaakuu aadaa hawaasaa tokko.
- Agarsiisni parfoormaansii xabboo akaakuu og-aartiiwwanii baay'inaan ofkeessaa qaba.
- Garaagarummaa aadaa fudhachuufi kabajuun agarsiisa beekumsa xabboo keessatti bakka guddaa qaba.

Gilgaala Boqonnaa 4

I. Gaaffilee asii gadii yoo sirrii ta'an **"Dhugaa"** yoo sirrii hin ta'in immoo **"Soba"** jechuun deebisi.

1. Faaya jechuun gatii midhaaginnaaf uummatni kennuun of bareechaniidha.
2. Meeshaaleen aadaa akka faayaatti gargaaraman baay'een isaanii meeshaalee naannoo irraa argamaniin hojjatama.
3. Og-aartiiwwanaadaa hawaasaa beeksisuu keessatti gahee olaanaa qaba
4. Beekumsi xabboo og-tiyaatira waliin hariiroo hinqabu.
5. Irreechi beekumsa xabboo saba hundaati.

II. Gaaffilee asiin gadii deebii sirrii ta'e filachuun deebisi.

1. kanneen asiin gadii keessaa faaya qaama irratti hojjatamu midhaagsuuf kan tajaajilu isa kami?

A. halluu	B. uffanna
C. meeshaalee ulfoo	D. Deebiin hin kennamne.
2. Uummanni Oromoo haala ijaarsa manaa ijaaruufi midhaagsuun waggaa dheeraa lakkofsiiseera.

A. Dhugaa	B. Soba
-----------	---------
3. Kamtu faayidaa beekumsa xabboo og-tiyaatira miti?
 - A. Diinagdee guddisuu
 - B. Aadaa ummataa babal'isuu
 - C. Siyaasa hawaasa tokkoo ibsuu
 - D. Duudhaa hawaasa tokkoo maqsuu
4. Amaloota parfoormaansii beekumsa xabboo kan ta'e kami?
 - A. Kabaja ayyaanootaa
 - B. Afaan hawaasa tokkoo guddisuu
 - C. Bashannansiisuu
 - D. Hunda

BOQONNAA 5

Hojiirra Oolmaa Og-aartiiwwanii

5. Hariiroo Og-aartiiwan Dhimmoota Bilbiltuu Waliin Qabu

Bu'aawwan Barannoo Boqonnaa kanaa:

Xumura Barannoo Boqonnaa kanaatti:

- Hiika ogummaa miidhaginaa adda nibaafatta.
- Biyyee suphee irraa wantoota garagaraa nihojjetta.
- Hariiroo og-aartiiwwan akaakuu barnoota biroo waliin qaban nihubatta.

Seensa

Biyyeen suphee jiruufi jireenya dhala namaa keessatti ga'ee gudda taphachaa kan ture, taphachaas jirudha. Dhalli namaa bara durii jalqabee jiruufi jireenya isaa mo'achuuf wantoota meeshaa irraa oomishate ittiin tajaajilamu keessa inni jalqabaa biyyeen suphee isa murteessaadha. Biyyeen suphee akaakuuwwan garaagaraa qaba. Akaakuu isaa irratti hundaa'uun faayidaan isaa, akkaataan hojii isaa, sadarkaan jabinaa fi tajaajilli isaan oolaniifis akkasumas garaagara.

5.1. Hojiirra oolmaa ogummaa suphee dhahuufi miidhagsuu

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate barattoonni gonfachuu qaban:

Xumura barnoota mata duree kanaatti:

- Akaakuuwwan biyyee suphee, hojii biyyee supheef oolu nihubatta.
- Akkaataa oomishni biyyee suphee itti miidhagu nihimta.

Ogummaawwan ilmi nama bara durii irraa eegalee jiruufi jireenya isaa hawwataafi mijataa taasisuuf wantoota adda addaa irraa dalagaa ture keessaa tokko ogummaa hojii biyyee supheeti. Ogummaan biyyee suphee ogummaa turaa ilmi namaa wantoota adda addaa kanneen akka: mi'oota manaa hojjechuu, ijaarsa manaafi kan kana fakkaataniif itti tajaajilamaa ture ta'ee, yeroo ammaa immoo daran babal'isuun meeshaalee garaagaraa hojjechuun itti tajaajilamaa kan jirudha.

Mi'oonni manaafi wantootni adda addaa biyyee suphee irraa dalagaman: Mi'oota mana keessaa (kanneen akka: jabanaa, okkotee, eeleefi kkf.) fi wantoota ijaarsa manaafi hojii daandiif oolan (kanneen akka teeraazoo, xuubiifi kkf) dha. Fakkeeniyota kanaa ala faayidaa hojiin ogummaa biyyee suphee qabu hedduu kaasuu nidandeenya. Akka naannoo keenyaattis ta'e, biyyaatti amma bu'aan hojiilee biyyeen suphee irra jiru kan durii waliin walbira qabnee yeroo ilaalle garaagarummaa qabaatus, sababoota ilaalchaafi fedhii uummanni hojii sanaaf qabu irraan kan ka'e hanga guddachuu qabu osoo hin guddatiin tureera.

5.1.1 Bu'aa Hojii suphee miidhagsuu

Aartiin miidhaginaa hojii saxaxaafi bareedina meeshaalee waliin hidhata qabu ta'ee, keessumaa qulqullina miidhagina meeshaleen sun qaban caalaa sababa faayidaa qabeessummaa isaaniin gatii qabeessa kan ta'an jechuudha. Artiin kun irra caalaatti hawwannaafi barbaadamummaa mi'a sanaa dabaluufi akkasumas

wantootaa adda addaa ergaawwan aadaa, duudhaa, amantaafi kan kana fakkaatan irratti dabalamanii hojjetamuun isaanii kabaja/ fudhatamummaa mi'a sanaa dabaluu. Wantoota/ Mi'oota oomisha suphee ta'an akkaataa garaagaraan miidhagfamuu nidanda'u. Akkaataawwan ittiin miidhagfamuu danda'an keessaa muraasni:

- Halluu dibuu
- Cululuqsuu
- Soofuu
- Vaarnishii dibuu

A. Halluu Dibuu

Halluu gargaaramuun meeshaalee biyyee suphee irraa hojjetaman miidhagsuun bara durii irraa eegalee kan hojjetamaa tureefi baay'ee beekamudha. Jalqaba erga meeshaan sun ibiddaan siileffameen booda halluu gargaaramuun wanti adda addaa erga irratti hojjetamee miidhagfameen booda, akkan cululuqu taasifama. Adeemsa kana keessatti halluuwwan garaagaraa jijjiiramuu nidanda'u.

B. Cululuqsuu

Tooftaa miidhaginni biyyee suphee ittiin hojjetamu keessaa isa baratamaa ta'edha. Sababii ibiddaan siileffamuuf, baay'ee walitti shuntuuruu isaa irraa kan ka'e bishaan waan ofitti hin xuuxneef meeshaalee suphee irraa hojjetaman salphaatti akka hin cabne taasisa.

C. Soofuu

Aalbeefi Meeshaalee sasalphaa adda addaa gargaaramuun wantoota biyyee suphee irraa hojjetaman soofuun saxaxa garaagaraa irratti hojjechuun, miidhagsuun ni danda'ama. Irra caalaatti tooftaan kun osoo biyyee supheen irraa hojjetame hin gogiin yoo ta'e gaarii ta'a.

D. Vaarnishii Dibuu

Dura erga ibiddaan siileffameen booda wantoota barbaachisaa hin taane yeroo hojjennu kan qaama meeshichaa irra jiru, dhagaa, mukaafi sibiila gargaaramuun erga sirriitti irraa soofamee yookiin rigameen booda vaarnishii dibama.

5.2 Hariiroo Og-aartiiwwan barnoota biroo waliin qabu

Marii 1

Faayidaafi walitti dhufeenya barnoonni og-argaa barnoota biroo waliin qabu garee gareen mari'adhaa.

Hidhata og-aartiiwwanii barnoota kan biroo waliin qabu jechuun hariiroo og-aartiiwwan (muuziqaa, tiyaatara, shubbisa, og-argaafi kan kana fakkaatan) barnoota kan biroo herrega, saayinsii uumamaa, saayinsii hawaasaa, afaanifi kan kana fakkaatan waliin qabu jechuudha.

Faayidaan og-argaa barnoota biroo barachuus ta'e barsiisuu keessatti qabu hedduu akka ta'e barattanii jirtu. Barnoota sadarkaa gadii eegalee hanga sadarkaa ol aanaatti jiru milkeessuu keessatti shoora guddaa qaba. Faayidaalee og-argaan barnoota biroo barsiisuu keessatti qabu keessaa akka fakkeenyaatti, barnoota saayinsii uumamaafi saayinsii hawaasaa barsiisuu keessatti qabu fakkeenya fudhannee haa ilaallu.

- Barnoota saayinsii naannoo keessatti:

Akka fakkeenyaatti qabiyyee saayinsii naannoo kutaa 1-4 tti baratamu keessaa tokko waa'ee qaamolee miiraati. Qabiyyee kana daa'imman hubachiisuuf fakkii qaamolee miiraa agarsiisan gargaaramuun daa'immaniin waa'ee qaamoolee miiraa isaaniifi faayidaa qaamooleen miiraa qaban hubachiisuun nidanda'ama.

Dabalataan saayinsii waligalaa keessatti waa'ee caasaalee bullaa'insa nyaataa, lafeewwan qaama namaa, caasaalee onnee namaa, sombaa, kalee, sammuu fi kan kana fakkaatan barsiisuuf jechaan qofa gargaaramuun osoo kan barsiifamu ta'e hubachuun ni ulfaata. Garuu tokkoon tokkoo isaa fakkii irratti ilaalaa yeroo baratamu salphaatti hubachuun nidanda'ama,

Akkasumas, qabiyyee saayinsii naannoo kutaa 1-4 tti baratamu keessaa tokko waa'ee naannoo isaanii beekuudha. Naannoo isaanii beekuu yeroo jedhu ganda, aanaafi naannoo jechaa akkaataa sadarkaa isaaniin adeema. Kana keessatti fakkii yookiin kaartaa gargaaramuun daa'imman akka argama naannoo yookiin aanaa, godinaafi naannoo isaanii hubatan gochuun barattoonni caalaatti akka naannoo isaanii adda baafatan isaan gargaara. Akkasumas kallattiileefi aanaa, godinaafi naannoolee ollaa isaaniitti argaman caalaatti hubachiisuuf nigargaara.

Dabalataan saayinsii waliigalaa kutaa shanii ol keessatti immoo qabiyyeen barnoota barattootaa hanguma bal'achaa adeemuufi naannoo isaaniitti kan beekan irraa gara naannoo yookiin waan haaraa baruutti akkuma deemu fakkiiwwaniifi kaartaa adda addaa gargaaramuun baay'ee barbaachisaadha. Fakkeenyaaf haala qubsuma uummata afrikaa, addunyaa, haala qilleensa baramaa, Waa'ee baqqaana lafaa, qaama bishaanii, albuudotaafi kan kana fakkaatan barsiisuufii hubachiisuuf fakkii yookiin kaartaa gargaaramuun dirqama. Kanaaf, og-argaan akaakuuwwan barnoota biroo milkeessuu keessatti gaheen inni taphatu ol aanaadha.

Gocha 1

1. Hariiroon og-aartiiwwaan akaakuu barnoota biroo waliin qabu maal jettee yaadda?
2. Ga'ee barnoonni muuziqaa barnoota kanneen biroo waliin qabu tarreessuun fakkeenya fudhadhuu shaakalii daree keef dhi'eessi.
 - a. Muuziqaafi Herrega
 - b. Muuziqaafi Afaan
 - c. Muuziqaafi Saayinsii Naannoo
 - d. Muuziqaafi Fayyaafi Jabeenya Qaamaa
 - e. Muuziqaafi Siyaasa

5.2.1. Hariiroo Og-tiyaatirri Barnoota Fayyaafi jabeenya qaamaa waliin qabu

Og-aartiiwwaan akaakuu barnoota baayyee waliin walitti hidhata qaba. Kana jechuun

og-aartiiwwaan fayyadamnee waan barbaanne bashannansiisaa osoo namni hin nuffin barsiisuu dandeenya jechuudha. Mata duree kana jalatti hariiroo barnoota fayyaafi jabeenya qaamaafi tiyaatirri waliin qaban kan ilaallu ta'a.

Bartapheen tiyaatiraa tokko barreeffamee taatootaaf erga kennamee booda waltajjiirratti daawwatoota bira gahuuf shaakala baay'ee keessa darba. Adeemsa shaakalaa kana keessatti waltajjiirratti bahanii shaakala osoo hinjalqabin dura taatonni dursa qaama ho'ifachuu qabu. Erga qaama ho'ifatanii booda akka sagaleen isaanii qulqullaa'ee dhagahamuuf sochii qaamaafi shaakala sagalee hojjechuu qabu.

Shaakalaa hojii fiilmiifi tiyaatiraa keessatti taatotni osoo gara hojiitti hin seeniin dura, qaama isaanii cimsuu, jabeessuu, taatotni akka fedhanitti qaama isaanii ajajuuf yoo shaakala sochii qaamaa taasisanidha.

Sochiin qaamaa taatoon tokko nam-fakkii bakka bu'ee qaama isaatiin, sagaleen waan hundaanuu akka fakkaatti bakka bu'e sanaatti ta'ee argamuuf sochii qaamaa isa barbaachisa. Taatoonni sochii qaamaa hojjechuun hojii Og-tiyaatiraa keessatti dirqama. Akka barbaadanitti qooda fudhatanii taphachuuf sochiin qaamaa isaan cimsa.

Qaama ho'ifachuu

Utuu sochii bu'uuraa shaakala qaamaa hin eegaliin dura qaama ho'ifachuun baayyee murteessaadha. Namni tokko yoo qaamaa isaa utuu hinho'ifatiin dirree tapha ispoortii kan seenu ta'e akka salphaatti miidhaa maashaalee qaamaa adda addaan hubamuu nidanda'a. Kanaaf, qaamaa ho'ifachuun shaakala sochiilee adda addaa eegaluun faayidaalee hedduu qaba isaanis:

- Tempericheeraa (ho'insa) qaamaa dabaluun qaamni keenya akka si'atu taasisa.
- Sochii itti aanee dhufuuf qaamniifi sammuu keenya sirritti akka qophaa'uuf gargaara.
- Adeemsa humna qopheeffachuu qaamaa ni ariifachiisa (energy production)
- Dandeettii raawwachiisummaa maashaa qaamaa ni dabala
- Dhahannaan onnee dabaluun ammi dhiigaa qaama keenya barbaachisu ariitii barbaadameen qaamaa dalagaarra jiru akka dhaqqabu taasisa.
- Qaamni keenya akka diddiriiruufi si'aayina olaanaa akka qabaatu taasisa.

Walumaagalatti, sochiin qaamaa taatotaaf:

- Sagalee qulqulleessa
- Irree diddiriirsa
- Irree jabeessa
- Gammachuun akka taphatan taasisa
- Danqama qaamaa hambisa
- Qaamaa isaanii akka fedhanitti akka ajajan taasisa
- Madaala qaamaa isaanii akka eeganiif gargaara
- Dhiphina sammuu hambisa
- Fedhii ofii qaamaan akka ibsan taasisa
- Qaamni fayyaaf nagaa akka qabaatu gargaara.

Walumaa galatti, sammuu, ija, harka. Miila, somba, sagalee, dugda, morma, mataa, arraba, mangaagaafi kanneen kana fakkaatan hundi taphattoota tiyaatiraatiif meeshaa guddaa waan ta'aniif ispoortii qaamaa kennuun taphattootaaf baayyee gargaara.